# RAKKOO DANDEETTII DUBBISUU BARATTOOTA AFAAN OROMOO: MANA BARUMSAA BIIFTUU GIDDAA SADARKAA LAMMAFFAA KUTAA KURNAFFAA

**YUUNIVARSIITII WALLAGGAA**
**MANA BARNOOTAA QORANNOO EEBBA BOODAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA GUUTTACHUUF QOPHAA'EE INISTITIYUTII QO'ANNOO AFAANOTAAFI GAAZEXEESSUMMAA MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

**QORATAAN: GERMOOSAA CAALII**
**GORSAAN: MARGAA GAMMADAA (PHD)**

**CAAMSAA, 2021**
**NAQAMTEE, OROMIYAA**

Rakkoo Dandeettii Dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo: Mana Barumsaa Biiftuu Giddaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa Kurnaffaa

Germoosaa Caalii Lamuutiin

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'ee Inistitiyuutii Qo'annoo Afaanotaafi Gaazexeessummaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruuf Dhiyaate

Gorsaa: Margaa Gammadaa (PhD)

Caamsaa, 2021

Naqamte, Oromiyaa

## Galata

Hundumaa dura galanni Waaqayyoof haata’ut. Itti fufees, hojii qorannoo kanaa milkeessuuf beekumsaafi ogummaa qabaniin gorsa barbaachisu maraan kan nadeggeraa turan gorsaa koo kabajamoo Dr. Margaa Gammadaa nan galateeffadha. Akkasumas, barsiisotaafi barattoota nuffii tokko malee ragaa barbaachisaa naaf kennaniif galanni koo guddaadha. Itti dabalees, ergan barnoota kiyya eegalee jalqabanii hamma ani hojii qorannoo kana xumurutti deggersa maallaqaafi gorsa abbummaa kan jaalalaan guuteen nabira dhaabachuu isaaniitiif maatii kootiifi hiriyoota koo cimsee nangalateeffadha. Xumura irratti, namoota hojiin qorannoo kootii akka milkaa’uuf deggersa naaf godhan hundumaan galatoomaa jedheera.

## Tartiiba Gabateewwanii

Gabatee 1: Rakkoo karooraa, haalaa, sadarkaa dubbisaafi gahumsaa ----------------------------------26
Gabatee 2: Rakkoo qajeelfamaa, deggersaafi fayyadama jechootaafi sagaleelee ----------------------28
Gabatee 3: Hariiroofi haala qophii dubbisa kennamuu----------------------------------------------------30
Gabatee 4: maatii hinbaratiniifi sadarkaa mana barnootaa ----------------------------------------------32
Gabatee 5: Rakkoo ergaa dubbisa kennamee hubachuu ---------------------------------------------------34
Gabatee 6: Dhimmota dubbisaan walqabatan ----------------------------------------------------------------36
Gabatee7: Hanqina barataafi barsiisaa-----------------------------------------------------------------------39
Gabatee 8: Dubbisanii Hubachuu Barattootaa ---------------------------------------------------------------40
Gabatee 9: Dalagaalee Tarsiimoo Dubbisuu Keessatti Raawwataman Hubachuu ---------------------42
Gabatee 10: Dalagaalee Mirkaneeffachuu ---------------------------------------------------------------------44
Gabatee 11: Qabiyyeewwan dubbisaaf dhihaataniifi Gochaalee kennaman -----------------------------45
Gabatee 12: tarsiimoo dubbisuu barsiisuu ----------------------------------------------------------------------46
Gabatee 13: Gochaalee Yeroo Dubbisuu-------------------------------------------------------------------------54
Gabatee 14 Tarsiimoo Dubbisa Booda Hojiirra Oolan ------------------------------------------------------57
Gabatee 15: Keeyyata, Himoota, Jechoota dubbisiisuu -----------------------------------------------------58
Gabatee 16: Barreeffama garaagaraa dubbisiisuu -----------------------------------------------------------59
Gabatee 17: Adeemsa raawwii dubbisuu-------------------------------------------------------------------------61
Gabatee18: Dubbisuu barattootaa jajjabeessuu -------------------------------------------------------------62

# Axareeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa, rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa sakatta'uudha.Qorannichi qorannoo ibsaa ta'ee, tooftaa lee qaaccessa ragaa akkamtaafi hammataatiin qaacceffame.Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha.Maddi ragaa tokkoffaan barsiisota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa, barattoota Afaan Oromoofi koree GMB mana barumsichaati.Maddi ragaa lammaffaan immoo kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaadha.Bu'uuruma kanaan, ragaan qorannichaa barsiisotaaf, barattoota afi koree GMB mana barumsichaa irraa funaanameera. Akkasumas, Ragaalee barsiisotaafi barattoota irraa argaman dhugummaa isaanii adda baasuun dhugoomsuuf daawwannaan daree taasifameera.Ragaan daawwannaadhaan argames, ragaa barsiisota, koree GMBfi barattoota irraa argame adda baaseera. Maddi ragaa qorannoo kanaa tooftaa iddatteessuu mit-carraa akkayyootiin filataman.Tooftaaleen funaansa ragaa qorannichaas, daawwannaa daree, afgaaffii barsiisotaafi koree GMB, bargaaffii barattootaafi sakatta'a dookimentiiti. Qorataan qorannichaa ragaa odkennitootaa irratti hundaa'ee argannoo qorannichaa adda baaseera. Argannoon qorannicha akka mul'isetti, tooftaalee barsiisonni ittiin dubbisuu barsiisan sadarkaa barbaadameen milkaa'ina argamsiisuuf hanqina qaba; rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa: karoora dhabuu, haala mijaawaa dhabuu, muuxannoo dubbisuu guddifachuufi gahumsa dubbisuu dhabuu, qajeelfama dubbisuu wallaaluu, deggersa dhabuu, fayyadama qubeelee, sagaleeleefi jechoota Afaan Oromoo wallaaluufi kkf. Madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa: dubbisa sadarkaa barattiinni irra jiraniin walmadaalu dhabuu, qabiyyeen dubbisaaf dhihaate sadarkaa barbaadamerra jiraachuu dhiisuu, walduraaduuba dhufiinsi dubbisa kennamuu sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu, hanqina dubbistootaafi hanqina barsiisaa fa'i. Hanga dubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromoo ilaalchisee: barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan hinhubatan. Qabiyyeen dubbifamuuf deemu maal akka ta'e tilmaamaanii hubachuu danda'uun barattootaa rakkoo qaban.Qabiyyeen barattootaaf dhihaate tarsiimoo dubbisuu garaagaraa hammatee jiraatus, akkaataan inni ittiin barsiifamu hanqina qaba. Argannoo eerame irratti hundaa'uun yaboon qorannichaa akka eerametti: Barsiisonni tooftaa ittiin dandeettii dubbisuu barsiisan yeroo yerootti utuu jijijjiiranii barsiisanii barbaachisaa ture. Rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa furuudhaaf barsiisonni utuu malootaafi tarsiimoo garaagaraatti fayyadamanii gaariidha. Dubbisni kennamu utuu qulqullina qabaatee, sadarkaa isaa eeggatee filatamaa ta'a. Hangi dubbisanii hubachuu barattootaa utuu yeroo yerootti sakatta'amee hanqinni jiru furamaa deemee barbaachisaadha. Supperviijinii keessaa sadarkaa muummeefi mana barumsaatti haala harcaatii qabuun geggeeffamaa ture bifa bu'a qabeessa ta'een geggeessuun gaariidha. Madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'an maqsuuf barattoota, barsiisota, suppervaayizeroota keessoo mana barumsaafi suppervaayizera barnootaa sadarkaa barnoota aanaatti jiran hirmaachisuun gaariidha.*

## Baafata


Galata ------------------------------------------------------------------------------------------------------------i

Tartiiba Gabateewwanii ------------------------------------------------------------------------------------------ii

Axareeraa-------------------------------------------------------------------------------------------------------------ii

Baafata ----------------------------------------------------------------------------------------------------------------iv

**Boqonnaa Tokko: Seensa ---------------------------------------------------------------------------------v**

1.1 Seenduubee-------------------------------------------------------------------------------------------------1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa--------------------------------------------------------------------------------------3

1.3 Kaayyoo Qorannichaa--------------------------------------------------------------------------------------5

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ------------------------------------------------------------------------------------5

1.3.2 Kaayyoolee Gooree: - -----------------------------------------------------------------------------5

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa--------------------------------------------------------------------------5

1.5 Daangaa Qorannichaa ---------------------------------------------------------------------------------------6

1.6 Hanqina Qorannichaa ---------------------------------------------------------------------------------------6

**Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu Walfakkaatanii**------------------------------------------------ 7

2.1. Dubbisuu---------------------------------------------------------------------------------------------------7

2.2 Hubannoof Dubbisuu----------------------------------------------------------------------------------------7

2.3 Kaayyoo Dubbisuu ----------------------------------------------------------------------------------------10

2.4 Dubbisuu Baruufi Barsiisuu -------------------------------------------------------------------------------11

2.5 Tarsiimolee Dubbisuu--------------------------------------------------------------------------------------14

2.6 Gulantaalee Dubbisuu--------------------------------------------------------------------------------------15

2.7 Rakkoo Dandeettii Dubbisuu Barattootaa Mudatan--------------------------------------------------16

2.9 Wantoota Dandeettii Dubbisuu Barattootaa Miidhan-------------------------------------------------18

2.9.1 Dhimmoota Barataa Waliin Walqabatan -------------------------------------------------------18

2.9.2 Dhimmoota Barreeffamaan Walqabatan---------------------------------------------------------19

**Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa** ----------------------------------------------------------------22

3.1 Saxaxa Qorannichaa----------------------------------------------------------------------------------------22

3.2 Iddattoofi Mala Iddatteessuu-----------------------------------------------------------------------------22

3.3 Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo ---------------------------------------------------------------------23

3.3.1 Daawwii Daree -------------------------------------------------------------------------------------23

3.3.2. Bar-Gaaffii------------------------------------------------------------------------------------------23

3.3.3. Af-Gaaffii ------------------------------------------------------------------------------------------24
3.4 Mala Qaaccessa Ragaalee ----------------------------------------------------------------------------------24
**Boqontrnnnnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee** ----------------------------------------------------------------26
4.1 Rakkoofaan Oromoo Dubbisanii Hubachuu Barattootaa----------------------------------------------26
4.1.1 Rakkoo Dubbisuu ---------------------------------------------------------------------------------------26
4.1.2 Rakkoo Qajeelfamaa, Deggersaafi Fayyadama Jechootaafi Sagaleelee -------------------------27
4.1.3 Hariiroofi Haala Qophii Dubbisa Dhihaatuu-----------------------------------------------------------29
4.1.4 Rakkoo Ergaa Dubbisa Kennamee Hubachuu ---------------------------------------------------------31
4.1.5 Dhimmota Dubbisaan Walqabatan ----------------------------------------------------------------------33
4.2 MaddaRakkoo Dubbisanii Hubachuu Barattootaa -----------------------------------------------------33
4.2.1 Dhimmota Dubbisaan Walqabatan ----------------------------------------------------------------------33
4.2.2 Hanqina barataafi barsiisaa------------------------------------------------------------------------------35
4.3 Hanga Rakkoo dandeetti dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo -----------------------------------------36
4.3.1 Dubbisanii Hubachuu Barattootaa ----------------------------------------------------------------------37
4.3.2 Dalagaalee Tarsiimoo Dubbisuu Keessatti Raawwataman Hubachuu---------------------------38
4.4. Qabiyyeen Barattootaaf Dhihaate Tarsiimoo Dubbisuu hagam hammatee Akka jiru ------------40
4.4.1 Dalagaalee Mirkaneeffachuu----------------------------------------------------------------------------40
4.4.2 Qabiyyeewwan Dubbisaaf Dhihaataniifi Gochaalee Kennaman---------------------------------41
4.5 Tarsiimoo Barsiisonni Dandeettii Dubbisuu Barattootaa Fooyyessuuf Itti Gargaaraman --------42
4.5.1 Tarsiimoo Dubbisuu Barsiisuu -------------------------------------------------------------------------42
4.6 Ragaa Daawwannaa Daree Gulantaalee Dubbisuu Keessatti Sassaabame --------------------------45
4.6.1 Gochaalee Dubbisa Duraa ------------------------------------------------------------------------------47
4.6 2 Gochaa Yeroo Dubbisuu --------------------------------------------------------------------------------47
4.6.3 Gochaalee Dubbisa Boodaa ----------------------------------------------------------------------------49
4.7 Maloota Barsiisonni Fayyadamanii Dubbisuu Barsiisan ----------------------------------------------53
4.7.1 Barreeffama Garaagaraa Dubbisiisuu -----------------------------------------------------------------55
4.7.2 Adeemsa Raawwii Dubbisuu --------------------------------------------------------------------------56
4.7.3 Dubbisuu Barattootaa Jajjabeessuu --------------------------------------------------------------------57
4.8 Wantoota Dandeettii Dubbisuu Barattootaa Irratti Dhiibbaa Geessisan -----------------------------59
**Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo** ----------------------------------------------------------61
5.1 Cuunfaa ------------------------------------------------------------------------------------------------------61

5.2 Argannoo ----------------------------------------------------------------------------------------------------62
5.3. Yaboo--------------------------------------------------------------------------------------------------------64
Wabiilee---------------------------------------------------------------------------------------------------66
Dabalee ‘A’------------------------------------------------------------------------------------------------68
Dabalee ‘B’------------------------------------------------------------------------------------------------72
Dabalee ‘C’------------------------------------------------------------------------------------------------73
Dabalee“D”-------------------------------------------------------------------------------------------------74
Dabalee “E”------------------------------------------------------------------------------------------------76

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan meeshaalee walqunnamtii dhalli namaa ergaa dabarfachuufi ergaa fudhachuudhaaf itti gargaaramu keessaa tokkoodha. Dhala namaa lubbu qabeeyyii kanneen biroo irraa wantoota adda taasisan hedduu keessaa tokko afaanitti gargaaramuudhaan ergaa dabarfachuufi fudhachuu isaati. Afaaniin kan waliigaluu danda'us dhala namaa qofaadha. Afaan meeshaa dhalli namaa ergaa ittiin dabarfatuufi fudhatuudha.

Dandeettiiwwan afaanii barnoota afaanii keessatti hojiirra oolan dandeettiiwwan guguddoofi dandeettiiwwan xixiqqootti addaa addaan qoodamu. Dandeettiiwwan guguddoon dandeettii dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dandeettii dhaggeeffachuuti. Dandeettiiwwan xixiqqoon immoo kanneen akka gadifageenyaan dubbisuu, bal'inaan dubbisuu, hiika jechootaa, sirna tuqaalee, qubguddeessa, seerlugaafi kkfdha. Dandeettiiwwan xixiqqoon kunniin heddumina haaqabaataniyyuu malee dandeettiiwwan guguddoo afuran keeessatti kan barsiifamaniidha. Dandeettiiwwan afaanii kunniin tajaajila kan kennaniifi daree barnootaa keessatti kan waltumsaniidha(Ellis, 2006).

Yaada hayyuu armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amu, dandeettiiwwan afaanii guguddoo afuran keessaa ergaa dabarfachuuf kan gargaaran barressuufi dubbachuu, ergaa fudhachuuf kan tajaajilan immoo dubbisuufi dhaggeeffachuudha. Dandeettiiwwan afuran kunniin tajaajila qunnamtii (communication) keessatti gahee olaanaa qabu. Daree barnoota afaanii keessattis haala hojiirra oolmaa isaaniitiin akkaataa gaariidhaan waldeggeru.Kunis qunnamtii geggeeffamu qabatamaa taasisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Dubbisuun dandeettii afaanii afuran keessaa dhaamsa fudhachuuf kan tajaajiluudha. Dubbisuun walquunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduutti taasifamuudha. Barreessaafi dubbisaan akka walqunnaman kan taasisu dubbisuudha. Ergaa fudhachuufis nitajaajila (Geetachoo,2016). Yaada hayyuu kanaa irraa ka'uudhaan dubbisuun meeshaadha jechuun nidanda'ama. Sababiinsaas, namni dubbisu tokko adeemsa dubbisuu keessatti barreessaan eenyyuun akka ta'eefi ergaan barreessaa maal akka ta'e hubachuu danda'a. Haaluma kanaan, dubbisuun meeshaa ergaan barreessaafi barreessaan ittiin addaan baafamee hubatamu ykn beekamuudha jechuudha.

Dubbisuun barreeffama waraqaa irratti barreeffame dubbisuufi ergaa isaa hubachuu, xiinxaaluu, hiika ittikennuudha.Karaa biroodhaan, dubbisanii ergaa dubbisichaa osoo hinhubatin hafuun hiika dubbisuuf kenname kana bakka akka hinbuune hubachiisa. Kanaafuu, dubbisuu jechuun dubbisa dhiyaate tokko dubbisuun ergaa barruu dubbisaaf dhihaatee hubachuudha(Ur,2009).

Rakkoon dandeettii dubbisuu barattootaa maalirra akka jiru hubachuuf, dandeettii dubbisuu barattootaa gamaaggamuuf, dogoggora uumamu addaan baasuuf, duubdeebii kennuufi kkf keessatti bu'aa guddaa qaba.Kana milkeessuudhaaf immoo, gochaaleen hubannoo dubbisuu barattootaa madaaluuf dhihaatan meeshaa funaansa odeeffannoo ykn ragaa dhimma hubannoof dubbisuu ittiin adda baafnuudha waanta'eef sirriitti hubannoo keessa galuu qabu. Kunis, wanta gamaaggamuuf barbaadame sirriitti gamaaggamuuf kan dandeessisan ta'uu qabu jechuudha.

Adeemsa gochaalee dubbisuu qopheessuudhaaf hojiileen akkamii akka hojjetaman beekuun barbaachisaa ta'uusaati. Gosoota gochaalee daree barnoota afaanii keessatti dandeettii dubbisuu madaaluun hojii hubannaa barbaaduudha. Barsiisonni afaaniis kaayyoo isaanii irratti hundaa'uudhaan tooftaaleefi gosoota gochaalee garaa garaatti gargaaramuu danda'u (Bachman and Palmer,1996).

Rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa gamaaggamuun bu'aalee hedduu qaba. Bu'aalee hedduu kanneen keessaa hubannoo barattoonni gamaaggama fudhatan dubbisuu irratti gonfatan adda baasuu, barattoota sadarkeessuu, duubdeebii kennuu, ergaan barbaadame sirriitti darbuufi dhiisuusaa adda baasuu, kaayyooniifi adeemsi barreessaa tokkoo galma gahuusaa hubachuu, barreessaafi dubbisaa gidduutti hariiroo uumuu /barreessaafi dubbisaa walbarsiisuu/, ilaalcha, dandeettiifi fedhiin barreessaa maal akka ta'e hubachuufi kkf dha(Brown,1996)

Adeemsa dubbisuu gamaaggamuu keessattii kanneen madaallii dubbisuu fudhatan maal akka hubachuu qabanis beekuun murteessaadha. Fakkeenyaaf, Ergaa dubbistoonni barreeffamaan fudhatan qulqullinaan dubbistoota biraan gahuu; sadrkaa dubbisaa ofii beekuu, duubdeebii kennamu fudhachuun dogoggora uumamu sirriiffachaa deemuu, kaayyoo dubbusuu madaaluu hubachuu, gaaffii gaafachuufi deebisuu, akka dubbistoonni ergaa barreeffamaan kennameefi beekumsa ergaa barreeffamichaa irratti kanaan dura qaban walbira qabanii xiinxalaniif karaa

saaquu, gochaaleen hubannoo dubbisuu gamaaggamuuf barattootaaf dhihaatan madaaluu danda'uufi dhiisuu isaaniifi kkfdha(Dougals, 2000).

Dubbisuun kaayyoo mataa isaatii qaba. Kana jechuunis namni kamuu dubbisa kan dubbisuuf kaayyoofi galma dubbisuuf qaba jechuudha. Madaalliin rakkoo dubbisuu barattootaa adda baasuu keessatti kennamus sadarkaa sadarkaadhaan qoqqoodamee kennamuu qaba.Qaamni gamaaggamamus, yeroo kamitti gocha isa kamiin akka hojjetu beekuun murteessaadha.Dubbisuu keessatti qaamni dubbisu kaayyoo dubbisuuf hinbeeku yoo ta'e milkaa'ina gonfachuu hindanda'u (Jack and Willy, 2002).

Haaluma kanaan, qorannoon kun rakkoo Afaan Oromoo dubbisuu barattoota kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa irratti xiyyeeffachuudhaan geggeeffame. Qorataan qorannoo kanaa muuxannoo bakka barsiisu kana keessatti qabu irraa akka hubatetti barattoonni daree barnoota Afaan Oromoo keessaattis ta'e daree barnoota Afaan Oromootii alatti dubbisa Afaan Oromootiin barreeffamee kennamu tokko yemmuu dubbisan ergaa isaa osoo hinhubatin callisanii akkafeeteedhaan dubbisuu isaaniiti. Yeroo ergaan wanta dubbisan sanaa maal akka ta'e gaafatanis dhaamsi isaa maal akka ta'e himuun haalaan itti'ulfaata. Barattoonni kanneen biroon immoo kan ergaa barreeffamaa hubachuunuu hafee jechootaafi gaaleewwan himoonni irraa ijaaraman akkaataa barbaadameen dubbisuun daran itti'ulfaata.

Akkasumas, qorumsi gosa barnoota afaaniitiin yeroo kennamu milkaa'ina kan hingonfanne hedduudha. Kunimmoo gara fuula duraatti hedduu nama waan yaaddessuuf, mana barumsichaa keessatti rakkoon kun maal akka ta'eefi rakkoo barattoonni dubbisuu irratti qaban maal akka ta'e adda baasuun barbaachisaadha. Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa mata duree" Rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa Biiftuu Giddaa" jedhamu irratti qorannoo geggeessuuf onnatee jira.Kaayyoon qorataa kanaas rakkoo dandeettii dubbisuu barattoonni Afaan Oromoo irratti qaban adda baasuu ture.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Namni kamuu kan dubbisu ergaa wanta dubbisu tokkoo hubachuufiidha. Garuu, barattoota kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa barreeffama Afaan Oromootiin

qophaa’e dubbisanii hubachuu irratti hanqina daran hammaataa qabu. Dhimmi kunis qorannoo kan barbaaduudha. Kanuma bu’uura godhachuudhaan, qorannoon kun rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatuudha. Akka qorataan mataduree kana irratti qorannoo adeemsisuuf kan onnachiise yeroo daree barnootaa keessatti Afaan Oromoo dubbisuu barsiisus ta’e yeroo barattoonni daree barnootaatii alatti barreeffamoota Afaan Oromootii barreeffaman dubbisuuf yaalan baay’een isaanii hanqina qabaachuu isaaniiti. Kanaafuu, qorannoo kana geggeessuudhaan bu’aa qorannoo kanaa ifa taasisee hanqina jiru kana guutuu barbaadee qorannoo kana geggeessuuf onnate.

Qorattoonni kallattii addaa addaatiin dhimma kana ilaalchisee qorannoo geggeessan hedduun jiraachuu danda’u. Haata’umalee, namoota qorannoo geggeessan mara maqaa dhahuun ulfaataa waanta’eef kanneen kanaa gaditti tartiibaan eeramanii jiran akka ka’umsa ta’aniiru.

Maammoo (2007) qorannoo guutiinsa digirii lammaffaatiif Yuunivarsiitii Finfinneetti mata duree ”Dubbisuu barsiisuu kutaa sagalaffaa keessatti” jedhu irratti qorannoo geggeessee ture. Kaayyoon qorannichaas dubbisa Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti barsiisuun maal akka fakkaatu addaan baasuudha.Argannoon isaa tarsiimoo barsiisonni Afaan Oromoo dubbisuu barsiisuuf dhimma ittibahaniifi gochaaleen isaan daree barnootaa keessatti hojiirra oolchan haala walfakkaataan akka geggeeffamaa hin jirreedha.

Daawwit (2008) mata duree ”Qulqullina Adeemsa Dandeettii Dubbisuu Afaan Oromoo kutaa sagalaffaa keessatti dhiyeessuu barsiisotaa xiinxaluu” jedhurratti qorannoo geggeesseera. Kaayyoonsaa adeemsi dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa daree barnootaa keessatti madaaluu qulqullina qabaachuusaa xiinxaluu ture. Argannoon qorannoosaatiis, hanqina tarsiimoo dubbisuu barsiisuu irraan kan ka’e barattoonni rakkoo dubbisanii ergaa hubachuu akka qabaniidha. Kumsaa (2007) Yuunivarsiitii Finfinneetti mata duree “Wantoota Barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalaffaa dubbisa barsiisuu irratti dhiibbaa geessisan’’ jedhu irratti qorannoo geggeesseera.Kaayyoo qorannichaas wantoota Afaan Oromoo dubbisuu irrattti dhiibbaa geessisan sakatta’uudha. Qorannoon kun Afaan Oromoo dubbisuu irratti xiyyeeffachuun isaa qorannoowwan Kumsaa (2007), Maammoo (2007)fi Daawwit (2008) geggeessanii wajjin

walfakkaata. Akkasumas, qorannoowwan kunniin dhimma Afaan Oromoo irratti fuuleffachuunis walfakkeenya isaanii mul'isa. Faallaa kanaatiin, Qorannoo kana adda kan taasisu kallattiidhumaan daree barnoota Afaan Oromoo keessatti hubannoof dubbisuu barattootaa irratti xiyyeeffachuusaati. Kanumatti dabaluudhaan, qorannoowwan armaan olitti ibsaman Kumalaa (2007), Maammoo (2007)fi Daawwit (2008)n geggeeffaman hojii barsiisotaan hojjetaman irratti xiyyeeffatu. Qorannoon kun garuu, hubannoof dubbisuu barattootaa irratti xiyyeeffata. Kunis, irraguddeessa hojiilee daree barnootaa keessatti barattootaan dalagaman ilaallata.

Qorannoon kun rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa Biiftuu Giddaa sakatta'uu irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, xumura irratti gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisuu danda'a jechuun eegame.

1. Barattoonni Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu irratti rakkoo akkamii qabuu?
2. Maddi rakkoo dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa maalii?
3. Barsiisonni, rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuudhaaf tarsiimoo maaliitti gargaaramanii barsiisuu?
4. Wantoonni dandeettii dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisan maalfa'ii?

## 1.3 Kaayyyoo Qorannichaa

**1.3.1 Kaayyoo Gooroo:** Rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa sakatta'uudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa:

- Rakkoo dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattaa adda baasuu,
- Madda rakkoo dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa eeruu,
- Shoora barsiisonni rakkoo dubbisuu barattootaa fooyyessuu keessatti qaban ibsuu,
- Wantoota dandeettii dubbisuu barattootaa irratti miidhaa geessisan eeruudhaan kallattii furmaataa kaa'uudha.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa sakatta'uuf kan geggeeffamuuudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan, barbaachisummaan isaa haala armaan gadiitiin eeramee jira.

- ❖ Hanqina dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa adda baasuu danda'a.
- ❖ Akka barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii fooyyeffatan nitaasisa.
- ❖ Akka barsiisonni mala barsiisuu dandeettii dubbisuu barattootaa milkeessuu danda'utti gargaaramanii dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessan nitaasisa.
- ❖ Dandeettii dubbisuu barattootaa nijajjabeessa.
- ❖ Qorattoota mata duree kan irratti qorannoo bal'aa geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun godina wallaggaa lixaa aanaa Najjoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa irratti geggeeffame. Kaayyoon qorannichaas, Rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa sakatta'uudha. Rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa ilaalchisee hanqinni manneetii barnootaa hedduu keessatti mul'achuu danda'a. Haata'umalee, manneetii barnootaa mara keessatti qorannoo geggeessuun waanulfaatuuf mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa qofa irratti daangeffama.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorataan qorannichaa yeroo qorannoo kana geggeesse wantoota gufuu ta'an lamatu mudate.Inni jalqabaa, rakkoo nageenyaati.Yeroo qorataan ragaa funaannachuuf turetti rakkoon nageenyaa mudatee waantureef yeroo saganteeffate keessatti akkaataa yaadameen madda odeeffannoo argachuu hindandeenye.Haata'u malee, obsa guddaadhaan eeggachuun erga rakkoon nageenyaa hamma tokko fooyya'ee barattoonni mana barumsaatti deebinaan, ragaa barbaadame walitti qabateera.

Inni lammaffaan shakkii gama barattootaatiin mul'ate ture. Yeroo ragaan funaanamuuf jedhetti akka wanta ragaan isaanni kennan dhimma biroodhaaf ooluutti shakkanii rincicuuf yaalii gochaa turan. Ta'us, qoratichi waraqaa deggersaa waajjira barnoota Aanaa Najjoo irraa fudhatee dhaqe qabatee hoggansa mana barumsaa wajjin hubannoo erga uumee booddee ragaa barbaadame walitti qabateera.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu Walfakkaatanii

## 2.1. Maalummaa Dubbisuu

Dubbisuun adeemsa namni tokko nama biraa irraa beekumsaafi muuxannoo ittiin fudhatu keessaa isa tokkoodha. Adeemsa walquunnamtii(communication) dhala namaa keessatti dubbisuun bakka guddaa qaba. Akkasumas ergaa barreessaan dabarsuu barbaade osoo kallattii yaadameen ykn karaa sirrii ta'een argachuufi hiika ergaa fudhatamee tilmaamuuf kan nama dandeessisuudha.

Ogummaawwan afaanii gurguddoo afuran jiran keessaa inni tokkoo ogummaa dubbisuuti.Dubbisuu jecha tokkoon hiikuun/ibsuun/akka hindanda'amne beektonni afaanii kallattii garaagaraatiin nidubbatu.Kana jechuun garuu dubbissuun hiika hinqabu jechuu miti. Hiikni dubbisuudhaaf kennamu ykn maalummaa dubbisuu ibsu kan adda ba'ee qofaatti kana jedhamee beekamu jiraachuu baatus maalummaa dubbisuu ilaalchisee beektoonni afaanii karaa isaanitti fakkaateen ibsaniiru. Haata'u malee, hiikni dubbisuu haayyoota hudduun deggeran dubbisuun adeemsa ta'uu isaati(Grellet, 1996).

Akka yaada haayyuu armaan oliitti, dubbisuun adeemsa waan barreeffameerraa ykn waan maxxanfameerraa ergaa baafachuuti.Kana malees, dandeettii yaada dubbisaa tokkoo tilmaamuu, mirkaneessuu, ofgaafachuufi kkfdha.Haala kanaan dubbisaan tokko dubbisa dubbisuu keessaa hiika baasuuf akka carraaqu qaba jechuudha. Kanaafuu, dubbisuun barreeffama dhiyaate tokko yaada inni dabarsuu barbaade argachuu waliin kan walqabatedha. Kun immoo ergaa dubbisa tokkoo hubachuuf hubannoof dubbisuun akka barbaachisu agarsiisa.

## 2.2 Hubannoof Dubbisuu

Hubannoof dubbisuuna deemsa barruu tokko dubbisuu keessatti wanta barreeffamee dubbisaaf dhihaate irraa ergaa dubbisni sun dabarsuu barbaade addaan baasuudhaan hiika ittikennuu, madaaluu, qeequu, yaada barreeffamichi ofkeessaa qabau ykn ergaa barreeffama kennanmee osoo hinjijjiirin himoota birootti gargaaramanii dhiheessuu danda'uu jechuudha.Adeemsa kana milkeessuuf immoo, gochaaleen ykn dalagaan barattootaaf kennamu murteessaadha. Gochi dubbisuu tokko hojiirra ooleera kan jedhamu yoo dubbisaan yaada ijoo dubbisichaa hubate,

yaada dubbise mormuu ykn deggere, fudhachuu ykn ittigammaduu danda’e, ceepha’uu ykn qeequu, jibbuu ykn jaallachuu danda’eedha. Akkasumasyoo dubbisaan dubbisee beekumsa wanta dubbise sanarraa argatee hojiitti jijjiireedhas(Nuttall,1982).

Akkasumas, hubannoof dubbisuun yeroo barsiifamu, kaayyoofi baarbaachisummaa mataa isaaniitii qaba.Adeemsa kana hojiirra oolchuu kana keessatti akkaataan hubannoof dubbisuu bakka olaanaa qaba.Barattoonni dandeettii hubannoof dubbisuu akka cimsataniif dandeettii dubbisuu kaayyoo barsiisuurratti xiyyeeffachuun barnoota sadarkaa hundaa akka sadarkaa isaanitti barsiisuun barbaachisaadha.Kaayyoofi adeemsa dubbisuu barsiisuu milkeessuuf immoo akka barattoonni ofdanda’anii waan dubbisan hubatan gochuun milkaa’ina gonfachiisa (Nuttall, 1982).

Dubbisuun dandeettiiwwan guguddoo afaanii afuran keessaa isa tokkoodha.Maalummaa dubbisuu jecha hiika tokkoon kana jedhanii hiikanii lafa kaa’uun daran ulfaataadha.Kana jechuun garuu, dubbisuun hiika dhabeessa jechuu miti.Maalummaa dubbisuu ilaalchisee hiika qabatamaan kanatu ta’a jedhu dhibus hayyoonni afaanii kallattii garaagaraatiin hiikaniiru.Haayyoonni afaanii maalummaa afaanii irratti hiika garaagaraa kennanis wanti walfakkeessu tokko dubbisuun adeemsa dubbistoonni ergaa barreeffama tokkoo hubachuudhaaf keessa darban ta’uu isaati. Kanneen hiika garaagaraa kennan kunniinis dubbisuun adeemsa ta’uu isaa irratti walhindhaban (Grellet, 1996).

Akka Griileet jedhu kanatti dubbisuun adeemsa dubbistoonni ergaa barreeffama tokkoo hubachuuf keessa bahaniidha.Beektonni afaaniis hiika afaanii irratti ilaalcha addaa addaa haaqabaatan malee dubbisuun adeemsa akka ta’e waliigalu.Dabalataanis, dubbistoonni adeemsa ergaa barreeffamaa hubachuuf deeman ykn keessa bahan keessattii yaalii cimaa taasisuu akka qaban hubachuun nidanda’ama.

Dubbisuun Dandeettii riqicha namoota biroorraa beekumsaa fi muuxannoo ofitti ittiin fudhannu ta’uudhaan adeemsa walquunnamtii dhala namaa keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Kunis Yaada barreessaan dabarsuu barbaade sana osoo hindogoggorin argachuufi hiika itti kennuu danda’uudha.Dubbisuun adeemsa waan barreeffameerraa ykn waan maxxanfameerraa ergaa

baafachuuti. Dabalataanis akkuma ibsame dandeettii dammaqinaan yaada dubbisaa sana tilmaamuu, mirkaneessuu, of gaafachuufi kan kana fakkaatan agarsiisuudha. Haala kanaan dubbisaan tokko dubbisa dubbisuu keessaa hiika baasuuf akka carraaqu qabu agarsiisa jechuudha. Kanaafuu, dubbisuun barreeffama dhiyaate tokko yaada inni dabarsuu barbaade argachuu waliin kan wal qabatedha. Kun immoo ergaa dubbisa tokkoo hubachuuf hubannoof dubbisuun akka barbaachisu agarsiisa(Stella and Tim(2008).

Dubbisuun qabiyyeen dubbisuuf dhihaate ergaa maalii akka qabu hubachuudha.Kunis, ergaa barreeffama kennamee sirriitti hubachuuf hubannoodhaan dubbisuun barbaachisaa ta’uusaa mul’isa.dandeettiin dubbisuu galma gahiinsa mana barumsaa keessa jiruun walqabata. Kunis, qabxiin barattootaa dandeettii dubbisanii hubachuu irratti hundaa’a jechuudha (Gemechis, 2014).Dubbisuun yaada barreessaan mallatoolee adda addaa fayyadamuudhaan barreesse hubachuuf, qayyabachuuf, xiinxaluuf gochuu keessatti dubbisaan raawwatuudha(Geetachoo, 2016).

Dandeettiin afaanii kamiyyuu yeroo barsiifnu, kaayyoofi baarbaachisummaa mataa isaanii niqabu.Dandeettiiwwan kana keessa ammo dubbisuun iddoo guddaa qaba.Kanaafuu, barattoonni dandeettii kana akka cimsataniif dandeettii dubbisuu kaayyoo barsiisuurratti xiyyeeffachuun barnoota sadarkaa hundaa akka sadarkaa isaanitti barsiisuun barbaachisaadha.Kaayyoo kana galmaan gahuuf immoo akka barattoonni of-danda‟anii waan dubbisan hubachuu danda‟an gochuun barbaachisaadha.Akka barattoonni ergaa barreeffama tokkoo hubatan taasisuudhaaf gaheen barsiisonni qaban hedduudha.Isaan keessaa sadarkaan barattoota dubbisa kennamu dubbisanii isa ijoodha.Kanaafuu, barsiisaan sadarkaa barattootaa irratti hundaa’ee dubbisuu barsiisuufi qabiyyee dubbisaaf dhiheessus sadarkaa barattootaa wajjin walsimsiisee dhiheessuu qaba (Nuttal, 1982).

Adeemsa dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti ga’ee barsiisaan qabu hedduu keessaa murteessaan barattoonni akka dandeettii dubbisuu qabanitti haala gaariidhaan ittigargaaramanii milkaa’ina gonfatan taasisuudha. Dabalataanis, akka barattoonni ergaa barreeffama dubbisanii deggersa nama biroo osoo hinbarbaadin dura ofii isaaniitiin hubatan taasisuudha. Hojiin itti’aanee dhufus, barattoota ofdandeessisanii akka isaanni ergaa hubatan sana qaama biroodhaaf

dabarsanii himan gochuudha. Kunis, barattoonni ogummaa dubbisuu horachuun sammuu isaanii guddisuuf isaan gargaara (Kumsaa, 2007).

Dubbisuun odeeffannoo adda addaa karaalee barruulee garaagaraa maxxanfamanii bahan argachuuf gargaara.Kana jechuunis, barreeffamni /kitaabileen/ adda addaa hayyoota garaagaraatiin, dhimmoota jiruufi jireenya dhala namaatiin wal-qabatee yeroo yerootti bahaa oola.Kana hubachuuf immoo dubbisuun lafee dugdaati (Beekan, 2017).

## 2.3 Kaayyoo Dubbisuu

Dubbistoonni barreefama tokko kaayyoo dubbisaniif qabu. Kaayyoowwan hedduu jiran keessaa kanneen akka ergaa dubbisa dhihaatee hubachuu, gaaffilee qayyabannoo hojjechuuf dubbisuu, dalagaalee ykn gilgaala kenname hojjechuuf dubbisuu, ergaa maanuwaaliin tokko qabu hubachuuf, wantoota ykn qabiyyeewwan haarawaa ta’aniin walbaruuf, hiika argachuuf, bashannanuuf, odeeffannoo murtaawaa argachuuf, qorumsa darbuuf, yaada waliigala barruu dhihaatee hubachuufi kan kana fakkaatanfaa akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda’ama. Adeemsiifi kaayyoon dubbisuu dubbisaadhaa dubbisaatti garaagarummaa guddaa qaba. Dubbisaan kamiyyuu yeroo dubbisu akka tasaa dubbisa osoo hintaane kaayyoo dubbisuuf qaba (Amidnur, 2007).

Akka Amiidnuuriifi  Giriilleet jedhan kanatti namni barreeffama yln dubbisa kenname dubbisu kaayyoo dubbisuuf qaba. Haaluma kanaan, dubbistoonni kaayyoo dubbisaniif hinbeekne milkaa’uu akka hindandeenye yaaduma hayyoota kanneenii irraa hubachuun nidanda’ama. Fakkeenyaaf, barattoonni qorumsa darbuuf dubbisaniifi namoonni galaalcha(gaazexaa) dubbisan kaayyoo tokko hinqaban. Barattoonnis, gama dandeettii Afaan Oromoo dubbisanii hubachuutiin rakkoo qabaachuu danda’u.

Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa irratti xiyyeeffachuun waangeggeeffameef, madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa adda baaseera. Odeeffannoof dubbisuun kaayyoowwan dubbisuu armaan olitti tarreeffaman keessaa tokkodha.Kaayyoon inni qabus ragaa barbaadamu argamsiisuudha. Odeeffannoof dubbisuu ilaalchisee yaada beektota afaaniitiin kennaman keessaa yaada Amidnur(2007) ibse kaasuun

nidanda'ama. Amidnur (2007) yemmuu ibse, "Odeeffannoo argachuuf dubbisuun adeemsa dubbisuu keessaa isa murteessaafi barbaachisaadha. Kunis, dubbistoonni baay'een barreeffama garaagaraa kan dubbisan odeeffannoo barbaachisu walitti qabachuudhaaf dubbisuu isaanii kan mul'isuudha. Sababni isaa dubbistoonni meeshalee dubbisuu odeeffannoon adda addaa irratti walitti qabamee jiru dubbisu waan ta'eef jechuudha" jedhe.

Namoonni kan kitaabilee dubbisanuuf waan tokko irraa barbaadaniitu ykn immoo odeeffannoo achirraa argatanuun waa hojjechuuf ta‟uu mala. Yeroo addunyummaan cimte kana keessatti namoonni odeeffannoo funaanuun dhimmoota addunyaa amma keessa jirru siyaasaa, qabeenyaa, aadaa haaromsuuf jecha yeroo itti ko‟oommatanidha.Kun immoo dubbisuu keessaa keessaan bira gahama (Grellet, 1996).

Hiika wanta tokkoo hubachuuf dubbisuunis kaaayyoo dubbisuu keessaa tokkodha.Daree barnoota afaanii keessatti barattoonni dandeettii afaaanii guddifachuufi dhaamsa qabiyyee dubbifamuu hubachuuf dubbisu.Kanaafuu, barattoonni dubbisuun dura adeemsa ittiin dubbisaniifi maaliif akka dubbisan hubachuun barbaachisaadha. Kunis, rakkoon dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa kaayyoofi tarsiimoo dubbisuutiin hubachuun nidanda'ama. Hubannoof dubbisuun ergaa qabiyyee dubbifamuu argachuudha (Naataal, 1996). Kaayyoo dubbisuu keessaa ergaan dubbisa dhihaatee maal akka addaan baasanii hubachuuf dubbisuun wanta murteessaa ta'eedha.Hubachuuf dubbisuun adeemsa ergaa dubbisa tokkoo hubachuuf galama dubbisuu murteessaa ta'ee, dandeettiin dubbisuu barattootaa daran akka guddatu taasisuu qofa osoo hintaane dandeettii qabiyyee tokko xiinxalanii hubachuu, kalaqa haaraa uumuufi dandeettii yaaduu barattootaa guddisuu keessattis gahee inni qabu salphaa miti. Hubannoof dubiisuun daree barnootaa keessatti barachuu milkeessuufi beekumsa barattootaa gabbisuuf tajaajila (Grellet, 1996).

## 2.4 Dubbisuu Baruufi Barsiisuu

Adeemsa baruu-barsiisuu daree barnoota afaanii keessatti dandeettii hubannoof dubbisuun haala gaariin akka adeemsifamuuf gaheen barattoonniifi barsiisonni qaban, akkasumas dubbisni kitaaba barattootaa keessatti argaman mijaawoo ta'uu qabu.Isa kana galmaan gahuufis barataafi barsiisaan gahee isaan irraa eegamu raawwachuun haalaan murteessaadha (Kumsaa, 2007).

Misgaanuu (2008) Naataal(1982) wabeeffachuun akka ibsetti, dandeettiin afaanii kamiyyuu yeroo barsiifnu, kaayyoofi baarbaachisummaa mataa isaanii niqabu. Dandeettiiwwan kana keessa ammo dubbisuun iddoo guddaa qaba.Kanaafuu, barattoonni dandeettii kana akka cimsataniif dandeettii dubbisuu kaayyoo barsiisuurratti xiyyeeffachuun barnoota sadarkaa hundaa akka sadarkaa isaanitti barsiisuun barbaachisaadha.Kaayyoo kana galmaan gahuuf immoo akka barattoonni of-danda'anii waan dubbisan hubachuu danda'an gochuun barbaachisaadha. Namni kamuu dubbisa tokko kan dubbisuuf kaayyoo dubbisuu wayii qabaachuudhaani ykn immoo ergaan irraa argadhu qaba jedhee waan yaaduuf. Kaayyoon dubbisuu namni tokko waan dubbisuurraa fedhii isaa guutachuu akka danda'uuf isa gargaara jechuudha.Kanaaf dubbisa dubbisuu keessatti kaayyoon isaa inni guddaan akka barattoonni dubbisuudhaan odeeffannoo barnoota baratan akka hubatan gochuudha. Kaayyoo kana bakkaan gahuuf immoo akka barattoonni of danda'anii waan dubbisan tokko hubachuu danda'an gochuun barbaachisaadha

Barsiisaan hubannoof dubbisuu barsiisuu keessatti gahee inni bahachuu qabu waan akka salphaatti ilaalamu miti.Ogummaan hubannoof dubbisuu barattoonni sirriitti akka gonfataniif barsiisaan kallattii itti agariisuufi deeggarsa gochuufii qaba.Kana keessatti barataan hubannoof dubbisuu barachuuf ifaajjii mataa isaanii sirnaan akka bahatan gochuu keessatti dalagaan barsiisaa irraa eeggamu salphaa miti jechuudha (Kumsaa, 2007).

Dabalataanis, Kumsaa (2007) Frank(1978) wabeeffachuun akka ibsetti, barsiisonni yeroo dubbisuu barsiisan deggersa daangaa darbeefi kan barattoota milkeessuu hindandeenye barattootaaf taasisuun akka isaanni hirkattumaatti hafaniifi ergaa barreefama dhihaatee hinhubanne taasisa. Kanaafuu hojiiwwan ogummaa dubbisuu barattootaa yeroodhaa yerootti fooyyessuu danda'aniifi daree barnootaa keessatti barattoota mikleessan irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa ta'a. Adeemsa kana keessattis ga'een barsiisotaa barattoota jajjabeessuu, kaka'umsa keessatti uumuu, akka barattoonni qabiyyee gara fuula duratti dubbisuuf deeman muuxannoo kanaan dura qabanii wajjin walbira qabanii xiinxalan taasisuu, akka barattoonni tarsiimoo gargaagaraatti gargaaramanii dubbisan taasisuu, hiika jechoota haaraa tilmaamsisuufi kan kana fakkaatan fa'i. Dubbisa dhihaates maaliif akka dubbisan hubachuu irratti barattoonni

maal akka fakkaatan addaan baasanii akka barattoonni kaayyoo dubbisaniif addaan baafatanii beekan taasisuunis hojee dagatamuu hinqabneedha. Akka yaada kanaatti dhihaasse kanaatti, rakkoo dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa furuudhaaf gaheen barsiisotaa daran olaanaa akka ta’e hubachuun nidanda’ama.Adeemsa kana keessatti barsiisonni kallattii barbaachisu maraan yemmuu barattootaaf haala mijaawaa uuman barattoonni immoo ga’een isaanii maal akka ta’e barsiisota gaafachuun hojiirra oolchuun muteessaa akka ta’e yaada armaan olii irraa hubachuun barbaachisaadha.

Barsiisaan hojii hubannoof dubbisuu kennuudhaan gargaarsa barbaachisu ni kenna. Akasumas, barattoonni sirriitti hojechuu isaanii duukaa bu’aa hordofuu qaba jechuudha. Kanaaf barsiisaan dubbisa nimijeessa, niqajeelcha, nigorsa, ni jajjabeessa. Hojii dubbisuu adeemsisuuf itti gaafatamtoonni barattoota qofa osoo hintahin barsiisaas ta’uu isaa nama hubachiisa jechuudha. Kana malees, barsiisaan barattoonni akka hojii dubbisuurratti ilaalcha gaarii godhatan gochuu irratti itti gaafatamummaa qaba.Barsiisaan haala gaariin dubbisuu barsiisuuf leenjii hammayyaa fudhachuun of gahoomsuun isa barbaachisaadha.Waan kana ta’eef barsiisaan dandeettii hubannoof dubbisuu barattoota barsiisu keessatti gaheen barsiisaa salphaa miti (Misgaanuu 2018).

Barattoonnis dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii cimsachuuf qoodni isaan bahachuu qabanu olaaanaadha.Barnoonni dubbisuu kutaa keessatti yemmuu dhiyaatu barattoonni hirmaattoota cimaa ta’uutu isaan irraa eeggama. Kana malees, barattoonni cimdiin yookiin gareen ta’uun gilgaalota dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa booda jiran kan barsiisaan isaanii akka dalagan kennuuf irratti sirriitti shaakala gochuu qabu.

Yaada kana gabbisuuf, Daawwit (2008) akka ibsetti, barattoonni barnoota dubbisuu yemmuu baratan kutaa keessatti gaheen isaan irraa eegamu dhuunfaafi gareen ykn cimdiin ta’uun hojii kennameef raawwachuu qabu jedha.Barattoonni dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii gabbifachuu keessatti gahee isaan bahachuu qaban keessaa muraasni barattoonni barnoota dubbisuu barachuuf of qopheessuu qabu, gilgaalota kennamuuf hiriyoota isaanii waliin hojechuu qabu, barnootichaan hirmaattota cimaa ta’uu qabu. Walumaagalatti yaada armaan olitti ka’e kana

irraa kan hubatamu barattoonni sadarkaa dubbisanii hubachuu isaanii bakka barbaadamuun gahachuuf hojii isaanii irraa eeggamu sirnaan bahachuu qabu.

## 2.5 Tarsiimolee Dubbisuu

Dubbistoonni yeroo dubbisa ykn barreeffama dhihaate dubbisan kaayyoo dubbisaniif qabu.Kunis, akkafeeteedhaan hindubbisan jechuudha.Kaayyoon dubbisuu kamiyyuu tarsiimoo dubbisuutiin galma gaha. Dubbisni dhihaatus, beeksisoota dhaabbilee garaagaraa, yaadannoo bilbilaa, qormaata daree barnootaatti kennamu, asoosama dheeraa, asoosama gabaabaa, kitaaba barnootaa, gaazexaa, maanuwaalii, fakkiilee, chaartiiwwan, gabateefi kan kana fakkaatan fa'i. Kanneen armaan olitti eeraman kunniin kaayyoo dubbifamaniifi tarsiimoo ittiin dubbifaman qabu.Dubbistoonni martinuus jiruufi jireenya guyyaa guyyaa isaanii keessatti akkaataa garaagaraatiin dubbisaa oolu (Maammoo, 2007).

Tarsiimoo dubbisni addaa addaa ittiin dubbisamu haayyuu Naataal (1982) jedhamtu akka ibsitetti sakatta'a dubbisuu, saffisaan dubbisuu, gadifageenyaan dubbisuu, qeeqaa dubbisuu, bashannanaa dubbisuu fa'i. Akka Naataal ibsitetti dubbisa dhihaate keessaa odeeffannoo murtaawaa kanneen akka maqaa, bara, umrii, ji'a, waggaafi kkf argachuudhaaf sakatta'a yemmuu dubbisnu, sakatta'a dubbisuun tarsiimoo dubbisuu keessaa isa salphaafi ariitiidhaan dubbisamuudha. Adeemsa kana keessatti dubbisaa gaariin ariitii isaa kaayyoo, akaakuu barreeffamichaafi akkaataa dubbisihichi ittiin dubbifamu irratti hundaa'ee jijjiirachuun dubbisaa deema.

Saffisaan dubbisuun tarsiimoo dubbisuu keessaa isa tokko ta'ee ergaa/yaada/ waliigala dubbisa dhihaatee argachuuf kan tajaajiluudha. Yaada ijoo barreeffamaa ariitiidhaan dubbisanii argachuuf tajaajila. Dubbistoonni utuu yeroo isaanii lafatti hinqisaaseessin ergaa yeroo dubbisan sanatti argachuuf yaadame qofa argachuuf kan tajaajiluudha (Maammoo, 2007).

Gadi fageenyaan dubbisuunis tarsiimoo dubbisuu keessaa tokko ta'ee odeeffannoo dubbisa keessa jiru gadifageenyaan qayyabachuufi erga hubatanii ergaa maalii akka qabu xiinxaluuf kan tajaajiluudha.Gadifageenyaan dubbisuun gosoota tarsiimoo dubbisuu itti gargaaaraman keessaa daran barbaachisaa kan ta'eedha (Daawit, 2007).

Akkasumas, gosoota dubbisuu keessaa qayyabannaaf baayyee barbaachisaadha. Kanaafuu, dubbisaan tokko yeroo gadifageenyaan dubbisu qabiyyee dubbise sana irratti ragaa quubsaa argachuutu irraa eegama (Daawit, 2007).

## 2.6 Gulantaalee Dubbisuu

Dubbisuun gulantaalee addaa addaa akka qabu hayyoonni garaagaraa ni'eeru.Barattoonnis, yeroo dubbisan gulantaalee barbaachisoo kanneen keessa darbuun dirqama ta'a.Gulantaaleen dubbisuu kunniinis, dubbisa dura, yeroo dubbisuufi gulantaa dubbisa boodaa jedhama (Hansen, 2010). Gulantaaleen dubbisuu hayyoota garaagaraatiin deggeraman kunniinis qabiyyee itti'aanu keessatti tartiibaan dhihaataniiru.

Sadarkaa dubbisa duraa keessatti utuu barreeffama dhihaate hindubbisin qophii barbaachisaan kan keessatti taasifamu ta'ee dalagaalee addaa addaatiin qabaachuun beekama. Dalagaaleen kunniins, gilgaala shaakala dubbisa duraa hojjechuu, muuxannoo kanaan dura mata duree dubbisuuf deeman irratti qaban gara mata durechaatti fiduu, dubbisuuf ofqopheessuu, muuxannoo isa gara matadurechaatti fidan utuu hindagatin dhugoomsachuuf kallattiidhumaan gara dubbisa kennameetti seenuudha.Gulantaan dubbisa duraa akka barattoonni dubbisa kennamu dubbisaniif sirriitti kaka'umsa barattoota keessatti uumuuf shoora inni qabu salphaa miti (Ismiiziifi Vaskuweez, 2010).

Gulantaan yeroo dubbisuu kan barattoonni keessatti yaada dubbisaa duraa keessatti muuxannoo isaatiin walqabsiisanii turan dhugaa ta'uufi dhiisuu isaa keessatti mirkaneeffataniidha. Ittifufees, jechoota tilmaamuufi gaaffileen yeroo dubbisuu keessatti dalagamuu qaban akka dalagaman taasisuunis hojii salphaatti ilaalamu miti.Akkasumas dubbisa kenname keessatti qabiyyee inni kam ittifufee akka dhufaa jiru tilmaamuunis jira. Haaluma kanaan, gulantaan yeroo dubbisuu ergaa qabiyyee dubbifamuu hubachaa, ergaa dubbisan yaadqalbii ofii keessatti fakkiisaa kaasuu, wanta muuxannoo dhimmicha irratti duraan qaban kan shaakala dubbisa duraa keessatti hojjetame dhugoomsuufi kan kana fakkaatanfaa of keessaa qaba (Paatirishiyaa, 2010).

Gulantaa dubbisa boodaas gulantaalee dubbisuu daree barnoota afaanii keessatti tajaajilan keessaa isa sadaffaafi murteessaadha. Gulantaan kun bakka barattoonni odeeffannoo quubsaa

dubbisa kenname keessaa argatan hubatanii sirriitti qaama biroodhaaf dabarsanii himuu danda'aniidha. Sadarkaa kana keessatti barattoonni ergaan dubbisa kennamee maal akka ta'e himuudhaaf utuu ergaa dubbisa isaaniif kennamee dubbisan san hinjijjiirin jechootaafi himoota birootti gargaaramanii/bifbiribsanii/himu.Gaaffileen qayyabanoo dubbisa keessaa bahanis gulataa kana keessatti hojjetamu.Kanaafuu, barattoonni sadarkaa sadaffaa kana keessatti utuu deggersa hinbarbaadin dhaamsa dubbisa dhihaatee himuufi deebii gaaffilee dubbisa keessaa bahanii sirriitti hojjechuutu irraa eegama (Paatirshiyaa, 2010).

## 2.7 Rakkoo Dandeettii Dubbisuu Dhabuutiin Mudatan

Dubbisuun dandeettii afaanii guguddoo afuran keessaa tokko; akkasumas, ergaa(dhaamsa) fudhdhachuudhaaf kan gargaaruudha. Haata'umalee barattoota biratti haqinni dubbisanii hubachuu mul'achuu danda'a.Kunis, milkaa'inaafi dandeettii barattoonni daree barnoota afaanii keessatti gonfachuu qaban irratti dhiibbaa guddaa uumuu danda'a. Hubannoon dubbisuun milkaa'iinsa  barattootaa daree barnoota afaanii keessaa qofa miidhuu akkasumas fayyaduu danda'a utuu hintaane,  daree barnootaatii alattis jireenyabarattootaa irratti dhiibbaa inni qabu salphaa miti (Forouzan, 2014).

Akkasumas, Forouzan, (2014) akka dabalataan ibsetti bu'aan qorannoo garaagaraa akka mul'isutti, hubannoo dubbisuutiin milkaa'uun carraa hojii argachuu, hoji argamus sirrtti hojjechuu, akkasumas jiruufi jireenya dhuunfaa ofii irrattis dhiibbaa uumu qaba. Kanaafuu, barattoonni hubannoo dubbisuu isaan milkeessu qaban kanneen dubbisanii hubachuu irratti rakkoo qaban caalaa fayyadamoo ta'u.  Barattoonni hedduun garuu kanarratti hanqina qabu.

Akkuma yaada armaan olii keessatti ibsamee jiru rakkooleen hanqina dubbisanii hubachuutiin walqabatanii ka'an ykn barattoota mudatan hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni kanneena akka ergaa darbaa jiru hubachuu dhabuu, carraa hojii gaarii argachuu dhabuu, daree barnootaa keessatti qorumsaa kallattii garaagaraatiin kennamu kufuu, jiruufi jireenya ofii keessatti osoo hinmilkaa'in hafuufi kkfdha.Kanaafuu, barattoonni daree barnoota Afaan Oromoo keessatti hubannoof dubbisuu ykn dandeettii ergaa barreeffama dubbisaaf dhihaatuu dubbisanii hubachuudhaaf carraaqqii taasisuutu irraa eegama.Barattoonni daree barnoota afaanii keessatti

kaayyoo dubbisuu, tarsiimoolee dubbisuufi gulantaalee dubbisuu sirriitti addaan baafatanii dubbisuuf tattaaffii hintaasisan yoo ta'e milkaa'ina gonfachuu sirumaa hindanda'an.

Yeroo hedduu barattoonni tokko tokko sadarkaan dubbisuu isaanii hamma isaan irraa eegamuu gadi ta'ee argama.Sababa kanaafis dubbisanii hubachuu irratti hanqina qabaachuu isaaniitu nihubatama.Yeroo  hedduun isaanii hubannoof dubisan, ergaa dubbisichi dabarsuu barbaade osoo hinhubatin hafanis jira. Haaluma walfakkaatuun daree barnoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffatti baratanii dubbisan keessattis rakkoon dubbisanii hubachuu barattoota hedduu nimudata.Daree barnoota Afaan Oromoo keessatti qofaas osoo hintaane, adeemsa jiruufi jireenyasanii keessattis bakka gahuu qaban gahuu dadhabuutu mul'ata.Kunis, sadarkaan dubbisanii hubachuu barattootaa gadaanaa ta'uu isaati jechuudha. Kun immoo milkaa'aiana barattootaatiif gufuudha (Forouzan, 2014).

Akkuma hayyuun kun jedhu kanatti barattoonni daree barnoota Afaan Oromoo keessatti eyroo barreeffama kennamu dubbisan dandeettiin hubannoo isaanii hamma irraa eegamu miti. Haata'umalee, barnoonni Afaan Oromoo barattoota kanneeniif afaan tokkoffaadha.Adeemsa jiruufi jireenya isaanii keessatti yeroo waa'ee afaan Oromoo dubbatan gosa barnootaa kanatti salphaatti milkaa'uu akka danda'an dubbatu. Daree barnootaa keessatti garuu bu'aan argamu faallaa wanta bakkeetti dubbatamuu ta'ee argama.

Barattoonni Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu irratti hanqina qaban ergaa barreeffamoota dgaraagaraa keessa jiran hubachuuf hedduu rakkatu.barattoonni dandeettii dubbisanii hubachuu hinqabne, barreeffama tokko keessaatti jechoonni haaraan kanneen isaan kanaan dura hinbeekne yoo isaan mudate hubachuu hindanda'an.Kunis rakkoon dubisanii hubachuu barattoota bira jiraachuusaa mul'isa.Walumaagalatti yaadonni armaan olitti eeraman kunniin, barattoota dubbisanii hubachuu irratti hanqina qabaniifi kanneenhanqina hinqabne gidduutti garaagarummaan milkaa'uu dhiisuufi milkaa'uudhaan safaramee beekamuu danda'a akka jiru agarsiisa (Michael, 2006).

Yeroo baay'ee namoonni hedduun dubbisa dubisanii ergaa dubbisichi dabarsuu barbaade osoo hinhubatin yeroo hafan nuquunnama.Gama biraatiin barattoonni afaan tokkoffaa baratan

dubbisanii hubachuu irratti bakki barattoonni jiraniifi bakka isaan gahuun irra ture gidduu garaagarummaan jira.Kana jechuunis, dandeettiin dubbisanii hubachuu barattootaa hanga irraa eegamuu gadi ta'uu isaati.Kun immoo beekumsa isaanii cimsachuuf isaan rakkisa.Dandeettiin qabiyyee kenname dubbisanii hubachuu barattootaa laafaa taanaan, barnoota afaanii qofa keessatti osoo hintaane gosa banoota kanneen biroo keessattillee miidhaa inni uuma daran olaanaadha (Foroowzan, 2014).

Yaada hayyoota kanneenii bu'uureffachuun, barattoonni yeroo dubbisa Afaan Oromoo dubbisan akka isaan qabiyyee dubbisan tokko hubachuu hindandeenyaaf wantoonni barattoota gufachiisan hedduun akka jiran hubachuun nidanda'ama.Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu giddaa qaaccessuu irratti xiyyeeffatee qorannoo kana geggeesse.Matadureewwan kanatti fufanii dhufan keessattis wantoonni dandeettii dubbisuu barattootaa irratti miidhaa geggeessuu danda'an walduraaduubaan ibsamanii jiru.

## 2.9 Wantoota Dandeettii Dubbisuu Barattootaa Miidhan

Barattoonni yeroo dubbisa Afaan Oromoo dubbisan akka isaan hinhubanneef wantoonni gufuu itti ta'an hedduutu jiru. Kanneen keessaa hedduun isaanii barattoota waliin kan walqabatan yemmuu ta'an, kaanneen hafan immoo barruu dubbifamu, haala barsiisotaa, naannoo (environment)fi haala daree barnootaatiin walqabatu. Kanaafuu, wantoota sadarkaa/dandeettii/ hubannoof dubbisuu barattootaa irratti miidhaa geessisan guutummaa guutuutti dhabamsiisuun ulfaataa yoo ta'e hamma dandaa'amu haala mijeessuudhaan hir'isaa deemuun barbaachisaadha (Dougals, 2000).

### 2.9.1 Dhimmoota Barataa Waliin Walqabatan

Sababoonni nama barreeffama tokko dubbisuun walqabatee akka ergaa dubbisichaa hinhubanne nama taasisanis hedduun isaanii ni jiru. Barattoonni yoo muuxannoo hubannoof dubbisuu hinqaban ta'e, dubbisuudhaaf kaka'umsa hinqaban.Muuxannoo dubbisuu qabanitti gargaaramanii beekumsa jechootaa irratti hubannoo gahaa yoo hingofanne dubbisanii hubachuuf rakkisaadha. Dubbisuun barattootaaf gochaa yeroo mara isaan eeggatu waan ta'eef kan isaan nuffisiisu ta'uu hunqabu. Muuxannoon yeroo wanta tokko dubbisan nuffuus jiraannaan,

dubbisanii hubachuun ulfaataadha. Dhiibbaan gama maatiitiin ijoollee irra gahus rakkoo uumuu danda'a. Kana jechuun maatiin muuxannoofi amaleeffannoo dubbisuu hinqabaneefi kanneen muuxannoo dubbisuu qaban gidduutti garaagarummaan jira jechuudha.Haaluma walfakkaatuun, muuxannoo barattoonni maatii isaanii keessaa qooddatanii gara daree barnootaa dhufanis dhiibbaa guudaa uumuu danda'a (Misgaanuu, 2018). Barattoonni hubannoo dubbisuu qaban warra dubbisanii hubachuu irratti rakkoo qaban caalaa fayyadamoodha.Barattoonni hedduun garuu kanarratti hanqina guddaa qabu.Barattoonni yoo siriiitti dubbisan malee carraa hojii argachuufi jiruufi jireenya guyyaa guyyaatti isaan qunnamaa oolu keessatti milkaa'uu hindanda'an.Yeroo baay'ee daree barnoota afaanii keessatti barattoonni hedduun sadarkaan dubbisuu isaanii hamma eegamuu gadi ta'ee argama. Kuni immoo, rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa irratti miidhaa qaqqabsiisuu danada'a.

Barattoonni rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu qaban dubbisa isaanii dhihaatu dubbisanii hubachuun irratti hanqina guddaa qabu.Yaada kana ilaalchise Mikaa'el (2006) akka ibsetti barattoonni dandeettii dubbisanii hubachuu hinqabne, barreeffama tokko keessaatti jechoonni haaraan yoo jiraate hubachuu akka hindanda'an. Kunis, dubbisanii hubachuun barattootaa laafaa akka ta'eefi rakkoon dubisanii hubachuu barattoota bira akka jiru sirriitti kan namatti mul'isuudha. Dimshaashumatti, barattoonni hedduun dubbisanii ergaa barreeffama dhihaatee hubachuu irratti hanqina akka qaban hubatamaadha. Kunis, arattoonni yeroo baay'ee dubbisa kennamu tokko dubbisuu malee dubbisni sun ergaa maalii dabarsaa akka jiru hubachuu irratti hanqina qabaachuu isaanii mul'isa.

### 2.9.2 Dhimmoota Barreeffamaan Walqabatan

Barreeffamoonni garaagaraa kanneen akka barattoonni dubbisaniif daree keessatti barattootaaf kennamu ergaa hubachuuf barbaadamu seeraan hubachuufi hubachuu dhabuudhaaf shoora slaphaa hinqaban. Rakkoo barreeffamaan walqabatee dhufu danda'u keessaa muraasni isaanii akkaataan ijaarsa barreeffama dubbisuuf kennamee rakkoo qabaachuu, gahumsa afaanii gahaa dhabuu, akkasumas jechoota waaltawaa hinta'initti gargaaramuu, dandeettii barreessuu sirrii gargaaramne osoo hingargaaramin akkafeeteedhaan barreeffama ulaagaa hinguunne dhiheessuufi kkfn taananis ergaa barreeffamichaa dubbisanii hubachuu barattootaa irratti miidhaa guddaa

qaba.Wantoota akka dubbistoonni ergaa barreeffamaa hinhubanne taasisan hedduu keessaa muuxannoo dubbisuu amaleeffachuu dhabuun isa tokkoodha(Hamidnur,2007).

Dabalataanis, jechootaafi qabiyyeewwan dubbifaman irratti hubannoo gahaa dhabuunis miidhaa salphaa hinqabu.Kanaafuu, baratan yemmuu dubbisus ta'e yeroo barsiisaan dubbisuu barsiisu xiyyeeffannoon dubbisa kennamee maal akka ta'e sirriitti xiinxaluun hubachuun barbaachisaadha(Hamidnur,2007). Haaluma walfakkaatuun, qabiyyeen dubbifamu qindaawaafi seera afaan ittiin dhihaatee sirriitti eegee yoo hindhihaatu ta'e rakkoo qaba. Caasaa walxaxaa irraa kan ijaaramuu osoo hintaane qabiyyee ykn caasaalee salphaa ta'ani irraa gara caasaalee walxaxaa ta'aniittis deemuu qaba. Sadarkaa, dandeettiifi fedhii barattootaa giddu galeessa godhachuunis dubbisanii hubachuu barattootaa keessatti faayidaa guddaa qaba.Dubbisa sirrii filachuun daree barnootaa keessatti hubannoof dubbisuu barsiisuun barsiisotaafis ta'e barattootaaf baay'ee barbaachisaadha. Dubbisa filachuuf adeemsonnifi walduuraaduuni gochaawwanii sirriitti kaa'amuun dubbisa kenname hubachuuf daran murteessaadha. Qabxiileen armaan olitti ibsamaniifi kanneen kana fakkaatan marti isaanii dubbisa kennamuun kan walqabataniidha.

Sadarkaan dandeettii xiinqooqaa barattootaa, sadarkaan barnoota barattootaa,sadarkaan qabiyyee dubbisaafi haalli qabatamaan aadaa barattootas hubaannoo guddaa gaafata. Meeshaalee dubbisuu naannoo keenyatti argaman keessaa kanneen hubachuuf dubbisuu barattootaa madaaluuf tajaajilan filachuunis milkaa'ina gonfachiisa.Wantoota namoonni dubbisuu danda'a hedduu keessaa muraasni isaan armaan gadiiti. Fakkeenyaaf, seeneffamoota, durduriiwwan, sheekoowwaniifi barreeffamoota biroo kannen akka barruuwwanii, galmee yaadannoowwan namoota garaagaraa, seenaa namoota addaa addaa, xaphoota, walaloowwan, faaruu, xalayoota, postikaardii, gaazzexaa, barruuwwan gaggabaaboo, keyyatoota(articles) kanneen beekamtii argatan, gabaasawwan, cuunfaa barreffamootaa moojuuloota, kitaabilee, beeksisootafi kan kana fakkaataniidha(Misgaanuu, 2018).

Yaada hayyuu armaan olii bu'uura godhachuudhaan, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dareee barnoota afaanii keessatti yeroo hubannoof dubbisuu barattoota barsiisanis ta'e yeroo dandeettii hubannoo dubbisuu madaalan yoomessa keessa jiran irratti hundaa'anii sadarkaa barsiisaa

jiranitti meeshaalee jiran keessaa kanneen mijawoo ta'an gargaaramuun gaariidha.Dubbisa tokko kennuudhaan dubbistoota adda addaatiin hiikni garaagaraa akka argamu gochuun nidanda'ama.Akkasumas, barreeffamoonni dubbifaman kaayyoo, seenduubeefi walitti dhufeenya dubbisaadhaafi barreessaa gidduu jiru kan barruu sana keessa kaa'ameen addaan baasuun nidanda'ama. Dubbisni tokko osoo filannoo dhumaatiif barattootatti hindhiyeessin dura ulaagaan filannoo dubbisa barattootaaf barbaachisaa ta'e xiyyeeffannoo keessa galuu qabu (Naataal, 1996).

Ulaagaan filannoo dubbisa tokko barattootaaf filuuf barbaachisu xiyyeeffatamuu qabu. Ulaagaa kanneen osoo giddugaleessa hingodhatin barattootaaf kan dhiyaatu yoo ta'e dandeettii hubannoof dubbisuu barattootaa kan hindaballe ta'uu hubachuun gaaridha. Dubbisni tokko jalqaba walqabatiinsa qabaachuu qaba. Kana jechuunn dubbisni filatamu sun fedhii, dandeettii barattootaa waliin kan walqabatu ta'uu mirkaneeffachuutu  barbaachisa. Dubbifamummaan isaa ulaagaa biraa dubbisa fiachuuf barbaachisudha. Inni kun kan agarsiisu cimina caasaafi sirna barreeffama dubbisichaati. Akkuama sadarkaan xiinqooqaafi caasaa dubbisa tokkoo barattoota hundaaf walfakkaataa hintaane, baratootaaf beekumsi jechootaafi caasaan dubbisaa sadarkaa dubbisa isaan gituutti filatamuufi qaba. Kana irraa kan hubatamu dubbisni barattootaaf filatamu kan humna isaaniitii ol ta'e ta'uu hinqabuudha (Misgaanuu, 2008).

Dubbisni hundumtuu jechoota haraa hedduu yoo qabaate miidhaa niqabaata. Barattoonnis irrajireessaan waa'ee jechoota sanaa dhiphatu malee ergaa dubbisa dhihaatee hubachuu hindanda'an. Kanaafuu, barreeffama gaggabaaboo keessattis ta'e barreeffama dhedheeroo keessatti jechoonni dubbisaaf dhihaatan madaala isaanii eeggachuun dhihaachuutu irraa eegama (Kiraashin, 1993).

# Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

Boqonnaan kun malleen qorannichaa, madda odeeffannoo, jamaa qorannichaa, iddattoofi iddatteessuu, meeshaa funaansa odeeffannoo, mala odeeffannoon ittiin qaacceffamu, sakkoo qorannichaafi wabiilee ofkeessaa qaba.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun qorannoo ibsaati. Kaayyoon qorannichaas rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa xiinxaluudha. Qorataan adeemsa hojii qorannichaa keessatti odeeeffannoo barbaachisoo ta'an argachuudhaaf kan isaaf mijatu gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo ibsaatti gargaarame.

Qorannoon ibsaa adeemsa qorannoo geggeeffamu keessatti ragaa hojii yeroo ammaa hojjetamaa jiru qabatamaatti argachuuf tajaajila. Akkasumas haala wantonni raawwachaa jiran keessatti hojjetamaa jiran ibsuudhaaf kan gargaaruudha. Kanaafuu, dandeettii dubbisuu barattootaa daree barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa ilaalchisee ragaa qabatamaafi amansiisaa ta'e argachuudhaaf qorannoo ibsaatti gargaaramuun gaariidha.Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa qorannoo ibsaatti gargaarama jechuudha (Jonsen, 2005).

## 3.2 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Irraawwatama qorannoo hundumasaanii irraa odeeffannoo barbaachisaafi kanneen kaayyoo qorannoo geggeeffamu tokkoo milkeessan argachuuf yaaluun ulfaataadha. Kanaafuu, maddi odeeffannoo ragaa barbaachisaa kennan argachuudhaaf madda odeeffannoo keessaa kanneen ragaa kennuu danda'an filachuun gaariidha.

Iddatteessuun mala qorattoonni kaayyoofi mata duree qorannoo irratti geggeessanii giddugaleessa taasifachuudhaan madda odeeffannoo fedhii, muuxannoo, beekumsaafi odeeffannoo qorannoo geggeeffamu milkeessu kennan ittiin filatuudh. Yaada armaan olii bu'uura godhachuun ragaa barbaachisaa qorannichaaf malu funaannachuuf qorataan qorannichaa barattoota mana barumsichaa keessaa mala mit-carraa gargaaramuudhaan madaa odeeffannoo nifilata (Sarantakos, 2005).

Baay'inni barattoota kutaa kurnaffaa mana barumsichaa barattoota dhiiraa 68fi dhalaa 74 waliigalatti 142ture. Barattoonni kun daree barnootaa lamatti qoqqoodamanii barachaa turan. Daree tokko keessa dhiira 32fi dhalaa 38 ida'ama 70 yemmuu ta'u daree biraan immoo dhiira 33fi dhalaa 39 waliigalatti 72dha. Kanaafuu, qorataan qorannichaa barattoota kanneen tooftaa mit-carraatti gargaaramuudhaan barattoota guutummaatti akka hirmaatan taasifame. Bu'uuruma kanaan, barsiisota muummee Afaan Oromoo mana barumsichaa baay'inaan sadii waan ta'aniif sadanuu isaanii iddattoo ta'an jechuudha.

## 3.3 Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorataan qorannoo kanaa yeroo odeeffannoo funaannatu.Meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaa dareetti gargaarame.

### 3.3.1 Daawwii Daree

Meeshaan funaansa ragaa kun daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti hojiirra oole. Kaayyoon isaas, daree barnootaa keessatti barsiisaan yeroo barsiisu qabxiilee mirkaneeffannaa ykn 'cheeklistii' qopheessuun hojiirra oolmaa tarsiimoo hubannoof dubbisuun ittiin barsiifamu daawwachuu ture.Osoo daawwannaan daree barnootaa keessatti hingeggeeffamni dura garuu hoggansa mana bumsaa irraa hayyamni daawwannaa fudhatame.

Akkasumas, barsiisaa daree daawwatamuuf deemu wayiitii barnootaa keessaa kanneen hubannoo dubbisuu barsiisuun dhuunfatame adda baafachuun akkaataa unka (cheeklistii) qophaa'eetti daawwannaan daree geggeeffame.Qorataan qorannichaa yeroo daawwannaa geggeesse bakka odeeffannoo argachuudhaaf isa dandeessisu ilaaluun erga addaan baafatee booda bakka mijataa taa'ee daawwate. Daawwannaan kun marsaa lama daree barnootaa lama keessatti geggeeffame. Daawwannaa daree booda barsiisaafi barattoonni dareen isaanii daawwatamu galateeffatamaniiru.Ragaan daawwannaa dareetiin walitti qabanis mala qaaccessa ragaa akkamtaatiin qaacceffaman.

### 3.3.2. Bar-Gaaffii

Bargaaffiin meeshaa funaansa odeeffannoo qorataan qorannichaa gargaaramuudhaan ragaa funaannate ture. Haaluma kanaan, bargaaffiin barattootaaf qophaa'e gaaffilee kudhan(10)

kanneen cufaa ta'an barattoota iddatteeffamaniif dhihaatan. Gaaffileen kunniin filannoodhaan deebifaman.Odeeffannoon meeshaa kanaan funaanames gaaffilee dhimma rakkoo dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa irratti xiyyeeffate.Adeemsa funaansa ragaa isa keessatti, jalqaba barattoota tooftaa kanaan ragaa kennuuf filatamaniif barbaachisummaan odeeffannoo isaan kennanii galma gahiinsa qorannoo kanaaf bakka guddaa akka qabu itti himuudhaan booda odeeffannoon kennamu dhimma qorannichaa qofaaf akka oolu, akkasumas madda odeeffannootiif eeggannoon akka taasifamutu ittihimame.Xumura irratti, akka bargaaffiin raabsamee ture funaanamee maddi odeeffannoo martinuu galateeffatamaniiru.

### 3.3.3. Af-Gaaffii

Afgaaffiin, ragaa funaanamu keessatti ykn adeemsa qorannoo geggeessuu keessatti madda odeeffannoo jalqabaa qaamaan qorannoon irratti hojjetamu irraa fuulaaf fuulaan wal arguun odeeffannoo qorannoof barbaachisu funaannachuuf kan tajaajiludha (Cohen, Manionfi Morrison, 2005). Qorannoo kanaafis odeeffannoo bargaaffidhaan aragmu dhugummaasaa mirkaneeffachuuf barsiisota barattoota kana barsiisanfi maatii barattootaa irraa ragaan funaaname.

Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaaname rakkoo dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa adda baasuuf, tarsiimoo dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf ittiin barsiifamu madaaluufi xiyyeeffannoo dandeettii dubbisuuf kenname irratti deebii argachuuf kan oolu ta'e. Adeemsi isaas, jalqaba barsiisonnifi maatiin barattootaa iddatteeffaman qorannoo kanaaf jecha ragaa isaan irraa funaanuun akka barbaadame ittihimame. Sana booda immoo akkaataa sagantaan isaaniif miijatetti beellamuun gaaffii banaa heddumminaan 5(shan) ta'an afaaniin gaafataman.

Barsiisotaafis ta'e maatii barattootaatiif gaaffii walfakkaataatu dhihaate.Gaaffilee gaafatamaniin walqabatee wanti isaaniif ifaa ta'uu dide yoo isaan quunname, mirgi gaaffii gaafachuufi ibsa barbaachisaa argachuus kennameeraaf. Dhumarratti, deebiin isaan kennan bifa yaadannootiin qabatame. Xumra irratti hirmaannaafi deeggarsa taasisaniif galateeffaman.

## 3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaaleen bar-gaaffii barattootaa, af-gaaffii barsiisotaafi maatii barattootaafi daawwannaa dareetiin funaanamanii erga xumuramanii booda maala qaacceesa ragaalee garaagaraa (mala

qaaccessa ragaa hammamtaafi mala qaaccessa ragaa akkamtaa)tti dhimmi bahamuun qaacceeffaman.Odeeffannoon bargaaffiidhaan barattootarraa funaaname mala qaaccessa ragaalee keessaa bifa lakkoofsaatiin(hammamtaatiin) kan qaacceffame ta'ee, kunis gabatee, lakkoofsaafi dhibbeentaadhaan taa'e.

Ragaaleen af-gaaffiifi daawwannaa dareetiin sassaabaman immoo mala qaaccessa ragaalee akkamtaatiin qaacceeffamanii dhihaatan. Kunis, keeyyata ibsaa fayyadamuudhaan qaacceffame jechuudha.Yaanni cheeklistii keessa kaa'amu hiika maalii akka qabu bifa ibsaatiin dhiyaate. Ragaa afgaaffiidhaan barsiisotarraa argames walitti qindeessuun erga dhiyaatee, yaanni isaan kennan sun immoo maal jechuu akka ta'e keeyyata ibsaatiin barreeffamanii akkaataa barbaachisummaa isaaniitti gaaffilee bu'uuraa qorannootti fiduun ibsamaniiru.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti ragaalee meeshaalee funaansa odeeffannootiin funaanamantu gaaffilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'anii walduraaduubaan akkaataa barbaachisummaa isaaniitti qaacceffamanii jiru. Ragaaleen qaacceffaman kunniinis mata dureewwan addaa addaa jalatti qoqoodamanii kaa'amanii jiru.

## 4.1. Rakkoo Afaan Oromooo Dubbisanii Hubachuu Barattootaa

### 4.1.1 Rakkoo Dubbisuu

Gabatee 1: Karooraa, haalaa, sadarkaa dubbisaafi gahumsa barattootaa

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Karoora dhabuu | 24 | 17 | 12 | 8 | 11 | 8 | 66 | 47 | 29 | 20 | 142 |
| ii | Haala mijaawaa dhabuu | 57 | 40 | 49 | 35 | - | - | 19 | 13 | 17 | 12 | 142 |
| iii | Dubbisa madaalamaa dhabuu | 77 | 54 | 54 | 38 | - | - | 7 | 5 | 4 | 3 | 142 |
| iv | Muuxannoo dubbisuu dhabuu | 45 | 32 | 61 | 43 | 6 | 4 | 16 | 11 | 14 | 10 | 142 |
| v | Ga'umsaan dubbisuu dhabuu | 22 | 15 | 27 | 19 | 8 | 11 | 45 | 32 | 40 | 49 | 142 |

Ibsa: BH= Baay'ee hindeggeru HD= Hindeggeru HM= Hinmurteessu ND= Nandeggera

BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gaaffii kana deebisuufis, barattoonni 66(%47) baay'een deggera; 29(%20) nandeggera jedhan. Barattoonni 24(%17) baay'ee hindeggeru 12(%8) hindeggeru; 11(%8) hinmurteessu jedhanii deebisan. Ragaan barattootaan kenname kun dimshaashatti yemmuu ilaalamu barattoonni irrajireessaan karoora akka qaban mul'ise. Kunis, dhibbantaa 66(%47) kanneen ta'an itti waliigaluu isaanii irraa hubatame.Ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame garuu fallaa kanaati.

Gaaffiin lammaffaan, haala mijaawaa dhabuubarattootaa addaan baasuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 57(%40) baayyeen deggera, 49(%35) hindeggeru, 19(%13) immoo baayyee hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni 17(%12) immoo itti waliihingalu jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti barattoonni dubbisuudhaaf haala mijaawaa sirumaa hinqaban. Barsiisonni garuu akka barattoonni haala mijaawaa qaban ibsan. Gaaffiin sadaffaan, akka barattoonni dubbisa madaalamaa argatan ilaalchhisee ragaa walitti qabuu irratti xiyyeeffate. Gaaffii kana deebisuufis barattoonni 77(54%) baayyeen deggera, 54 (%38) hindeggeru, 7(%5) baayyeen hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni 4(%3) immoo hindeggeru jedhanii deebisan.

Akka ragaa argame kanaatti barattoonni dubbisuudhaaf haala mijaawaa sirumaa hinqaban. Barsiisonni garuu akka barattoonni dubbisa madaalamaa argatan ibsan. Dabalataanis, dubbisni kitaaba barataarra jiru sirriitti sadarkaa barsiifamuu qabutti barsiifamuuf akka dhihaateef ragaa barsiisonni kennan irraa argachuun danda'ameera.

Gaaffiin afuraffaan, muuxannoo dubbisuu qabaachuu barattootaa irratti ragaa funaanuuf xiyyeeffate. Gaaffii kanaafis barattoonni, 61(%43) hindeggeru, 45(%32) baay'een dehggera; 16 (%11) baayyeen hindeggeru; barattoonni 14 (%10) immoo hindeggeru jedhanii deebisan. 6(%4) murteessuu akka hindandeenye himanii, jedhanii deebisan. Akka ragaa barattoota irraa argame kanaatti barattoonni dubbisuudhaaf haala mijaawaa sirumaa hinqaban. Barsiisonni garuu akka barattoonni dubbisa kenname dubbisuuf muuxannoo gahaa qabu. Haata'u malee akka ragaan daawwannaa dareetiin argame mul'isetti barattoonni wanta muuxannoo dubbisuu qaban hinfakkaatan. Gaaffiin shanaffaan, ga'umsaan dubbisuu dhabuu barattootaa irratti ragaa funaanuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni, 45(%32) baayyeen hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni 40(%49) immoo hindeggeru jedhanii deebisan. 27(%19) nandeggera, 22(%15) baayyeen deggera, 8(%11) murteessuu akka hindandeenye himan. Akka ragaa argame kanaatti barattoonni dubbisuudhaaf muuxannoo qabu. Barsiisonnis akka barattoonni dubbisa kenname dubbisuuf gahumsa hinqaban. Ragaan daawwannaa dareetiin argames barattoonni akka gahumsa dubbisuu hinqabne adda baase.

### 4.1.2 Rakkoo Qajeelfamaa, Deggersaafi Fayyadama Jechootaafi Sagaleelee

Gabatee 2: Rakkoo qajeelfamaa, deggersaafi fayyadama jechootaafi sagaleelee

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Qajeelfama dubbisuu wallaaluu | 29 | 20 | 12 | 8 | 16 | 11 | 60 | 43 | 25 | 18 | 142 |
| ii | Deggersa dhabuu | 50 | 35 | 56 | 39 | 4 | 3 | 19 | 13 | 13 | 10 | 142 |
| iii | Fayyadama qubeelee, sagaleeleefi jechootaa wallaaluu | 67 | 48 | 50 | 35 | 19 | 13 | - | - | 6 | 4 | 142 |
| iv | Yaada ijoo addaan baasuuf rakkachuu | 40 | 28 | 60 | 43 | 6 | 4 | 13 | 9 | 23 | 16 | 142 |

Safartu: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera
BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gaaffiin jalqabaa, akka barattoonni qajeelfama dubbisuu hinbeekne adda baasuuf ragaalee walitti qabuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 60 (%43) baayyeen hindeggeru jedhanii deebisan. 29 (20%) baayyeen deggera jedhanii deebisan. Barattoonni 25(%18) immoo hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni 16(%11) murteessuu akka hindandeenye himanii, 12(%8) itti waliihingalu, Akka ragaa argame kanaatti barattoonni qajeelfama dubbisuu nihubatu; beekus. Haata'u malee, barsiisonnis akka barattoonni qajeelfama dubbisa kennamee hinhubanne ibsanii, dabalataanis, rakkoo hubachuu dadhabuu qofa utuu hintaane xiyyeeffannoo kennuu dhabuunis akka rakkoo dubbisuu barattootaa ta'e eeraniiru.

Gaaffiin itti'aanee jirus, deggersa dhabuu barattootaa adda baasuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 56(%39) hindeggeru, 50(%35) baayyeen deggera, 19(%13) baayyeen hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni 13(%10) immoo hindeggeru jedhanii deebisan. 4(%3) murteessuu akka hindandeenye himan. Akka ragaa argame kanaatti barattoonni deggersa hinqaban. Haata'u malee, barsiisonnis akka barattoota deggeran himan. Qoratichi daawwannaa geggeesseen akka hubatetti garuu, ragaan barsiisotaan dhihaate hanqina qabaachuu hubate. Ragaan bargaaffiifi daawwannaa dareen argame deegersa dhabuu barattootaa sirriitti adda baaseera.Kanaafuu, deggersa dhabuun rakkoo dubbisuu barattootaati.

Gaaffiin sadaffaan, fayyadama qubeelee, sagaleeleefi jechoota Afaan Oromoo wallaaluu barattootaa addaan baasuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 67(%48) baayyee hindeggeru, 50(%35) hindeggeru, 19(%13) immoo hinmurteessu jedhanii deebisanii, 6(%4) immoo baay'ee hindeggeru jedhanii deebisan. Ragaan bargaaffii barattootaan argame akka mul'isetti rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa keessaa tokko kan ta'e haala fayyadama qubeelee, sagaleeleefi jechootaa wallaaluu barattootaati. Afgaafiin barsiisotaafi daawwannaan darees ragaa walfakkaatu argamsiiseera.

Gaaffii afuraffaan, yaada ijoo dubbisa kennamuu addaan baasuuf rakkachuu barattootaa irratti ragaa funaanuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 60(%43) hindeggeru, 40(%28) baayyeen hindeggeru jedhan. Barattoonni 23(%16) immoo baay'een deggera jedhanii deebisan. 13(%9) nan deggera jedhanii deebisan. 6(%4) murteessuu akka hindandeenye himan. Akka ragaa argame kanaatti barattoonni yaada ijoo dubbisa kennamuu addaan baasuuf hedduu akka hinrakkaneedha.

Haata'u malee, barsiisonni akka barattoonni yaada ijoo dubbisa kennamuu addaan baasuuf hedduu rakkatan ibsan.Qoratichis, daawwannaa geggeesseen akka adda baasetti barattoonni dubbisa kennameef erga dubbisanii xumuranii yaada ijoon dubbisa dhihaatee maal akka ta'e gaafatamanii turan.Haata'umalee, barattoonni guutummaa guutuutti yaada ijoo adda baafachuun sirriitti deebisuu hindandeenye.

Dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuun rakkoo dubbisuu barattootaa ta'uu akka danda'u adda baasuuf dhihaate. Gaaffii kanaafis barattoonni 40(%29) baay'een deggera jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuun rakkoo dubbisuu barattootaa ta'uu akka hindandeenyeedha. Barattoonni 37(%27) hindeggeru jedhanii deebisan. 34(%25) nandeggera jedhanii deebisan. Barattoonni 27(%19) baayyee hindeggeru jedhan. Haata'u malee, barsiisonni dubbisa sadarkaa eeggate dhabuun rakkoo dubbisuu barattootaa ta'uu akka danda'u eeraniiru. Dimshaashatti, rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'uu kan danda'an wantoonni hedduun jiraatanis qajeelfama dubbisuu wallaaluu, deggersa dhabuu, fayyadama qubeelee, sagaleeleefi jechoota Afaan Oromoo wallaaluu, Yaada ijoo addaan baasuuf rakkachuufi dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuufaa rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa akka ta'e qorataan qorannichaa adda baafateera.

## 4.1.3: Haala Qophii Dubbisa Kennamee

Gabatee 3: Haala qophii dubbisa kennamuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Maatiifi hawaasni mana barnootaa quunnamtii dhabuu | 47 | 33 | 23 | 16 | 13 | 9 | 29 | 30 | 30 | 21 | 142 |
| ii | Maatiin dubbisuufi barreessuu hindandeenye keessa jiraachuu | 70 | 49 | 35 | 25 | 5 | 4 | 27 | 10 | 5 | 4 | 142 |
| iii | Haala qophii dubbisaafi sadarkaa barattootaa | 6 | 4 | 16 | 11 | - | - | 92 | 65 | 25 | 18 | 142 |
| iv | Sadarkaa manneen barnootaafi hawaasaa | 19 | 13 | 11 | 8 | - | - | 97 | 68 | 23 | 16 | 142 |

Ibsa: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera
BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gabatee armaan olii keessatti hariiroo maatii barattootaa, haawaasa mana barumsaafi barsiisotaa, haala qophii dubbisa kennamuu, maatii dubbisuufi barreessuu hindandeenye keessa jiraachuu, haala qophii dubbisaafi sadarkaa barattootaafi sadarkaa manneen barnootaafi hawaasaatu ragaa quubsaa funaanuuf tartiibaan dhihaate.

Haaluma kanaan, gaaffii tokkoffaan, maatiifi hawaasni mana barnootaa quunnamtii dhabuun rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'uu akka danda'u adda baasuuf dhihaate. Gaaffii kanaafis barattoonni 47(%33) baayyeen deggera, 30(%21) hindeggeru jedhanii deebisan. 29 (%30) baay'ee hindeggeru jedhanii, 23(%16) nandeggera, 13 (%9) hinmurtoofne jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti maatiifi hawaasni mana barnootaa quunnamtii barbaachisaafi wayitaawaa dhabuun rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaati.

Ragaan maatii barattootaa irraa argame (Koree GMB) akka mul'isettis, maatii barattoonni keessaa bahaniifi hawaasni mana barumsaa hariiroo utuu qabaatee rakkoo barattoonni dubbisuu irratti qaban yeroo yerootti waliif gabaasaa deemuun fooyyessuun nidanda'ama ture. Haata'u malee, haala qabatamaa yeroo kana keessa jiruun hariiroon maatii barattootaafi mana barumsaa gidduudhaa dhibuun rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'ee jira. Qoratichis, hariiroo barbaachisaan maatii barataafi manneen barnootaa gidduu jiraachuu qofti quubsaa akka hintaaneefi dabalataan barsiisaan barattoota barsiisu utuu kallattii barbaadamuun maatii barattootaa wajjin hariiroo qabu jabeessaa deemee gaarii ta'uu isaa hubateera.

Gaaffii lammaffaan, maatii dubbisuu hindandeenye keessa jiraachuun rakkoo dubbisuu ta'uu akka danda'u adda baasuuf dhihaate. Gaaffii kana deebisuudhaafis barattoonni 70(%49) baayyeen deggera, 35(%25) nandeggera, barattoonni 27(1%0) baay'ee hindeggeru jedhanii 5(%4) hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni immoo 5(%4) hinmurteessu jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti maatii dubbisuu hindandeenye keessa jiraachuun rakkoo dubbisuu barattootaati. Ragaan afgaaffii koree GMBtiin argame akka mul'isettis, barattooni hedduun maatii barate keessaa dhufanis, harki caalaan barattootaa maatii dubbisuu hindandeenye keessaa bahanii mana barumsaa dhufu. Kunis, akka barattoonni dubbisaaf hinxiyyeeffanne taasiseera. Gaaffii sadaffaan, haala qophii dubbisaafi sadarkaa barattootaa irratti xiyyeeffate. Gaaffii kana deebisuudhaafis barattoonni 92(%65) baay'ee hindeggeru jedhanii deebisanii, 25(%18)

hindeggeru jedhanii deebisan. 16(%11) nandeggera, 6(%4) baayyeen deggera jedhan. Ragaan argame kunis haalli qophii dubbisaafi sadarkaa barattootaa rakkoo dubbisuu barattootaa miti.Ragaan afgaaffii koree GMBfi afgaaffii barsiisotaatiin argame akka mul'isetti garuu, haalli qophii dubbisa kennamuufi sadarkaan barattootaa walsimachuu dhabuun rakkoo dubbisuu barattootaa ture.

Gaaffii afuraffaan, sadarkaa manneen barnootaafi hawaasaa irratti xiyyeeffate. Gaaffii kana deebisuudhaafis barattoonni 97(%68), baay'ee hindeggeru, 23(%16) hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni 19(%13) baayyeen deggera, 11(%8) nandeggera jedhanii deebisan. Ragaan argame kunis sadarkaa manneen barnootaafi hawaasaa wal hinmadaalle rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaati. Ragaan afgaaffii koree GMBfi afgaaffii barsiisotaatiin argame kan bargaaffii barattootaatiin argamee wjjin daran walfakkaata.Waliigalatti, maatiifi hawaasni mana barnootaa quunnamtii dhabuu,maatii barattootaa dubbisuuhindandeenye keessa jiraachuu, haalli qophii dubbisaafi sadarkaa barattootaa akkasumas sadarkaanmanneen barnootaafi hawaasaa sadarkaa garaagaraa dhimma barnootaa irratti walitti dhufeenya qaban madaallii isaa hineegganne martinuu rakkoo dubbisuu barattootaa ture.

### 4.1.4 Rakkoo Ergaa Dubbisa Kennamee Hubachuu

Gabatee5: Rakkoo ergaa dubbisa kennamee hubachuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| I | Kaartaa, fakkiiwwaniifi waantota bebbeekamoo adda baafachuu dadhabuu | 81 | 57 | 25 | 18 | 16 | 11 | 13 | 9 | 7 | 5 | 81 |
| Ii | Qabiyyee dubbisan jechoota mataa ofiitiin ibsuu dadhabuu | 26 | 18 | 39 | 27 | 27 | 19 | 40 | 28 | 10 | 8 | 26 |
| iii | Odeeffannoo murtaawaa dubbisa kennamee hubachuu dhabuu | 4 | 3 | 38 | 27 | 33 | 23 | 27 | 19 | 40 | 28 | 4 |
| Iv | Yaada waliigala dubbisa kennamuu hubachuu dhabuu | 75 | 53 | 27 | 19 | - | - | 20 | 14 | 20 | 14 | 75 |

Ibsa: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera
BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gabatee armaan olii irraa akkuma hubatmu gaaffiin tokkoffaan, kaartaa, fakkiiwwaniifi waantota bebbeekamoo adda baafachuu dadhabuu addaan baasuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 81(%57) baayyeen deggera, 37(%26) nandeggera 16(%11) hinmurteessu, 13(%9)baayyee hindeggeru, 7(%5) immoo hindeggeru jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti kaartaa, fakkiiwwaniifi waantota bebbeekamoo adda baafachuun wanta barbaadame argachuu dadhabuun rakkoo dubbisuu barattoonni qabaniidha.

Gaaffiin lammaffaan, qabiyyee dubbisan jechoota ykn yaada mataa ofiitiin ibsuu dadhabuu barattootaa addaan baasuu irratti xiyyeeffate. Gaaffii kanaafis barattoonni 26 (1%8) deggera jedhan. Barattoonni 39(%27) Hindeggeru jedhan. Barattoonni 27(%19) hinmurteessu jedhanii deebisanii, 40(%28) baay’ee hindeggeru yemmuu jedhan, 10(%8) immoo hindeggeru jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti qabiyyee dubbisan tokko jechoota ykn yaada mataa isaaniitiin ibsuu dadhabuu rakkoo dubbisuu barattoonni qabaniidha.

Qoratichis, yeroo daawwannaa geggeessetti utuu barsiisonni dubbisa kenname barattoonni dubbisanii ergaa dubbisichaa utuu hinjijjiirin yaada biroodhaan ibsaniif carraa kenneefii ture. Haata’u malee, akka barbaadametti deebisuun barattootatti ulfaatee ture.Ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame akka adda baasettis barattoonni dubbisa kenname erga dubbisanii booda utuu ergaa isaa hinjijjiirin haala barbaadameen ibsuu hindandeenye.

Gaaffiin sadaffaan, odeeffannoo murtaawaa dubbisa kennamee hubachuu dhabuu barattootaa addaan baasuu irratti xiyyeeffate. Gaaffii kanaafis barattoonni 4(%3) baay’een deggera jedhan. Barattoonni 26 baay’een deggera, 40(%28) hindeggeru, (%27) baay’ee hindeggeru jedhan. Barattoonni 38(%23) nandeggera jedhanii deebisanii, 33(%19) hinmurteessu yemmuu jedhan, jedhanii deebisan. Kunis, odeeffannoo murtaawaa dubbisa kennamee hubachuu irratti hanqinni gama barattootaatiin mul’atu akka hijirre mul’ise. Ta’us, yeroo daawwannaan geggeeffamee ture barsiisaan odeeffannoo murtaawaa dubbisa kennamee kanneen akka guyyaa, bara, maqaafi kkf akka barattoonni adda baasanii himan taasisus deebii sirriin argamuu hindandeenye. Ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argames ragaa daawwannaa dareetiin argamee wajjin waldhugoomseera. Gaaffiin afuraffaan, yaada waliigala dubbisa kennamuu hubachuu dhabuu barattootaa addaan baasuu irratti xiyyeeffate. Gaaffii kanaafis barattoonni 75(%53) baayyeen deggera jedhan.

Barattoonni 27(%19) nandeggera. 20(%14)baay'ee hindeggeru yemmuu jedhan, 20(%14) immoo hindeggeru jedhanii deebisan.

## 4.2 Madda Rakkoo Dubbisanii Hubachuu Barattootaa

Dhimmoonni dubbisa barattootaaf dhihaatuun walqabatan madda rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa akka ta'an qorannoo geggeeffame kanaan adda baafameera. Haaluma kanaan, gabatee armaan gadii keessatti qulqullina dhabuu, sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu akkasumas, haalli qabatamaan dubbisa kennamee daree keessatti maal akka fakkaatu kanatti fufee dhihaate.

### 4.2.1 Dhimmota Dubbisa Dhihaatuun Walqabatan

Gabatee 6 Dhimmota Dubbisaan Walqabatan

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| I | Qulqullina dhabuu dubbisa kennamee | 60 | 42 | 20 | 14 | 10 | 7 | 31 | 22 | 21 | 15 | 142 |
| Ii | Dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuu | 80 | 56 | 36 | 25 | 5 | 4 | 11 | 8 | 10 | 8 | 142 |
| Iii | Qabiyyeen dubbisaaf dhihaate bal'achuu | 45 | 32 | 39 | 27 | 20 | 14 | 12 | 8 | 26 | 18 | 142 |
| Iv | Qabiyyeen dubbisaaf dhihaate baay'ee muraasachuu | 13 | 9 | 19 | 13 | 26 | 18 | 50 | 36 | 34 | 24 | 142 |
| V | Tartiibni dubbisa kennamuu sadarkaa eeggachuu dhabuu | 28 | 20 | 27 | 19 | 28 | 20 | 26 | 18 | 33 | 23 | 142 |

Ibsa: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera

BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amu barattoonni bargaaffii raabsame fudhatan 142 yemmuu ta'an waraqaa bargaaffii osoo hindeebisin hafan hinturre. Kanaafuu, odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu barattoota iddatteeffaman mara irraa walitti qabamee qaacceffameera. Madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ilaalchisee gaaffii dhihaate keessaa inni jalqabaa "Qulqullina dhabuun dubbisa kennamee madda ta'uu danda'amoo hindanda'u" kan jedhuu ture. Gabatee 6 irratti akkuma ibsame barattoonni 60(42%) baayyeen deggera. Dabalataanis, barattoonni 31(%22) immoo baay'ee hindeggeru yemmuu jedhan

barattoonni 21(%15) hindeggeru jedhanii deebisan. Barattoonni 20(%14) hindeggeru jedhan. Barattoonni 10(%7) hinmurteessu jechuun deebisan.

Akka odkennitoonni jedhan kanatti barattoonni hedduun isaanii qulqullina dhabuun dubbisa kennamee madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'uu akka danda'uudha.Kunis, barattoonni dhibbantaadhaan jaatamni baay'ee itti waliigaluu isaaniifi kanneen dhibbantaa digdama ta'an immoo ittiwaliigaluu isaaniitiin ifoomeera. Gaaffii lammaffaan, dhimmoota dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuun walqabatuudha. Barattoota deebii kennan keessaa irra jireessaan dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuun madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuusaanii akka ta'e mul'isan. Kana jechuunis, barattoota 80(%) dubbisa sadarkaa isaaniitti dhihaachuu qabu dhabuun madda rakkoo isaanii akka ta'e ibsan. Kunis, dhibbentaan saddettamni "baayyeen itti waliigala" jechuun deebisuu isaaniitiin addaan baafamee hubatameera. Gaaffii sadaffaan, bal'achuu qabiyyee dubbisaaf dhihaatee ilaallata. Gabatee kennamerraa akka hubatamu, hirmaattonni 45(%32)"baayyeen deggera", 39(%27) "nandeggera",20(%14) "hinmurteessu", 12%(8) "baayyee hindeggeru", 26(%18) immoo "hinmurteessu" jechuun gaaffii gaafataman deebisan. Akka ragaa argame kanaatti, qabiyyeen dubbisaaf hamma eegamuun olitti bal'atee dhihaachuun madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaati.

Gaaffii afuraffaadhaaf ragaan madda odeeffannoo irraa argame akka mul'isetti qabiyyeen dubbisaaf dhihaate baay'ee muraasachuunsaa madda rakkoo akka hintaaneedha. Kunis, barattoonni hedduun akka akka itti walii hingalleen ibsamee dhihaachuusaatiin kan mul'ateedha. Haaluma kanaan, barattoonni hirmaattonni, 50 (%36) "baay'ee hindeggeru", 34(%24) immoo "hinmurteessu" 26(%18) "hinmurteessu",19 (%13) "nandeggera" 13(%9) "baayyeen deggera", jechuun gaaffii gaafataman deebisan. Haata'u malee afgaaffii gama barsiisaatiin dhihaaterraa ragaan argame akka mul'isetti qabiyyeen dubbisaaf barattootaaf dhihaatu baay'ee dheeratee kan nama hinnuffisiisneefi baay'ee muraasatee ykn gabaabbatee bu'a dhabeessa akka hintaanetti madaalamaa ta'ee akka dhihaate mul'ise. Gaaffii shanaffaan, walduraaduuba dhufiinsi dubbisa kennamuu sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu ilaalchisee dhihaate.Gabatee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amu barattoonni baay'een akka jedhanitti, maddi rakkoo Afaan Oromoo dubbisaanii hubachuu barattootaa walduraaduuba dhufiinsi dubbisa kennamuu sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu isaa miti.

Gabatecharraa akka hubatamutti barattoonni 33(%23) hindeggeru jedhan. 28(%20) baayyeen deggera, 28(%20) hinmurteessu, 27(%19) nandeggera, 26(%18) baayyee hindeggeru. Faallaa kanaa immoo ragaan afgaaffiidhaan argame akka mul'setti walduraa duuba dhufiinsi qabiyyee dubbisaaf dhihaataniifi akkaataa dhiheenya keeyyata dubbisaa kitaaba barataa kutaa kurnaffaa irratti dhihaatee jiru mataansaa madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'uu danda'a.

Ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame akka mul'isetti, yaada faallaatu barsiisotarraa dhihaate. Kana jechuunis, walduraa duuba dhufiinsi qabiyyee dubbisa kennamee akkaataa dhihaachuu qabuun hinkaa'amne.Kanaafuu, madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'uu danda'a jechuudha. Kunis, ragaa afgaaffii barsiisotaatiin argamee wajjin walfakkaachuusaa mul'isa. Haaluma kanaan, qorataan qorannichaa ragaa argate irratti bu'uuree walduraa duuba dhufiinsi qabiyyee dubbisa kennamuu tartiiba isaa eegee dhihaachuu dhabuun madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa akka ta'e adda baaseera.

Dimshaashumatti, qaaccessa armaan olii irraa wanti hubatame barattoonni Afaan Oromoo dubbisanii hubachuuf akkaataan dhihaannaa dubbisa kennamee murteessaa ta'uu isaati.Kunis, barattoonni dubbisanii hubachuuf caasaan jechootaafi himootaa dubbisni irraa ijaaramuu walxaxaa yoo ta'e, dubbisanii hubachuuf ulfaataadha.Kanaafuu, barattoonni dubbisa kenname sirriitti hubachuudhaaf dubbisni dhihaatu irrajireessaan caasaalee himootaa mijaawoo ta'aniidha.

### 4.2.2 Hanqina Barataafi Barsiisaa

Gabatee7: Hanqina barataafi barsiisaa

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Hanqina dubbistootaa | 40 | 28 | 30 | 21 | 32 | 23 | 17 | 12 | 23 | 16 | 142 |
| ii | Hanqina barsiisaa | 68 | 48 | 31 | 22 | 7 | 5 | 36 | 25 | - | - | 142 |

Safartu: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera
BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gaaffiin tokkoffaan, hanqinni dubbistootaa miidhaa qabaachuufi qabaachuu dhiisuu isaa addaan baasuuf dhihaatee ture. Madda ragaa irraa hubachuun akka danda'ametti, barattoonni 40(%28) baayyeen deggera jedhanii, 32(%23) hinmurteessu 30(%21) nandeggera, yemmuu jedhan,

dhibbantaa 17(%12) immoo baayyee hindeggeru jedhanii, kanneen 23(16%) hindeggeru jedhan. Qaaccessa taasifamerraa wanti hubatamu waliigalatti yemmuu ilaalamu irraguddeessaan hanqinni dubbistootaa madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa akka ta'e hubachuun danda'ameera. Gaaffii bu'uuraa qorannichaa tokkoffaa jalatti gaaffilee dhihaatan keessaa inni lammaffaan gama hanqina barsiisaatiin dhihaate. Gabatee armaan olii irratti akka ibsamee jirutti, 68(%48) kanneen 36(%25) baay'ee hindeggeru baay'een deggera jedhanii, 31(%22) hinmurteessu yemmuu jedhan, dhibbantaa 7(%5) immoo baayyee hindeggeru jedhan. Hirmaattonni hedduun akka jedhanitti, hanqinni barsiisotaa Afaan Oromoo dubbisaanii hubachuu barattootaa irratti madda rakkoo akka ta'e hubachuun danda'ameera. Qorataan qorannichaas, barattoonni irrajireessaan akka baayyee itti waliigalaniifi hedduun immoo akka itti waliigalan ragaa maddeen odeeffannoorraa funaanamanii gabatecha keessatti ibsamanirraa adda baafateera.

Ragaalee odeefkennitoota irraa walitti qabamanii armaan olitti qaacceffaman irraa wanti hubatamu madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa kanneen ta'an hedduu keessaa muraasni isaanii qulqullina dhabuu dubbisa kennamee, dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuu, Qabiyyeen dubbisaaf dhihaate bal'achuu, qabiyyeen dubbisaaf dhihaate baay'ee muraasachuu, walduraaduuba dhufiinsi dubbisa kennamuu sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu, hanqinoota barattootaa fi hanqina barsiisaadhaan walqabatanfaadha.Madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ilaalchisee hayyoonni yaada hedduu eeran keessaa kanneen madda ragaa irraa argaman kunniin ilaalcha Daaviizenfi Moos, (2000) ibsanii wajjin daran walfakkaata.Akka Daaviizenfaa jedhanitti qabxiileen dubbisanii hubachuu barattootaa irratti miidhaa qaqqabsiisan haala dhiheenya barreeffama dubbisaaf kennamee, qabiyyeen barreeffamaa walxaxaafi sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu, fedhiin dubbistootaa gadaanaa ta'uu, hanqinoota barreessaafi dubbisaatiin walqabataniifi kkf.

## 4.3 Hanga Rakkoo Dandeetti Dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo

Qorataan qorannoo kanaas, yaada hayyoonni armaan olii kennaniifi ragaalee iddattoo qorannichaa irraa argaterraa akka hubatetti wantoonni barreessaafi dubbisaadhaan walqabatan kanneen madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta'an hedduu akka ta'an adda baafatee, isaan keessaa barattoonni qorannoon kun irratti geggeeffame irratti miidhaa geessisuun madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu isaaniif ta'e qabxiilee olitti ibsaman akka qorataan

qorannichaa ragaa maddeen odeeffannoo irraa hanga dubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromootii ilaalchisee argate akkaataa kanatti fufee jiruun qaaccesseera.

### 4.3.1 Dubbisanii Hubachuu Barattootaa

Gabatee 8: Dubbisanii Hubachuu Barattootaa

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan dubbisu dhabuu | 33 | 23 | 45 | 32 | 16 | 11 | 48 | 34 | 16 | 11 | 142 |
| ii | Barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan hin dubbisan | 27 | 19 | 68 | 48 | 32 | 23 | 16 | 11 | 6 | 4 | 142 |
| | Sadarkaan dubbisanii hubachuu barattootaa amansiisaadha. | 90 | 63 | 36 | 25 | 2 | 1 | 14 | 10 | - | - | 142 |

Safartu: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera
BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amu ragaan odkennitootarraa argame akka mul'isetti Barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan hubachuu isaanii addaan kan baaseedha. Gaaffii kana ilaalchisee barattoonni 48(%34) nandeggera jedhan. Barattoonni 45(%32) baay'ee hindeggeru jedhanii, kanneen 33(%23) ta'an immoo hindeggeru jedhan. Barattoonni 16(%11) baay'een deggera jedhanii16(%11) hinmurteessu jedhanii deebisan. Ragaa odkennitoota irraa argamerraa wanti hubatame barattoonni haala gaariidhaan dubbisa kenname hubachuu akka danda'an ibsamus ragaan afgaaffii barsiisotaa irraa argame faallaa kanaati.

Gaaffiin ittaanee dhihaates, barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan hubachuu dhiisuu isaanii addaan baasuuf odkennitootaaf dhihaatee ture. Gaaffii kana deebisuudhaafis, barattoonni 68 baay'ee hindeggeru jedhanii, 32(%16) hinmurteessu jedhanii, 27(%19) hindeggeru 16(%11) nandeggera yemmuu jedhan, 6(%4) immoo baayyee deggera jedhan. Qorataan qorannichaas ragaa madda odeeffannoo irraa argame bu'uureffachuun barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan akka hubachuu hindandeenye hubateera. Afgaaffiin barsiisotarraa argames yaada barattoonni kennan kan dhugoomseedha. Ragaan bargaaffii barattootaatiin argame akka mul'isetti 'Sadarkaan dubbisanii hubachuu barattootaa amansiisaa ta'uufi dhiisuu isaa addaan

baasuuf dhihaate haala kanatti fufee jiruun qaacceffame. Gabatee olitti kenname keessaa hubachuun akka danda'amu, sadarkaan dubbisanii hubachuu barattootaa amansiisaa miti. Ragaan argame akka mul'isetti barattoonni 90(%) hinhubatan, 36(%) hinhubatan 2(%) murteessuun akka hindanda'amneefi 14(%) hubachuu akka danda'an mul'seera.

## 4.3.2 Dalagaalee Tarsiimoo Dubbisuu Keessatti Raawwataman Hubachuu

Gabatee 9: Dalagaalee Tarsiimoo Dubbisuu Keessatti Raawwataman Hubachuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| I | Qabiyyeen dubbifamuuf deemu maal akka ta'e tilmaamaan hubachuu danda'u | 23 | 16 | 47 | 33 | 13 | 9 | 30 | 21 | 29 | 20 | 142 |
| Ii | Qabiyyee dubbisan tokko ergaasaa hubachuu danda'u | 70 | 49 | 35 | 25 | 5 | 4 | 27 | 10 | 5 | 4 | 142 |
| Iii | Hojiilee sadarkaa dubbisuu mara keessatti hojjetaman hojjechuun danda'u | 51 | 36 | 85 | 60 | - | - | 2 | 1 | 4 | 9 | 142 |

Safartu: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera

BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Dalagaalee tarsiimoo dubbisuu keessatti raawwataman hubachuu ilaalchisee gaaffilee afgaaffii barattootaa keessatti dhihaatan keessaa inni jalqabaa "Dubbisuun dura qabiyyeen dubbifamuuf deemu maal akka ta'e tilmaamaan hubachuu danda'uufi dhiisuu barattootaa" adda baasuuf dhihaate.

Gaaffii dhihaate kana deebisuufis, barattoonni 47(%33) hinhubadhu, 13(%9) hinmurteessu, barattoonni 30(%21) nan hubadha jedhanii, 29(%20) ta'an immoo baay'een hubadha jedhanii deebisanii, 23(%16) baay'ee hinhubadhu jedhnii deebisan. Heddumminni barattootaa kanneen deebii muraasa hubatu jechuun deebisanii sadarkaa olaanaa qabateera. Barattoonni muraasni immoo baay'ee hubatu jedhanis, qoratichi akka barattoonni dalagaalee tarsiimoo dubbisuu keessatti raawwataman sadarkaa barbaadameen hubachuu hubachuu hindandeenye ragaa argaterraa hubateera. Dabalataanis, ragaan afgaaffii barsiisotaaf dhihaateen argame akka barattoonni dalagaalee tarsiimoowwan dubbisuu sadan keessatti isaaniif kennamu akkaataa

barbaadameen hubachuu hindandeenye mul'isa. Qorataan qorannichaas, daawwannaa daree barnootaa keessatti yeroo dandeettiin dubbisuu barsiifamu geggeesseen akka hubatetti barattoonni dalagaalee kitaaba barataa irratti isaaniif dhihaate hubachuufi hojjechuuf hedduu rakkatu.Walumaagalatti, ragaaleen bargaaffii barataa, afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa dareetiin argaman haaluma walfakkaatuun akka barattoonni dalagaalee tarsiimoowwan dubbisuu keessatti isaaniif kennamu hubachuufis ta'e dalaguuf rakkoo guddaa akka qaban mul'isu.

Gaaffii barattoonni qabiyyee dubbisan tokko erga dubbisanii booda ergaasaa hubachuu danda'uusaanii adda baasuuf dhihaate ilaalchisees barattoonni 70(%49) baay'ee hinhubadhu, 35(%25) hinhubadhu, 27(%10) nihubatu, 5(%4) hinmurteessu, 5(%4) baay'ee hubatu jechuun deebisan. Qorataan qorannichaas, ragaa barattootarraa argate kanaafi afgaaffii barsiisotaa yeroo walbira qabee xiinxaletti, barsiisonni afgaaffiin dhihaateef martinuu akka barattoonni nuffiifi fedhii dhabuu calaqqisiisan, akkasumas, Afaan Oromoo akka wanta dhibbaa dhibbatti beekaniitti ilaaluun maataansaa barattoota keeessaatti akka argamu himanii dabalataanis, dhimmi kun qofaatti qorannoo kan barbaadu ta'uusaa ibsanii jiru.

Haaluma kanaan, qorataan qorannichaas akka barattoonni hedduun qabiyyee dubbisan tokko erga dubbisanii booda ergaasaa hubachuun himuu hindandeenyeefi kanneen muraasa ta'an qofti erga qabiyyee tokko dubbisanii hubatanii booda ergaasaa himuu akka danda'an hubateera.

Dabalataanis, akka ragaan daawwannaadhaan argame agarsiisutti barattoonni yeroo daree keessatti dubbisanis ta'e yeroo barsiisaan ergaan qabiyyee dubbisanii maal akka ta'e barattoota himsiisuudhaaf gaaffii gaafatu hirmaannaa barattootaa hagasmara mul'achaa hinturre.Barattoonn tokko tokko garuu darbanii darbanii daree daawwataman hundumaa keessatti haala walfakkaatuun hirmaatanii ergaa qabiyyee dubbisanii himaa turaniiru.

Gabatee armaan olii irratti akkuma ibsame hojiilee sadarkaa dubbisuu mara keessatti hojjetaman mara hubchuun milkaa'uu danda'uu barattootaa ilaalchisee ragaan argame akka mul'isutti, hirmaattonni hedduun isaanii 51(%36) hinhubadhu jedhanii 85(%60) immoo muraasa akka hubatani ibsan. Hojiilee sadarkaa dubbisuu mara keessatti hojjetaman mara hubchuun sadarkaa barbaadamuun milkaa'uu akka hindandeenye hubachuun danda'ameera. Qorataan qorannichaas,

akka barattoonni muraasni qofti akka milkaa'aa jiran ragaa maddeen odeeffannoorraa funaanamanii gabatecha keessatti ibsamanirraa adda baafatee hubatameera.

## 4.4 Qabiyyeen Dhihaate Tarsiimoo Dubbisuu Hagam Akka Hammate

Mataduree kana jalatti qabiyyeen dubbisuuf daree barnootaa keessatti barattootaaf dhihaatan tarsiimoowwan dubbisuu hagam akka hammatanii jirantu tartiibaan ibsame.Tarsiimoon isaanni hammatanii jiranis ragaa bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa dareetiin walitti qabaman yaada hayyootaa boqonnaa lammaffaa keessatti eeramee jiruun deggeramee qaacceffame. Akkaataan qaacceffama ragaalee qaacceffaman kanneeniis tartiiba gaaffilee bu'uuraa qorannichaatiin dhihaateera.

### 4.4.1 Dalagaalee Mirkaneeffachuu

Gabatee 10: Dalagaalee Mirkaneeffachuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Gocha dubbisa duraa qaba. | 5 | 4 | 31 | 21 | 2 | 1 | 90 | 63 | 14 | | 142 |
| ii | Hojiilee yeroo dubbisuu keessatti hojjetamuu qaban hunda qaba. | 6 | 4 | 5 | 4 | 11 | 8 | 92 | 65 | 25 | 18 | 142 |
| iii | Hojiilee dubbisa booda hojjetamuu qaban hunda qaba. | 8 | 6 | 3 | 2 | 11 | 8 | 97 | 68 | 23 | 16 | 142 |

Ibsa: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera

BD= baay'een deggera; W; waliigala L; lakkoofsa

Gaaffii gocha dubbisa duraa hojjechuun qabaachuu ilaalchisee dhihaate deebisuuf barattoonni 90(%63) nihammata jedhanii deebisan. Barattoonni 31(%21) hinhammatu jedhan. Kanneen 14(%10) ta'an baay'ee hubatu, 5(%4) hinhubatan, 2(%1) hinmurteessu jechuun deebisan.Akka ragaa barattoota irraa argame kanatti barattoonni hedduun dalagaa dubbisa duraa nihubatu.Dubbisi isaaniif dhihaatus, shaakala dubbisa duraa qaba. Gaaffii lammaffaan qabiyyeen dubbisa barattootaaf kennamu hojiilee yeroo dubbisuu keessatti hojjetamuu qaban hunda akka qabu adda baasuuf dhihaatee ture. Gaaffii kana deebisuufis barattoonni hinmurteessu 92(%65) nihammata, 25(%18) baay'ee hammata jedhanii, 11(%8) hinmurteessu, 6(%4) hinhammatu, 5(%4) hinhammatu jedhanii deebisan. Hojiilee dubbisa booda hojjetamuu qaban hunda qabaachuu dhubbisa kennamee adda baasuuf gaaffiin barattootaaf dhihaate gabatecha keessatti

sadarkaa sadaffaa qabatee jira. Gaaffichaafis barattoonni 8(%6) hinhammatu jedhanii deebbisan. Barattoonni 3(%2) muraasa hammate jedhan. Barattoonni 11(%8) hinmurteessu jechuun yaada kennan. Barattoonni 97(%68) nihammata jedhanii, 23(%16) immoo baay'ee hinhammatu jedhanii, barattoonni 8 baay'ee hinhammatu, 3(%2) immoo hinhammatu jedhan.

Walumaagalatti, gabatee armaan olii irratti akkuma ibsamee jiru, gochaa dubbisuu duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa ilaalchisee bargaaffii barattootaatiin argame walduraa duubaan 90(%63), 92(%64)fi 97(%68) dubbisi isaaniif dhihaatu gochaachaalee hojjetamuu qaban hammatee jira jechuun deebisan. Dabalataanis, qorataan sakatta'a dookimentii geggeesserraa wanta inni hubate akkaataan dubbisni kennameefi gochaaleen dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa booda hojjetamu ittiin dhihaate hubachuuf barattoota rakkisus kitaaba barataa irratti shaakala dubbisa duraa, gocha yeroo dubbisuufi gochaalee dubbisa boodaa sirriitti kaa'uusaati.

## 4.4.2 Qabiyyeewwan Dubbisaaf Dhihaataniifi Gochaalee Kennaman

Gabatee 11: Qabiyyeewwan dubbisaaf dhihaataniifi Gochaalee kennaman

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | BD | | ND | | HM | | BH | | HD | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uuman qaba. | 5 | 4 | 31 | 21 | 2 | 1 | 90 | 63 | 14 | | 142 |
| ii | Hiika jechoota haaraa tilmaamuu. | 6 | 4 | 5 | 4 | 11 | 8 | 92 | 65 | 25 | 18 | 142 |
| iii | Qabiyyeen dhihaate ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu mirkaneessuuf nidandeessisa. | 8 | 6 | 3 | 2 | 11 | 8 | 97 | 68 | 23 | 16 | 142 |
| iv | Gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deemuuf nidandeessisa. | 5 | 4 | 25 | 18 | 13 | 9 | 36 | 25 | 65 | 46 | 142 |
| v | Shaakala dubbisa duraa hojjechiisuu. | 5 | 4 | 31 | 22 | 2 | 1 | 90 | 63 | 14 | 10 | 142 |
| vi | Hojiilee yeroo dubbisuu keessatti hojjetaman hojjechiisuu | 6 | 5 | 5 | 4 | 11 | 8 | 92 | 65 | 25 | 18 | 142 |
| vii | Hojiilee dubbisa booda hojjetaman hojjechiisuu | 8 | 7 | 3 | 2 | 11 | 8 | 97 | 68 | 23 | 16 | 142 |

Ibsa: BH= Baay'ee hindeggeru; HD= Hindeggeru; HM= Hinmurteessu; ND= Nandeggera

Akkuma gabatee olii irratti ibsee jirutti qabiyyeewwan dubbisuuf kennaman gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumuu danda'uu isaanii addaan baasuuf taasifamerratti ragaan madda

odeeffannoo irraa argame akka mul'isetti, barattoonni 81(%57) baay'ee hinhammatu jedhanii deebisan. Barattoonni 45 (%32) immoo hinhammatu jedhan. 16(%11) murteessuu akka hindandeenye ibsan. 48(34) immoo nihammata yemmuu jedhan 16(%11) baay'ee hammata jedhan. Akka ragaabargaaffii irraa argame kanaatti qabiyyeen dubbisaaf dhihaate gaaffilee gaafachuuf haalamijaawaa hinuuman.

Akka ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame adda baasettis, gaaffileen dhihaatan jiranis sadarkaa barbaadamutti gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumuudhaaf baay'ee hanqina qaba. Haalli isaan ittiin qophaa'anii dhihaatanis barattoota kan nuffisiisuudha jedhan. Dabalataanis, gaaffii sadaffaa gabatee keessatti dhihaaterraa hubachuun akkuma danda'amu qabiyyeen dhihaate ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu mirkaneessuuf kan dandeessisu miti.

Shaakala dubbisa duraa hojjechiisuu, hojiilee yeroo dubbisuu keessatti hojjetaman hojjechiisuufi hojiilee dubbisa booda hojjetaman hojjechiisuu ilaalchisee ragaan barattoota irraa argame gabatee 5[ffaa] irratti ibsamee jiru gaaffilee lakkoofsa shanaffaadhaa hanga torbaffaatti ibsamanii jiraniif deebiidha. Ragaan gamalachuutiin argames walfakkaataadha.

## 4. 5 Tarsiimoo Barsiisonni Itti Dandeettii Dubbisuu Barsiisuuf Gargaaraman

Qorataan qorannoo kanaa, ragaa bargaaffii barattootaatiin tarsiimoo barsiisonni ittiin dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf gargaaramanii barsiisan irrattii walitti qabate haala kanatti fufeen dhiheesseera.

### 4.5.1 Tarsiimoo Dubbisuu Barsiisuu

Tarsiimoon dubbisuu barsiisonni daree barnootaa keessatti itti gargaaramanii dandeettii dubbisuu barsiisan rakkoo dubbisuu barattootaa ta'uu nidanda'a. Kana jechuun garuu, tarsiimoo barsiisonni gargaaraman maratu rakkoo dandeettii barattootaa ta'a jechuu miti. Haaluma kanaan, gabatee armaan gadii keessatti tarsiimoo dubbisuu ilaalchisee qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti gargaaramuu, Hiika jechoota haaraa tilmaamsisuu, Qabiyyee dhihaate ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu mirkaneessuuf dandeessisu gargaaramuu, kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ibsuu, beekumsa barattootaa dadammaksuu, waa'ee mata durichaa nitilmaamsisuu, qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti

gargaaramuu ilaalchisee ragaan bargaaffii barattootaatiin argame tartiiba gaaffilee dhaataniitti eerameera.

Gabatee 12: tarsiimoo dubbisuu barsiisuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | GHG | | HG | | HM | | NG | | BG | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| I | Qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti gargaaramuu. | 87 | 30 | 25 | 13 | 2 | 1 | 20 | 42 | 8 | - | 142 |
| Ii | Hiika jechoota haaraa tilmaamsisuu. | 6 | 4 | 9 | 6 | 15 | 11 | 16 | 11 | 96 | 68 | 142 |
| Iii | Qabiyyee dhihaate ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu mirkaneessuuf dandeessisu gargaarama. | 19 | 3 | 33 | 18 | 31 | 22 | 26 | 32 | 33 | 23 | 142 |
| Iv | Kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ni'ibsa. | 75 | 53 | 27 | 19 | - | - | 20 | 14 | 20 | 14 | 142 |
| V | Beekumsa barattootaa dadammaksuu. | - | - | 36 | 25 | 9 | 6 | - | - | 97 | 68 | 142 |
| Vi | Waa'ee mata durichaa nitilmaamsisa. | - | - | 25 | 18 | 7 | 5 | 26 | 18 | 84 | 59 | 142 |
| vii | Qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti gargaaramuu. | 87 | 30 | 25 | 13 | 2 | 1 | 20 | 42 | 8 | - | 142 |

Safartuu: GHG: gonkumaa hingargaaraman HG: hingargaaraman HM: hinmurteessu
NG: nigargaaramu BG: baay'ee gargaaramu

Gabateen armaan oliikun tarsiimoo barsiisonni dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf itti gargaaramanii dubbisuu barsiisan hedduu keessaa qabxiilee ja'a qaba. Qabxiileen kunniinis, akka barsiisonni dandeettii dubbisuu barattoota isaanii barsiisan tarsiimoowwan kennaman kanneenitti gargaaraman adda baasuuf dhihaate.

Haaluma kanaan, gaaffiin jalqabaa qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti gargaaramuu barsiisotaa adda baasuuf kenname.Gaaffii kana deebisuufis, barattoonni gaafficha deebisuufis, barattoonni 87(%30) gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisan. Barattoonni 25(%13) hingargaaraman jedhan. (%13) immoo muraasa gargaaramu jedhan. Barattoonni 20n baay'inaan gargaaramu jedhan. Akka ragaa bargaaffii barattootaatiin argame kanaatti,

barsiisonni yeroo daree keessatti dubbisuu barsiisan qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti hingargaaraman.Haata'u malee barsiisonni afgaaffii isaaniif dhihaate irratti ragaa akka kennitii yeroo dubbisuu barsiisan qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti nigargaaramu.Qoratichis yeroo daree barnootaa daawwate akka adda baafatetti garuu barsiisonni qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijeessanitti hingargaaramne.

Gaaffii lammaffaan, hiika jechoota haaraa tilmaamsisuu barsiisotaa ilaalchisee dhihaate.Gaaffii kana deebisuufis, barattoonni 6(%4) gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisan.Barattoonni 15 murteessuu akka hindandeenye ibsan. (%6) immoo muraasa gargaaramu jedhan. 16(%11) nigargaaramu jedhanii ibsan. 16 (%11) immoo baayyinaan gargaaramu yemmuu jedhan 96(%68) gonkumaa hingargaaraman jedhan. Akka ragaa bargaaffii irraa argame kanaatti barsiisonni hiika jechoota haaraa tilmaamsisuu irratti hanqina hinqaban.Barsiisonnis afgaaffii isaaniif dhihaate irratti akka himanitti yeroo dubbisuu barsiisanis hiika jechoota haaraa nitilmaamsisu. Ragaan daawwannaadhaan argames kan barsiisotaafi barattoota irraa argamee wajjin daran walfakkaata.

Gaaffii sadaffaan, akka barsiisaan qabiyyee dhihaate ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu barattootaa mirkaneessuuf dandeessisutti gargaaramuu isaa adda baasuuf kenname.Gaaffii kanaafis, barattoonni 33(%18) gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisan. 33(%23) hingargaaraman jedhan. 31(%23) murteessuu akka hindandeenye ibsan. Barattoonni 26 (%32) immoo nigargaaramu yemmuu jedhan. Barattoonni 19 (%13) immoo muraasa gargaaramu jedhan.

Akka ragaa barattoota irraa argame kanaatti barsiisaan qabiyyee dhihaate ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu barattootaa mirkaneessuuf dandeessisutti hingargaaramne. Qoratichis, daawwannaa yeroo geggeesstti ragaa inni argate wanta barattoonni jedhan kan faallessu hinturre.

Gaaffii afuraffaan, kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ibsuu barsiisotaa adda baasuufi ragaa barbaachisaa walitti qabuuf kenname.Gaafficha deebisuufis barattoonni 75 (%53) gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisan.Barattoonni 27(%19) immoo hingargaaramu jedhan. 20(%14) hingargaaramu jedhan. 20(%14) immoo akka barattoonni jedhan kanatti barsiisonni kaayyoo

dubbisa kennamee barattootaaf ibsuu irratti hanqina guddaa qabu. 14(%14) immoo baayyinaan gargaaramu jedhanii deebisan. Barsiisonnis, afgaaffii isaaniif dhihaate irratti akka kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ibsan himanis, ragaan daawwannaa dareetiin argame faallaa kanaati. Gaaffii shanaffaan akka barsiisonni yeroo dubbisuu barsiisan tarsiimoo beekumsa barattootaa dadammaksuutti gargaaramanii barsiisan dhugoomsuuf kenname.Gaaffii kanaafis barattoonni 97(%68) baay’ee gargaaramu jedhanii deebisan. 36(%) hingargaaraman jedhan. Barattoonni 9(%6) immoo hinmurteessu jedhan.

Barsiisonnis, afgaaffii isaaniif dhihaate irratti yaada walfakkaataa dhiheessan. Qorataanis daawwannaa geggeesserratti wanta inni hubate barsiisonni shaakaladubbisa duraa keessatti tarsiimoo beekumsa barattootaa dadammaqsuutti garagaaramanii shaakala dubbisa duraa hojjiechiisuufi qabiyyee duubbifamuuf deemu akka barattoonni raaganii dubbisatti seenan taasisaa turan.Bu’uuruma kanaan, ragaan kallattii sadanuu dhihaate walfakkaataadha. Haaluma kanaan barsiisonni beekumsa barattootaa dadammasuu irratti hanqina hinqaban jechuun nidanda’ama.

Gaaffii ja’affaan, mata duree dubbifamuuf deemumu tilmaamsisuu barsiisotaa adda baasuu irratti xiyyeeffate.Gaaffichaafis, 84(%59) baay’ee gargaaramu jedhan. 26(18) nigargaaramu yemmuu jedhan. Barattoonni 25(18%) hingargaaraman jedhanii deebisan. Barattoonni 7(%5) murteessuu akka hindandeenye ibsan. Ragaan bargaaffii barattootaatiin sassaabamee jiru kun waliigalaatti yemmuu ilaalamu, barsiisonni dubbisa dura mataduree dubbifamuuf deemamu barattoota nitilmaamsisu. Dabalataanis, ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame kan barattootaan dhihaatee wajjin tokkodha. Akkasumas, ragaa qoratichi yeroo daawwannaa geggeesse argate akka mul’isetti barsiisonni akka barattoonni utuu dubbisa kenname hindubbisin mataduree dubbisuuf jedhan dursanii tilmaaman taasisan adda baaseera. Qoratichis ragaa argate kan irratti hundaa’ee akka barsiisonni mataduree dubbisiisan dursanii barattoota tilmaamsisan hubate.

## 4.6 Ragaa Daawwannaa Daree Gulantaalee Dubbisuu Keessatti Sassaabame

### 4.6.1 Gochaalee Dubbisa Duraa

Qabxiileen mataduree kana jalatti qaacceffaman ragaalee tarsiimoo barsiisonni dandeettii Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa fooyyessuuf itti gargaaraman irratti afgaaffii

barsiisotaafi daawwannaa dareetiin walitti qabamaniidha.Ragaaleen funaanaman kunis yeroo dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa boodatti adda addaan qoqqoodamanii haala kanatti fufee jiruun qaacceffaman. Ragaa dawwannaa dareetiin sassaabame akka mul'isetti, barsiisonni dareen isaanii utuu dubbisuu barsiisaniidaawwataman irrajireessaan shaakala dubbisa duraa iratti xiyyeeffannoodhaan hinhojjenne.

Daawwannaan daree marsaa afur geggeeffamee ture. Dareewwan kanneen keessaa daree barnootaa tokko qofatu shaakala dubbisa duraa hojjete.Barsiisaanis, darecha keessatti gahee isarraa eegamu haalaan raawwateera.Hojiileen gama barsiisaatiin hojjetamanis barattoota keessatti kaka'umsa uumuu, barattoonni mata duricha beekumsa isaanii duraan akka walqabsiisan taasisuu, kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ibsuu, beekumsa barattootaa dadammaksuu, waa'ee mata durichaa tilmaamsisuufaa ture. Ragaan afgaaffii barsiisaatiin argame akka adda baasetti, barsiisonni martinuu dalagaalee dubbisa duraa akka hojjechiisan mul'ise.Haata'u malee, dareewwan afuran daawwataman keessaa daree tokko qofa keessatti hojiirra oole.

Darechumma keessatti qabxiilee dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barataatiin walqabatanii daree daawwannaaf dhihaate keessatti gochaalee dubbisa duraa hojjechuufi hirmaannaa barattootaa adda baasuuf dhihaate ilaalchisees hojii gaariin hojjetameera.Hojiileen hojjetaman kunniin hedduu ta'anis, barattoonni kitaaba qopheeffachuu, waa'ee maalii akka dubbisuuf deeman tilmaamuu, mata durichee dubbisaaf dhihaate beekumsa isaanii duraan qabanii wajjin walqabsiisuufi ergaa dubbisa kennamuu himuun haala gaariidhaan hojiirra oolaa ture (dabalee "C" ilaali).

Haata'u malee dareewwan hafan sadan keessatti dalagaa dubbisa duraatiif kenname osuu hintuqin kallattiidhaan dubbisuutti cehameera. Hojiileen dubbisa dura barattootaafi barsiisotaan hojjetaman martinuu guutummaa guutuutti hojiirra hinoolle jechuuf wanti nama hafu kitaaba qopheeffatanii gara dubbisaatti cehuu qofa. Ta'us, barsiisonni dalagaa kan osoo hinhojjetin hafan yeroo afgaaffiin isaaniif dhihaate faallaa wanta hojjetan kanaa deebisan. Dimshaashumaatti akka ragaan daawwannaa dareetiifi afgaaffii barsiiotaatiin argame mul'isetti dalagaalee barsiisotaafi baratootaan tarsiimoo dubbisa duraa keessatti hojjetaman rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii

hubachuu barattootaa furee milkaa'ina gonfachiisuudhaaf amansiisaa miti. Kunis, tarsiimoon barsiisonni gargaaramanii shaakala dubbisa duraa hojjechiisan mataansaayyuu madda rakkoo dubbisuu barattootaa akka ta'e mul'iseera.

## 4.6 2 Gochaa Yeroo Dubbisuu

Gabatee 13: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | GHG | | HG | | HM | | NG | | BG | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Qabiyyee dubbifamu dursa tilmaamsisuu. | 81 | 57 | 25 | 18 | 16 | 11 | 13 | 9 | 7 | 5 | 142 |
| ii | Hiika jechoota haaraa nitilmaamsisa. | 6 | 4 | 9 | 6 | 15 | 11 | 16 | 11 | 96 | 68 | 142 |
| iii | Ergaa dubbisa kennamee tilmaamuu nimirkaneessa. | 26 | 3 | 39 | 1 8 | 27 | | 40 | 32 | 10 | - | 142 |
| iv | Akka barattoonni gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deeman niggirsa. | 26 | 18 | 39 | 27 | 27 | 19 | 40 | 28 | 10 | 7 | 26 |
| v | Dubbisa adda kutuun gaaffii nideebibsiisa. | 101 | 71 | 31 | 22 | - | - | 10 | 7 | - | - | 142 |

Ibsa: GHG: gonkumaa hingargaaraman HG: hingargaaraman HM: hinmurteessu
NG: nigargaaramu BG: baay'ee gargaaramu

Gabatee armaan oliirraa kan hubatamu barsiisaan hojiilee dubbisa duraa keessatti hojjetaman keessaa qabiyyee dubbifamu deemu dursa tilmaamsisuu isaa addaan baafachuuf kan dhihaate yemmuu ta'u, baraattoonni 81 (%57) gonkumaa hingargaaraman yemmuu jedhan, barattoonni 25(%18) hingargaaraman jedhan. Dabalataanis, dhibbantaa 11(%16) kanneen ta'an murteessuu akka hindandeenye deebisanii,13(%9) hinmurteessu jedhanii, barattoonni 7(%15) baay'ee gargaaramu jechuun odeeffannoo kennan.

Akka ragaa barattoota irraa argame kanatti ragaan irrajireessaan kenname barsiisonni akka barattoonni qabiyyee dubbisuuf deeman tilmaamanii himaniif jajjabeessaa jiraachuu dhiisuu isaanii mul'isa. Kana jechuun garuu sirumaa shaakala dubbisa duraa keessatti qabiyyee dubbifamuuf jiru hintilmaamsisan jechuu osoo hintaane sadarkaa barbaadameen hojiirra hinoolle

jechuudha. Haaluma kanaan, qabiyyee dubbifamuuf deemu daree barnoota afaanii keessatti akka barattoonni tilmaamanii himan taasisuun ga'aa ta'uu dhiisuu isaati jechuudha.Hiika jechoota haaraa tilmaamsisuu ilaalchisee ragaan barattoota irraa argame garuu faallaa ragaa qabiyyee tilmaamsisuu ilaalchisee kennameeti. Ragaan bargaaffii barattootaa irraa walitti qabamee gabatee armaan olii keessatti ibsame akka mul'isetti barattoonni 16(%11) nigargaaramu jedhanii deebisanii, 96(%68)baay'ee gargaaramu jedhan. Waliigalatti, yemmuu ilaalamu barsiisonni rakkoo Afaan Oromoo dubisanii hubachuu barattootaa furuudhaaf hiika jechoota haaraa akka tilmaamsisan hubatameera. Gaaffii akka barattoonni ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiran mirkaneessaa deemuu barsiisotaa adda baasuuf kennameefi ragaan madda odeeffannoo irraa argame kanatti fufee dhihaateera. Gaaffichaafis barattoonni 26(%18) gonkumaa hingargaaraman, 27(%19) hinmurteessu jedhan. 39(%27) hingargaaraman jedhanii deebisan. 65(%46) baayyinaan gargaaramu akkasumas barattoonni 40(%18) nigargaaramu jedhanii deebisanii 10(%) immoo baay'ee gargaaramu jedhan.

Akka ragaan bargaaffiidhaan argame kun agarsiisutti gaaffilee mirkaneeffannootti gargaaramuun adda baafachaa deemuun barsiisotaa haala amansiisaa irra jira. Qorataanis, sakatta'a dookimentii taasiserraa akka adda baafatetti gaaffileen mirkaneeffannoo akka barattoonni hubatan dhugoomsuuf tajaajilu kitaaba barataa irratti dhihaateera. Kanaafuu, barsiisonni sirriitti yoo hojiirra oolchan qabxiileen mirkaneeffannoo kitaaba barataa Afaan Oromoo irratti dhihaatan kunniin haala mijaawaa uumuu danda'u jechuudha.

Akka barattoonni gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deeman ilaalchisees, barattoonni 26(18%) gonkumaa hingargaaraman, 39(%27) hingargaaraman, 27(%19) hinmurteessu, 40(%28) nigargaaramu akkasumas barattoonni 10(%7) baay'ee gargaaramu jedhanii deebisan.

Barattoonni dhibbantaadhaan jaatama ta'an akka barsiisonni gargaaraman himan.Afgaaffiin barsiisotaaf dhihaates ragaa bargaaffiidhaan argame sirriitti dhugoomseera. Gaaffii kanaaf ragaa dhiheessuudhaaf barattoonni hundumtuu yaada lama qofa filatan.Inni jalqabaa, 101 (%69)gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisaniiru. barattoonni 31(%21) ta'an immoo hingargaaraman jedhan. Barattoonni %10 nigargaaramu jedhanii deebisan.

Ragaan daawwannaa dareetiin argame akka adda baasettis barsiisonni callisanii hamma xumuraatti akka barattoonni dubbisan taasisuu malee gidduutti addaan kutanii rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa adda baasuu irratti hojii hojjetan hinqaban.

### 4.6.3 Gochaalee Dubbisa Boodaa

Gabatee14: Tarsiimoo Dubbisa Booda Hojiirra Oolan

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | GHG | | HG | | HM | | NG | | BG | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Gaaffilee dubbisa boodaa hojjechiisuu. | - | - | - | - | - | - | 42 | 30 | 100 | 70 | 142 |
| ii | Carraa mar'achuu barattootaaf kennuu. | - | - | 5 | 4 | - | - | 37 | 26 | 100 | 70 | 142 |
| iii | Yaada cuunfaa kennuu. | - | - | 12 | 8 | - | - | 30 | 21 | 100 | 70 | 142 |
| iv | Duubdeebii kennuu. | 3 | 2 | 11 | 7 | - | - | 31 | 23 | 97 | 68 | 142 |
| v | Yaada ijoo dubbisichaa himuu. | - | - | - | - | - | - | 42 | 30 | 100 | 70 | 142 |
| vi | Gaaffilee dubbisa keessaa bahan hojjechuu. | - | - | - | - | - | - | 42 | 30 | 100 | 70 | 142 |

Safartuu: GHG: gonkumaa hingargaaraman MG: muraasa gargaaramu HM: hinmurteessu

BG: Baayyinaan gargaaramu NG: nigargaaramu

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amu, akka barsiisonni gaaffilee dubbisa boodaa hojjechiisan addan baasuudhaaf barattoonni 42 (%30) barsiisonni gaaffilee dubbisa boodaa baayy'ee hojjechiisu jedhanii kanneen lakkoofsaan 100(%70) ta'an immoo gaaffilee dubbisa duraa hojjechiisuutti nigargaaramu jedhan. Ragaan afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa dareetiin argame akka mul'isuttis, sadarkaa barbaadameen hojiirra ooluu haadhisu malee gilgaalonni dubbisa boodaafi hojiilee kanneen biroon nihojjetamu.Haata'u malee, rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa furuudhaaf ga'aa miti.

Dalagaalee dubbisa boodaa dalaguudhaaf barsiisonni carraa mar'achuu barattootaaf kennuu ilaalchisees, waliigalatti yeroo ilaalamu barattoonni 137(%96) waliin mari'achuun gilgaala kenname hojjechuuf carraan barsiisotaan akka isaaniif kennamu himan. Ragaan daawwannaafi afgaaffiidhaan argame akka mul'isutti immoo barattoonni carraa isaaniif kenname kanatti gargaaramuu dhiisuu isaanii sirrtti kan mul'isuudha. Gaaffilee gabatechaa keessa jiran sadaffaadhaan hanga jahaffatti jiran ilaalchisees yaada cuunfaa kennuu, yaada ijoo dubbisa

kennamee himuu, gaaffilee dubbisa keessaa bahan hojjechiisuufi duubdeebii kennuun hojiilee yeroo dubbisa boodaa hojjetaman akka ta'e ragaa gabatecha keessatti dhihaaterraa hubachuun dandaa'ameera. Qorataan qorannichaa daawwannaa geggeesserraa akka adda baafatetti tarsiimoo barsiisonnii sadarkaa yeroo dubbisuu keessatti itti gargaaramanii qabiyyee dubbisuu barsiisaa turan haala walfakkaataa keessa jiraachuu isaati. Daree barnootaa daawwataman keessatti hojiileen yeroo dubbisuu raawwatama guutummaa guutuutti tokko ta'uu baatanis yeroo qoratichi walbira qabee ilaalu walitti dhufeenya qaba.Hojiileen hojjetamaa turanis gaaffii gaafatchuu, hiika jechoota haaraa tilmaamsisaa dubbisiisuu, akka barattoonni ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiran mirkaneessaa deemuufaa ture.Barsiisonni martinuu wayitii daawwatamanitti dalagaalee yeroo dubbisuu irradeddeebi'anii shaakalchiisaa turan.

Ragaan armaan olitti qaacceffame yaada Grabe(2006) jedhee wajjin walfakkaata. Yaanni Grabe (2006) afaan tokkoffaa keessatti dubbisuu barsiisuu ilaalchisee kenne akka jedhutti, barsiisaan afaan tokkoffaa yeroo barsiisu barbaachisummaa tarsiimoon hubannoof dubbisuu qabiyyee ykn dubbisa kenname irratti hundaa'eee hubachachiisuuf daree barnoota afaanii keessatti irradeddeebi'ee akka barattoonni shaakalan taasisuutu irraa eegama.Irradeddeebisuun barattoota shaakalchiisuunis, barattoota nimilkeessa. Qoratichi daawwaannaa geggeesseefi muuxannoo bakka qorannicha itti geggeesseraa hubatee qabuun, Afaan Oromoo barattoota kutaa kurnaffaa mana barumsaa Biiftuu Giddaatiif Afaan tokkoffaadha.Kanaafuu, yaanni armaan olitti eerame deggersa waan qabuuf, barsiisaan irradeddeebi'ee shaakalchiisuun bu'a qabeessadha.

Qabxiiwwan gama dubbisuu barataatiin walqabatee daree daawwannaatiif dhihaate keessatti dalagaalaaen yeroo dubbisuu keessatti barattootaan dalagamaa turanis dareewwan daawwataman mara keessatti walitti dhiheenya qabaachaa ture. Dalagaaleen hojjetamaa turanis, gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deemuu, dubbisa addaan kutuun gaaffii deebibsaa deemuu, hiika jechoota haaraa tilmaamaa dubbisuu, ergaa dubisichaa hubachaachaa deemuun isa fuulduratti dubbisaniif ofqopheessaa deemuufaadha.Kunis, barattoota hedduu keessatti fedhii dubbisuu jajjabeessuu qofa osoo hintaane, rakkoo dubbisuu maqsuu keessattis shoora olaanaa qaba.

Qorataan qorannichaa yeroo daawwannaa geggeessee hanqinoota adda baafates qaba. Hojiiwwan yeroo dubbisuu dareewwan afuranuu keessatti barsiisotaan dalagaman walfakkaatanis, gama

barattootaatiin rakkoo hirmaannaa dhabuutu heddumminaan calaqqisaa ture. Barattoota guutummaa daree keessatti barnoota dubbisuu barachaa turan keessaa muraasa qofatu dalagaalee yeroo dubbisuu hojjechaa ture. Kunis, hirmaannaafi gaaffilee gaafataman deebisaa dubbisuu barattootaa irraa kan hubatameedha. Kanaafuu, akka ragaa argame kanaatti, barattoonni hedduun rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu qabu jechuun kan nama shakkisiisu miti. Haaluma walfakkaatuun, ragaan afgaaffii barsiisaatiin argame akka adda baasetti, hojiileen yeroo dubbisuu keessatti hojjetaman haala gaariidhaan hojiirra oolanis, barattoonni rakkoo dubbisanii hubachuu akka qabaniidha. Qorataan qorannoo kanaas, yaadni barsiisonni afgaaffii irratti kennan dhugummaa akka qabu mirkaneeffateera.

Qoratichi yeroo daawwannaa geggeessaa ture hanqinoonni dabalataan daree keessatti mul’achaa turan wayiitii barnoota Afaan Oromootti barattoonni Afaan Oromoo osoo hinqabatin dareetti dhihaachuu, barattoonni gareedhaan yeroo dubbisuuf kallattiin kennamuuf xiyyeeffannoo dubbisaaf kennuu dhiisanii dhimma dhuunfaa isaanii waliin dubbachuu, fedhii dhabuu, darbee darbee yeroo dubbisni kennamutti barattoonni tokko tokko yaadannoo gosa barnoota biroo barreessuufaadha. Barsiisonni garuu hanqinoota gama barattootaatiin mul’atan kana akkasumatti callisanii dhiisanii darban malee wanta hojjetan tokkollee hinqaban. Kanaafuu, qoratichi hanqinoonni armaan olitti eeraman kunniin madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa akka ta’e mirkaneeffateera.

Qorataan qorannoo kanaa daawwannaa daree geggeesserraa wanti inni adda baafate tarsiimoo barsiisonni gochaalee dubbisa duraa hojjechiisuun hubannoo dubbisuu barattootaa ittiin guddisuuf dhimma itti bahan amansiisaa miti.Daree barnootaa marsaa afur daawwatame keessatti hijiileen hojjetaman sadarkaa yaaddessaa irra ture. Ragaan daawwannaa dareetiin argame akka mul’isetti gochaaleen dubbisa booda hojjetaman dareewwan daawwataman hunda keessatti walfakkaataa ta’uu dhiisuu qofa osoo hintaane wayitii barnootaa daawwataman afuran keessatti hanqina guddaa qabaachuu isaaniiti.Qorataan qorannichaas, ragaalee dareewwan kanneen irraa argate haala kanatti fufee jiruun qaaccesseera jechuudha.

Mataduree kana jalatti dareen barsiisaa daawwatame tokkoo dubbisa shaakala dubbisa duraa hojjechiisuu keessattis ta’e hojiilee dubbisa dura hojjetamuu qaban hojiirra oolchuu irratti

baay'ee gaarii akka ta'e ibsamee ture.Haata'u malee, hojiilee dubbisa booda hojjetaman irratti hanqina guddaa qaba ture. Qorataan qorannoo kanaa akka daawwatetti, barsiisaan erga barattoota dubbisiisee booda hojimanee kennee dhiise malee wanta biroo hinhojjenne, barattootas hinhojjechiifne. Qabxiileen mirkaneeffannoo daawwannaan ittiin geggeeffam gaaffilee dubbisa boodaa hojjechiisuu, carraa mari'achuu barattootaaf kennuudhaan akka barattoonni waliin hojjetan taasisuu, yaada cuunfaa kennuu, kaayyoon dubbisa kennamee maal akka ta'e himsiisuufi kkf ta'us, qabxiilee kanneen keessa wanti hojiitti hiikame hinturre.

Qoratichi akka hubatetti, dalagaaleen dubbisa booda dalagaman martinuu akka barattoonni kaayyoo dubbisaniif addaan baafataniifi ergaa dubbisichaa akka hubataniif isaan gargaara ture.Kaayyoo isaanii beeknaanis maaliifaa maaliif akka dubbisaniif isaan gargaara ture. Dhimma kana ilaalchisee Daawwit(2008) akka jesetti "barattoonni kaayyoo qabiyyee dubbisanii yoo beekan kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf xiyyeeffannoodhaan akka dubbisaniif isaan gargaara" jedha. Haata'umalee, barsiisaan dareen isaa dawwatame kun raawwiinsaa haqina waan qabuuf akka barattoonni milkaa'aniif hingargaaru. Duubdeebii kennames hinturre.

Dabalataanis, qabxiilee dandeettii dubbisuu barataatiin walqabatee daree daawwannaaf dhihaates yaada ijoo dubbisichaa himu, gaaffilee dubbisa keessaa bahan hojjechuu, duubdeebii fudhachuu irratti fedhiinsaanii maal akka fakkaatu ilaalchisee hojiilee barattootaan hojjetaman adda baasuuf qabxiilee mirkaneeffannoo keessatti dhihaatanis wanti raawwatame quubsaa miti. Dareewwan daawwataman keessaa daree lama keessatti hojiin hojjetame quubsaa ta'uu baatus, gilgaala dubbisa booda hojjetamuu qaban keessaa muraasni hojjetamaniiru.Hanqinni ture garuu, hirmaannaan barattootaa hamma eegame ta'uu dhiisuu isaati.

Gama barsiisotaatiin duubdeebiin kennamu jiraatus barattoonni duubdeebii kenname hubachuufi fudhachuu irratti fedhii gadaanaa qabu turan. Barattoonni yeroo gilgaala kenname keessatti gaaffii gaafataman deebisan yoo dogoggora uuman ofiisaanii sirreessuufis ta'e yeroo barsiisaan duubdeebii kennu haalli hirmaannaa isaanii amansiisaa hinturre.Kunis, ragaa barsiisonni afgaaffii isaaniif dhihaate irratti kenanii wajjin waldhugoomsa. Ragaan afgaaffiidhaan argame akka mul'isetti, barattoonni dogoggra yemmuu uuman ofii isaaniitiin ofsirreessuuf yaalii hintaasisan. Duubdeebii barsiisaan isaaniif kennu fudhatanii hubannoo argaachuufis fedhii

isaanni qaban amansiisaa miti. Dareewwan daawwataman keessa hojiin daree tokko keessatti hojjetames, daran yaaddessaa ture. Barsiisaan erga barattootaan “Callisaatii dubbisa kenname dubbisaa” jedhee utuu barattoota dubbisiisuu gidduutti akka barattoonni jechoota haaraa tilmaamaa deemaniif kallattii kennee dubbisa xumursiise. Dabalataanis, barattoota garee gareetti qoodee akka isaanni hojii dubbisa boodaa hojjetaniif ajajee gidduutti immoo hojii manaa kennee barsiisaan wayitii guyyichaaf kenname xumure. Qorataanis, ragaa madda odeeffannoo irraa argate irratti hundaa’ee hojiin dubbisa booda daree barnoota Afaan Oromoo dubbisuu keessatti raawwatame madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa akka ta’e adda baafateera. Walumaagalatti, tarsiimoowwan dubbisuu martinuu rakkoo dubbisanii hubachuu furuudhaaf haatajaajilan malee gulantaalee dubbisuu(dubbisa dura, yeroo dubbisuufi dubbisa booda) keessatti akkaataa barbaadameen hojiirra hinoolle.

Tarsiimoo dubbisuu ilaalchisee hayyoonni wanta addaa addaa jedhanis isaan keessaa Janzan(2002) akka jedhetti, tarsiimooleen dubbisuu tooftaa yookaan mala dubbisitoonni rakkoo dubbisanii hubachuu ittiin furatanii ergaa dubbisa dhihaatee ittiin sirriitti hubatachuu danda’aniidha. Tooftaaleen kunniinis, rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa maqsuu keessatti ga’ee guddaa qaba.Haata’u malee, akka ragaan daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisotaa irraa argame mul’isetti rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa furuudhaaf sirriitti hojiirra oolaa hinturre.

## 4.7 Maloota Barsiisonni Fayyadamanii Dubbisuu Barsiisan

### 4.7.1 Keeyyata, Himoota, Jechoota dubbisiisuu

Gabatee 15: Keeyyata, Himoota, Jechoota dubbisiisuu

| TL | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | GHG | | MG | | HM | | BG | | NG | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| I | Keeyyata dubbisiisuu | 90 | 63 | 52 | 37 | - | - | - | - | - | - | 142 |
| Ii | Himoota dubbisiisuu | 9 | 6 | 9 | 6 | 18 | 13 | 17 | 12 | 89 | 63 | 142 |
| Iii | Jechoota dubbisiisuu | 4 | 3 | 38 | 27 | 33 | 23 | 27 | 19 | 40 | 28 | 142 |

Safartuu: GHG: gonkumaa hingargaaraman MG: muraasa gargaaramu HM: hinmurteessu
BG: Baayyinaan gargaaramu NG: nigargaaramu

Gabatee armaan olii irratti akkuma ibsamee jiru maloota barsiisonni ittigargaaramanii dubbisuu barsiisan addaan baasuu keessaa keeyyata, himootaafi jechoota dubbisiisuutu tartiibaan dhihaate.Haaluma kanaan gaaffiin jalqabaa keeyyata dubbisiisuutti gargaaramuu barsiisotaa ilaallata. Gaafficha irratti barattoonni 90(%63)gonkumaa hingargaaraman jedchuun deebisanii, barattoonni 52(%37)muraasa gargaaramu jedhan.Akka odeefkennitoonni kunniin jedhanitti barsiisonni irrajireessaan keeyyata dubbisiisuutti gargaaramu.

Himoota dubbisiisuutiin ragaan argame akka mul'ise maddi odeeffannoo 89(%63) ta'an nigargaaramu jedhanii ibsan. Haaluma walfakkaatuun, barattoonni 17(%12) baay'ee akka akka gargaaraman yemmuu calaqqisiisan 18 immoo hinmurteessu jedhanii deebisan gonkumaa hingargaaraman.

Jechoota dubbisiisuu ilaalchisee immoo barattoonni iddattoo ta'an marti itti walii hingalu jechuun yaada isaanii kennan. Haata'umalee, barsiisonni utuu keeyyata qofatti hingargaaraman ta'ee gaarii ture. Kunis, akka barattoonni dubbisuu shaakalaniif isaan qopheessuuf ta'a jechuudha. Barreeffama garaagaraa, keeyyattoota, himootaafi jechoota garaagaraatti gargaaramanii akka barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii jajjabeeffatan taasisuuf akka gargaaru hayyootaan nideggerama.

Fakkeenyaaf, Hamidur(2014) akka ibsetti, barataan tokko hammuma bakka garaagarattii qabiyyeewwan addaa addaa dubbisuu shaakalu dandeettiin hubannoof dubbisuu cimsata ykn guddifata. Qorataan qorannichaas, deebii madda odeeffannootiin kennamee gabatee armaan olii keessatti ibsamee jiru irratti hundaa'uun barsiisonni irra jireessaan keeyyata qofa akka dubbisan adda baafachuun himootaafi jechoota akka hindubbisiisne hubateera.

Gaaffii sadaffaan jechoota dubbisiisuu irratti xiyyeeffachuu barsiisotaa adda baasuuf dhihaate. Gaaffii kana deebisuuf, , 40(%28) nigargaaramu akkasumas barattoonni 38(%27) baay'ee gargaaramu, barattoonni 39(%27) hingargaaraman jedhanii, 33(%23) hinmurteessu, 4 gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisan. Walumaagalatti, tarsiimoowwan dubbisuu martinuu rakkoo dubbisanii hubachuu furuudhaaf haatajaajilan malee gulantaalee dubbisuu(dubbisa dura, yeroo dubbisuufi dubbisa booda) keessatti akkaataa barbaadameen hojiirra hinoolle.

## 4.7.2 Barreeffama Garaagaraa Dubbisiisuu

Gabatee 16: Barreeffama garaagaraa dubbisiisuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | GHG | | HG | | HM | | NG | | BG | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| i | Barreeffama kitaabilee wabii irraa woraabuun dubbisiisuu | 13 | 9 | 21 | 15 | - | - | 78 | 55 | 30 | 21 | 142 |
| ii | Akka barattoonni manatti shaakalanii daree tti fidanii dubbisan taasisu | 40 | 28 | 19 | 13 | 10 | 7 | 66 | 46 | 7 | 5 | 142 |
| iii | Akka barattoonni sagalee olfuudhanii dubbisan taasisuu | 10 | 7 | 31 | 29 | 26 | 18 | 50 | 35 | 25 | 18 | 142 |

Safartuu: GHG: gonkumaa hingargaaraman MG: muraasa gargaaramu HM: hinmurteessu
BG: Baayyinaan gargaaramu NG: nigargaaramu

Akka barsiisonni barreeffama kitaabilee wabii irraa woraabuun dubbisiisaa deeman ilaalchisee, barattoonni 78(%55) baay’ee gargaaramu 30(%21) nigargaaramu jedhanii deebisan. 21(15%) muraasa gargaaramu,13(%9) gonkumaa hingargaaraman jechuun deebisan. Akka ragaa barattoota irraa argame kanaatti barsiisonni barreeffama kitaabilee wabii irraa woraabuun daree keessatti barattoota hindubbisiisan. Ragaan kunis, akka barsiisonni barattootaan manatti dubbisanii erga shaakalanii gara daree barnootaatti fidanii dubbisan taasisaa hinturre. Afgaaffii barsiisotaatiin ragaan argame akka mul’isetti garuu barsiisonni akka barattoonni manatti shaakalanii erga hubatanii dareetti dubbisaniidha.

Ragaan daawwannaa dareetiin argame kan barattoota iraa argamee wajjin daran walfakkaata. Haaluma kanaan qoratichi akka barsiisonni carraa manatti dubbisanii daree barnootaatti dubbisuu barattootaaf hinkennine hubate. Gaaffii lammaffaan, akka barattoonni manatti barreessanii erga shaakalanii gara daree barnootaatti fidanii dubbisan taasisuu barsiisotaa addaan baasuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 40(%28) baayyeen itti waliigala, 19(%13) ittin waliigala, 10(%7) hinmurtoofne, 66(%46) baayyee itti waliihingalu, 7(%5) itti waliihingalu jedhanii deebisan.

Ragaan kunis, akka barsiisonni barattootaan manatti dubbisanii erga shaakalanii gara daree barnootaatti fidanii dubbisan taasisaa hinturre. Gaaffii sadaffaan, akka barattoonni ofii isaaniitiin

keeyyata barreessanii daree keessatti sagalee olfuudhanii dubbisan taasisuubarsiisotaa addaan baasuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 50(%35) baayyee gargaaramu, 31(%29) muraasa gargaaramu, 26(%18) hinmurtoofne, 25(%18) nigargaaramu jedhanii, 10(%7) gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisan. Kunis, akka barattoonni ofiisaaniitiin keeyyata barreessanii daree keessatti sagalee olfuudhanii dubbisan hintaasifamne mul’iseera.

### 4.7.3 Adeemsa Raawwii Dubbisuu

Gaaffiin tokkoffaan, barreeffama kitaaba barataa irratti kenname mara dubbisiisuu barsiisotaa addaan baasuuf kenname. Gaaffii kanaafis barattoonni 100(70%) gomkumaa hingargaaraman, 37(%26) muraasa gargaaramu, 3(%2)baayyee gargaaramu, 2(%1) immoo nigargaaramu jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti barsiisonni barreeffama kitaaba barataa irratti kenname mara nidubbisiisu.

Gaaffiin lammaffaanis akka barsiisonni keeyyata dubbisuuf dhihaate yeroo hedduu callisaan dubbisiisan adda baasuuf dhihaate. Gaaffii kana irrattis, barattoonni 142(%100) “baayyeen itti waliigala jechuun deebisan. Akka ragaa barattoota irraa argameetti, barsiisonni barreefama kitaaba barataa irratti kenname mara nidubbisiisu.Tooftaa isaanni ittiin dubbisiisanis, gaaffii lammaffaa irratti akkuma deebi’e mala callisaan dubbisuu gargaaramu jechuudha.Ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argames, akka barsiisonni tooftichatti gargaaraman mul’iseera.

Qorataanis, daawwannaa daree barnootaa keessatti geggeesseen akka adda baafatetti ragaan barattootaafi barsiisotaan argame haqa akka ta’e mirkaneeffateera.Hanqinni inni adda baase garuu, barattoonni yeroo callisaan akka dubbisaniif ajajaman wanta dubbisan fakkaatanii dhimma dhuunfaa isaanii hasaasuun yaada waljijjiiruu isaaniiti.Barsiisonnis, barattoota mara sirriitti hogganaa hinturre. Haaluma kanaan, qorataan qorannichaa hoggansa daree barnootaa keessatti geggeeffamuu qabu sirriitti geggeessuu dadhabuun barsiisotaa madda rakkoo dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa akka ta’eedha. Gaaffiin sadaffaan, barsiisonni callisanii dubbisa kitaaba barataa irratti dhihaate akka barattoonni manatti dubbisaniif ajaja kennuun bira darbuu moo daree barnootaa keessatti hordoffii taasisu kan jedhu irratti ragaa walitti qabuuf kenname. Gaafficha deebisuufis, barattoonni 102(%72) gongumaa hingargaaraman jedhan. Barattoonni 24(%20) muraasa gargaaramu, 12(%8) hinmurteessu jedhan.

### 4.7.4 Dubbisuu Barattootaa Jajjabeessuu

Gabatee 18: Dubbisuu barattootaa jajjabeessuu

| Tl | Gaaffilee | Deebii | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | GHG | | HG | | HM | | NG | | BG | | W |
| | | L | % | L | % | L | % | L | % | L | % | |
| I | Barattoota gidduutti dorgommii dubbisuu geggeessuu | - | - | 5 | 4 | - | - | 87 | 61 | 50 | 35 | 142 |
| Ii | Akkaataa dubbisuu barattootaa irratti duubdeebii kennuu | 31 | 22 | 19 | 13 | - | - | 53 | 37 | 39 | 27 | 142 |
| iii | Dogoggora barattoonni uuman osoo hinsirreessin bira darbuu | 79 | 57 | 58 | 41 | | | 5 | 4 | - | - | 142 |
| Iv | Dubbisuu barsiisuuf nuffiidhaan guutamuun akka barattoonni waldubbisiisan taasisuu | 29 | 20 | 27 | 19 | - | - | 50 | 35 | 36 | 25 | 142 |

Safartuu: GHG: gonkumaa hingargaaraman MG: muraasa gargaaramu HM: hinmurteessu

BG: Baayyinaan gargaaramu NG: nigargaaramu

Gabatee armaan olii keessatti dhimmi xiyyeeffannoo argatee jiru, barsiisaan dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa jajjabeessuuf deeggarsa inni barattootaaf godhu maal akka fakkaatuudha. Haaluma kanaan, deeggarsa barsiisaan barattootaaf taasisu ilaalchisee bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa dareetti gargaaramuun ragaan walitti qabame kanatti fufee qaacceffameera.

Haaluma kanaan, gaaffiin jalqabaa akka barsiisaan barattoota gidduutti dorgommii dubbisuu geggeessee isaan jajjabeessuun miira dorgommii isaan keessatti uumuun barsiisu adda baasuu irratti xiyyeffata. Barattoota iddatteeffaman keessaa 87(%61) nigargaaramu jedhan. Dabalataanis barattoonni 50(35%) baay'ee gargaaramu jedhanii, 5(%4) gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisan. Faallaa kanaa, barsiisonni afgaaffii isaanii irratti akka miira dorgommii barattoota gidduutti uuman ibsan.

Qoratichi garuu daawwannaa taasiseen akka hubatetti barattoota gidduutti miirri dorgommii barsiisotaan uumamuu isaa hinargine. Dabalataanis, ragaan akkaataa dubbisuu barattootaa irratti duubdeebii kennuu barsiisotaa addaan baasuuf dhihaate ilaalchisee argame barattoonni guutummaa guutuutti itti walii galuu dhiisuu isaanii mul'ise. Ragaan daawwaannaadhaan argame

akka mul’isutti immoo, qoratichi daawwannaa marsaa afur taasisee daree lama keessatti marsaa tokko-tokko akka barsiisaan barattoota jajjabeessu hubateera.

Gaaffiin gabatecha keessatti sadarkaa lammaffaa irratti dhihaate dogoggora barattoonni uuman osoo hinsirreessin bira darbuufi duubdeebii kennuu barsiisotaa addaan baasuuf kenname. Gaaffii kana deebisuufis barattoonni 53 (%37) nigargaaramu,39 (%27) baay’ee gargaaramu, 31(%22) gonkumaa hingargaaraman barattoonni 19(%13) ta’an immoo hingargaaraman jedhanii deebisan. Akka ragaa argame kanaatti barsiisonni dogoggora barattoonni uuman osoo hinsirreessin bira hindarban.

Gaaffiin itti’aanee dhihaates barsiisonni dubbisuu barsiisuuf nuffiidhaan guutamuun akka barattoonni waldubbisiisan taasisuu adda baasuuf dhihaate. Gaaffii kana irrattis, Barattoonni 50 (%35) nigargaaramu jedhanii deebisan. Barattoonni 36 (%25) baayyee gargaaramu, barattoonni 29 (%19) gonkumaa hingargaaraman jedhanii deebisanii, barattoonni 20(%27) hingargaaraman jedhan. Ragaan barattoota irraa argame kunis, barsiisonni dogoggora barattootaan uumame utuu hinsirreessin callisanii bira darbu.Barsiisonni garuu yeroo afgaaffii isaanii barattootaaf utuu hinnuffin akka duubdeebii kennaa deemuun dogoggora uumamaa deemu sirreessaa deeman himan. Ragaan daawwannaadhaan argame akka mul’isetti immoo barsiisonni sadarkaan isaanni ittiin kennan qaahamma eegamu ta’uu baatus, darbanii-darbanii barattootaaf duubdeebii afaanii kennaa turan.

Walumaagalatti, ragaan akka barsiisonni dandeettii barattootaa fooyyessuuf jajjabeessan addaan baasuuf walitti qabame akka agarsiisutti hojiileen barsiisotaan hojjetaman rakkoo hubannoo barattootaa furuuf quubsaa miti. Barsiisonnis hojii hojjechuuf karoorfataniifi hojiirra oolamaa karoora isaanii irratti sirriitti hinxiyyeeffanne.Haata’umalee barsiisonni gahee isaanirraa eegamu sirriitti beekuufi hojiirra oolchuu akka qaban hayyoonni ni’eeru. Fakkeenyaaf, Hamidur(2007) akka ibsetti, barsiisonni yeroo dubbisuu barsiisan barattootaaf deggersa taasisuudhaaf gahee isaan irraa eegamu sirrtti ba’uu qabu. Ragaan madda odeeffannoo irraa argame garuu akka barsiisonni gahee qaban bahuu irratti hanqina qaban mul’isa. Qorataan qorannichaa ragaa kenname kanarraa akka hubatetti hojiileen barsiisotaan hojjetaman kunniin hamma barbaadame ta’uu dhiisuun isaa mataadhuma isaatiin iyyuu madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii

hubachuu barattootaa ta’uu akka danda’u adda baafateera. Hojiileen barsiisotaan hojjetaman rakkoo hubannoo barattootaa furuuf quubsaa miti.

## 4.8 Wantoota Dandeettii Dubbisuu Barattootaa Irratti Dhiibbaa Geessisan

Ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame akk mul’isetti, wantoonni dandeettii dubbisuu barattoota mana barumsaa Biiftuu Giddaa sadarkaa lammaffaa gufachiisan hedduun jiraachuu danda’anis kanneen armaan gaditti eeramanii jiranfaadha.

Ragaan afgaafiidhaan argame akka adda baasetti, barattoonni dubbisuudhaaf fedhii hinqaban. Yeroo dubbisni isaaniif dhihaatus callisanii wanta dubbisan fakkaatu malee sadarkaan isaanni dubbisa dhihaate ittiin hubatan rakkoo qaba. Sababiin isaas, barattoonni mana barumsichaa guutummaa guutuutti Afaan Oromoo afaan tokkoffaa isaaniiti. Kanaafuu, akka wanta rakkoo dubbisuu hinqabneetti of ilaalu. Ta’us, barattoonni bakka itti of ilaalan sanatti argamaa hinjiran. Qorumsa daree keessatti isaaniif dhihaatu keessatti gaaffiin qayyabanoo dubbisa keessaa bahe yeroo isaaniif kennamaa turetti firiin isaanni galmeeffatan gadi aanaadha. Bu’uuruma kanaan, ilaalchi barattoonni qaba kun akka akka dandeettiin dubbisuu barattootaa gufatu taasisee jira.

Ragaan daawwannaa dareetiin argame akka mul’isetti, xiyyeeffannoon barsiisotaan dubbisuu irratti walfakkaataa ta’uu dhiisuun isaas madda rakkoo dubbisuu barattootaati. Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hundumtuu akkaataa isaanitti fakkaatetti kitaaba barataa qabatanii daree seenanii barsiisuu malee adeemsa walfakkaatu deemanii dubbisuu barsiisuun isaan irraa hinmul’atu.

Ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame akka adda baasettis, wantoota dandeettii dubbisuu barattootaa gufachiisa hedduu keessaa kanneen kanaa gaditti tartiibaan ibsaman hubachuun nidanda’ama. Isaanis: barruun dubbisaaf dhihaateefi akkaataan keeyyattoota kennamanii akka barattoota dubbisuuf hawwatutti hindhihaanne. Qabiyyeewwan kennamanis akkaataa isaanni itti shaakalaafi gochaalee dubbisuu barsiisuu wajjin waltumsanii jiran maatansaa rakkina qaba. Kun immoo akka barttoonni hindubbifneef miira yaaddoo isaan keessatti uumee jira. Barattoonnis yeroo miira yaaddoofi dubbisuu nuffan calaqqisiisantu irra mul’ata. Dabalataanis, ragaan bargaaffii barattootaa irraa argame akka dhugoomsetti wantoonni dandeettii dubbisuu barattootaa

gufachiisan kanneen akka mala barsiisuu barsiisonni itti gargaaramanii dubbisuu barsiisan, akkaataan gochaalee dubbisuu barsiisuuf ittiin kennaman, ilaalcha dubbisuu barsiisuu irratti barsiisonni qaban walfakkaachuu dhiisuu, dubbisuu barsiisuu irratti barsiisotaaf leenjii gabaabaan hojiirraa kennamuu dhabuu, hojiilee dubbisuu barsiisuu keessatti dubbisuu dura, yeroo dubbisuufi dubbisuu booda hojjetamanitti seeraan gargaaramuu dhiisuufi walqabatiinsa dhabuu, akkasumas, dubbisa mijaawaa dhabuufaatu dandeettii dubbisuu barattoota mana barumsaa Biiftuu Giddaa sadarkaa lammaffaa ggufachiisaa jira.

Furmaanni immoo:

- Yeroo yerootti akka fedhiin barachuu barattoota keessatti horaa deemu akkasumas guddachaa deemu taasisuu
- Akka barattoonni ofitti amanuu baraniifi murteeffatan taasisuu
- Afaan tokkoffaa dubbachuufi dhaggeeffachuu danda'uun seerluga isaa beekuu akka hintaane barattootaaf hubannoo uumuu
- Barnooti dhaabbilee barnootaa keessatti ittiin eebbifaman qofa furmaata waaraa taasifachuu dhiisuu
- Barattootaaf hubannoo uumuu
- Kitaabilee wabii garaagaraatti gargaaramuu fa'i.

Toora furmaataa:

- Muxxannoo adeemsa gilgaalota seerluga kennamanii kutaatti akka barattoonni ittiin dalagan taasisuuf ibsuu
- Kaayyoo gilgaala kennamee barattootaaf ibsuu
- kitaabilee wabii yeroo mara gargaaramna osoo hint+aane akkaataa qabiyyee barsiisfamuu irratti hundoofnee
- Qabiyyee seerlugaa kitaaba Afaan Oromoo keessatti barsiifaman mara irratti madaallii geggeessuu
- Akka barattoonni duubdeebii waliif kennan jajjabeessuu
- Leenjiin hojiirraa akka kennamuuf qaama dhimmichi ilaallatuuf gabaasuu
- Muuxannoo waljijjiirraa barsiisotaa geggeessuu
- Mala barsiisuu garaagaraafi barataa giddugaleessa taasifatetti gargaaramuu
- Supperviijinii keessoo mana barumsaa geggeessuu
- Dagaagina ogummaa walitti fifiinsaatiif xiyyeeffannoo kennuu

## Boqonnaa Shan: Gudunfaa, Argannoofi Yaaboo

Boqonnaa kana keessatti qabxiilee guguddoo sadiitu walduraa duubaan ibsame. Isaannis: cuunfaa, argannoo qorannichaafi yaaboodha. Matadureewwan kunniinis kanatti fufanii eeraman.

## 5.1. Gudunfaa

Qorannoon kun godina wallagaa lixaa aanaa Najjoomana barumsaa Biiftuu Giddaa sadarkaa lammaffaa irrattigeggeeffame. Kaayyoon qorannichaarakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Giddaa sakatta'uudha.Qorannichi boqonnaa shan qaba.Boqonnaa tokkoffaan seenduubee maalummaa dandeettii dubbisuu, rakkoo dubbisuu barattootaa, seenduubeefi ka'umsa qorannichaa irratti ibsa kenname giddugaleessa godhatee gaaffilee bu'uuraa afur bu'uura taasifate.Boqonnaa lammaffaaan, sakatta'a barruu walfakkaatanii ofkeessaa qaba.

Qorannichi qorannoo ibsaati.Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha.Maddi ragaa tokkoffaan barsiisota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa, barattoota Afaan Oromoofi koree GMB mana barumsichaati.Maddi ragaa lammaffaan immoo kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaadha.Tooftaan qaaccessa ragaa akkamtaafi tooftaan qaaccessa ragaa hammataa qorannicha keessatti hojiirra oolaniiru.Haaluma kanaan, ragaan bargaaffii barattootaa mala qaaccessa ragaa hammamtaatiin qaacceffaman.Ragaan afgaaffii barsiisotaafi koree GMB akkasumas, kanneen sakatta'a dookimentiitiin funaanaman mala qaaccessa ragaa akkamtaatiin qaacceffaman.Ragaalee barsiisotaafi barattoota irraa argaman dhugummaa isaanii adda baasuun dhugoomsuuf daawwannaan daree taasifameera.Ragaan daawwannaadhaan argames, ragaa barsiisota, koree GMBfi barattoota irraa argame adda baasee dhugummaa qabaachuufi dhabuu isaa mirkaneesseera.

Tooftaan iddatteessuu mit-carraa akkayyoos qorannicha keessatti hojiirra ooleera.Tooftaaleen funaansa ragaa qorannichaas, daawwannaa daree, afgaaffii barsiisotaafi koree GMBfi bargaaffii barattootaa. Qorataan qorannichaa ragaa odkennitootaa irratti hundaa'ee argannoo qorannichaa adda baaseera.Meeshaalee kanneen keessaa inni ijoon daawwannaa dareeti.Ragaan qorannichaaf barbaachisus madda odeeffannoo irraa walitti qabameera.Malli qaacceessa ragaa qorannichaas mala qaaccessa ragaa akkamtaafi hammamtaati.

Ragaan maddeen odeeffannoo irraa argame akka mul'isetti argannoon qorannichaa: Afaan Oromoo dubbisanii hubachuuf barattoonni karoora dhabuu, haala mijaawaa dhabuu, muuxannoo dubbisuu guddifachuufi gahumsa dubbisuu dhabuu, qajeelfama dubbisuu wallaaluu, deggersa dhabuu, fayyadama qubeelee, sagaleeleefi jechoota Afaan Oromoo wallaaluu, yaada ijoo dubbisa kennamuu addaan baasuuf rakkachuu, dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuufi kkf. Maddi rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa dhimmoota barataafi barsiisaa akkasumas dubbisa kennameen walqabatanfaadha. Tarsiimoofi maloonni barsiisonni itti gargaaramanii seerluga barsiisan hanqina kan qabuufi barattoota milkeessuu kan hindandeenyeedha.

## 5.2 Argannoo

Ragaan odkennitoota irraa argame akka mul'isetti qorataan qorannichaa argannoowwan kanaa gadii adda baaseera.

- Rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa: karoora dhabuu, haala mijaawaa dhabuu, muuxannoo dubbisuu guddifachuufi gahumsa dubbisuu dhabuu, qajeelfama dubbisuu wallaaluu, deggersa dhabuu, fayyadama qubeelee, sagaleeleefi jechoota Afaan Oromoo wallaaluu, yaada ijoo dubbisa kennamuu addaan baasuuf rakkachuu, dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuu, maatiifi hawaasni mana barnootaa quunnamtii dhabuu, maatiin dubbisuufi barreessuu hindandeenye keessa jiraachuu, haala qophii dubbisaafi sadarkaa barattootaa, maatiifi hawaasni mana barnootaa quunnamtii dhabuu, kaartaa, fakkiiwwaniifi waantota bebbeekamoo adda baafachuu dadhabuu, qabiyyee dubbisan tokko jechoota mataa ofiitiin ibsuu dadhabuu, odeeffannoo murtaawaa dubbisa kennamee hubachuu dhabuufi yaada waliigala dubbisa kennamuu hubachuu dhabuunfaa rakkoo dubbisuu barattootaati.

- Madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa: qulqullina dhabuu dubbisa kennamee, dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuu, qabiyyeen dubbisaaf dhihaate bal'achuu, qabiyyeen dubbisaaf dhihaate baay'ee muraasachuu, walduraaduuba dhufiinsi dubbisa kennamuu sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu, hanqina dubbistootaafi hanqina barsiisaa fa'i.
- Hanga Dubbisanii Hubachuu Barattoota Afaan Oromoo ilaalchisee: Barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan hinhubatan. Qabiyyeen dubbifamuuf deemu maal akka ta'e

tilmaamaan hubachuu danda’uu barattootaa rakkoo qaban. Qabiyyee dubbisan tokko ergaasaa hubachuu danda’uu barattoota nihafata. Hojiilee sadarkaa(gulantaalee) dubbisuu mara keessatti hojjetaman hojjechuun barattootatti ni’ulfaata.

- Qabiyyeen barattootaaf dhihaate tarsiimoo dubbisuu hagam hammatee akka jiru: Gocha dubbisa duraa qaba. Hojiilee yeroo dubbisuu keessatti hojjetamuu qaban hunda qaba. Hojiilee dubbisa booda hojjetamuu qaban hunda qaba. Qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uuman qaba. Hiika jechoota haaraa tilmaamuun jira. Qabiyyeen dhihaate ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu mirkaneessuuf dandeessisuuf hanqina qaba. Gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deemuuf nidandeessisa. Shaakala dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa qabaatus sadarkaa barbaadameen akka barattoonni hubatanitti hindhihaanne.

- Tarsiimoo barsiisonni dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf itti gargaaraman: qabiyyeewwan gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa uumanitti gargaaramuu dhabuu, hiika jechoota haaraa tilmaamsisuuf hanqina qabaachuu, qabiyyee ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu mirkaneessuuf dandeessisu gargaaramuu dhabuu, kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ibsuu irratti hanqinni jiraachuu, beekumsa barattootaa sadarkaa barbaadameen dadammaksuu dhiisuufi mata duree dubbisaaf dhihaate tilmaamsisuu dhiisuun mul’ateera.

- Maloota barsiisonni fayyadamanii dubbisuu barsiisan: barattoota gidduutti miirri dorgommii barsiisotaan uumamu hinturre. Akkaataa dubbisuu barattootaa irratti duubdeebii kennuun barsiisotaa hanqina qaba. Dogoggora barattoonni uuman osoo hinsirreessin bira darbama. Dubbisuu barsiisuuf nuffiidhaan guutamuun akka barattoonni waldubbisiisan taasisuun darbee darbee mul’achaa tureera.Keeyyata dubbisuuf dhihaate yeroo hedduu callisaan dubbisiisuu malee barattoonni dubbisaa jiraachuuf dhiisuu isaanii addaan baasuudhaaf haalli hoggansa daree akkaataa barbaadameen hingeggeeffamne. Duubdeebiin kennamu qulqullina qabaachuu dhabuufi kkfn maloota barsiisonni fayyadamanii dubbisuu barsiisan keessatti daran mul’achaa ture.

- Akkasumas, hanqinoonni dabalataan daree keessatti mul’achaa turan wayiitii barnoota Afaan Oromootti barattoonni kitaaba Afaan Oromoo osoo hinqabatin daree barnootaatti dhihaachuu, barattoonni gareedhaan yeroo dubbisuuf kallattiin kennamuuf xiyyeeffannoo dubbisaaf kennuu dhiisanii dhimma dhuunfaa isaanii waliin dubbachuu, fedhii dhabuu, darbee darbee yeroo dubbisni kennamutti barattoonni tokko tokko yaadannoo gosa barnoota biroo barreessuufaadha. Barsiisonni garuu hanqinoota gama barattootaatiin mul’atan kana akkasumatti callisanii dhiisanii darban malee wanta hojjetan tokkollee hinqaban.

## 5.3 Yaboo

Argannoo armaan olitti ibsame bu’uura godhachuudhaan, yaadni goolabaa haala kanaa gadiitiin eeramanii jiru.

- Barsiisonni tooftaa ittiin dandeettii dubbisuu barsiisan yeroo yerootti utuu jijijjiiranii barsiisanii silaa barbaachisaa ture.
- Rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa furuudhaaf barsiisonni utuu malootaafi tarsiimoo garaagaraatti fayyadamanii gaariidha.
- Madda rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa furuuf utuu dubbisne kennamu qulqullina qabaatee, sadarkaa isaa eeggatee, walduraaduuba dhufiinsa isaa sirriitti eeggateedhihaate filatamaa ta’a. Hanqinni dubbistootaafi barsiisotaan mul’atu utuu fooyya’aa deemee milkaa’ina gonfachiisuuf barbaachisaadha.
- Hangidubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromoo utuu yeroo yerootti sakatta’amee hanqinni jiru furamaa deemee barbaachisaadha.
- Qabiyyeen dubbisuu barattootaaf dhihaatu yoo tarsiimoo dubbisuu garaagaraa hammatee dhihaate filatamaa ta’a.
- Tarsiimoo barsiisonni dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf itti gargaaraman utuu yeroo yerootti jijjiiramaa deemee silaa gaariidha.
- Barsiisonni Afaan Oromoo martinuu utuu qorannoo hojiirraa geggeessanii rakkoo furuuf waliin hojjetanii barbaachisaadha.
- Maloota barsiisonni fayyadamanii dubbisuu barsiisan utuubarattoota gidduutti miirri dorgommii uumamee gaarii ta’a.

- Akkaataa dubbisuu barattootaa irratti duubdeebii kennuun barbaachisaadha.
- Dhaabbilee barnootaa, sadrkaa sadarkaadhaan jiran leenjii hojiirraa barsiisotaaf kennuun filatamaa ta’a.
- Fedhii barattootaa adda baasuun utuu barsiifamee barattoota milkeessuu nidanda’a.
- Supperviijinii keessaa sadarkaa muummeefi mana barumsaatti geggeessuun gaariidha.
- Madda rakkoo Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaa ta’an maqsuudhaaf barattoota, barsiisota, suppervaayizeroota keessoo mana barumsaafi suppervaayizera barnootaa sadarkaa barnoota aanaatti jiran mara hirmaachisuun hojjechuun bu’aa gaarii argamsiisuu danda’a.

## Wabiilee


Bachman and Palmer.(1996). *Language Testing and Practices.*Oxford: Oxford University press

Brown.J. (1996). *Testing in Language Program*. United States of America Prestic Hul.

Beekan Gulummaa. (2017). *Faayidaa ogummaa dubbisuu* . Harvard University

Cohen, L., *Manionfi Morrison. 2005. Research Methods in Education, 5th edition*. London and New York.

Daawwit Hirphaa. (2008). *Qulqul'ina Adeemsa Dandeettii Dubbisuu Afaan Oromoo dhiyeessuu barsiisotaa xiinxaluu*. MA Thesis, Addis Ababa Univarsity, Addis Ababa, Ethiopia

Denscombe, M . 2007. *The Good Research Guide*: for small-scale social research Projects, 3rd Edition. Open Unversity Press.

Dougals, D. (2000). *Assessing Language for Specific Purpose*. Cambridge: University press.s

Dukefi Pearson. (2002). *Reading Comprehension*: Strategies That Work International Reading. Seattle.

Edaso Mulu. 2007. *An Exploration of Factors Affecting Preparatory School*. Students Reading Comprehension Skill . MA Thesis, Addis Ababa Unvvarsity, Addis Ababa, Ethiopia

Elis. Hinkel. (2006). *Current Perspectives on Teaching the Four Skills*. Seattle,Washington, United Staate.

Forouzan, R. (2014). *The Effect of Presentation Strategy on Reading Comprehension of Iranian Intermediate EFL Learners*, Maritime University

Geetachoo Rabbirraa. (2016). *Furtuu*: *Seerluga Afaan Oromoo*. Dhaabbata maxxansaa kurraaz internaashinaal, Finfinnee

Gemechis Teshome. (2014). *Teaching Reading Skills*. International Journal of Sciences, 17(1): 2307-4531.

Grellet, F. (1996). *Developing Reading Skills*: A practical guide to reading comprehension exercises. Cambridge University Press.

Hamidur, R. (2007). *An Evaluation of The Teaching of readding Skills.*University of Rajshahi.

Hansen, R. K.(2010). *The Second Language Curriculum*. Newyork: Cambridge University Press.

Jack, R. and Willy,R. (2002). *Methodology in Language Teaching*. Cambridge Unversity Press.

Janson, J. (2002).*Teaching Reading*. Cambridge Unversity Press.

Krashen, S. (1993). *The Power of Reading*. Englewood. CO, Libraries Unlimited.

Kumsaa Galaanaa (2007). *Dubbisa Afaan Oromoo barsiisuurratti waantoota dhiibbaa Geessisan*. MA Thesis, Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia

Maammoo Mangashaa. (2007). *Dubbisuu barsiisuu kutaa salgaffaa keessatti*. MA Thesis, Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia.

Michael Rowe. (2006). *An analysis of standardized reading ability tests*. University of Memphis.

Misgaanuu Dirribaa. (2018). *Xiinxala Hubannoof Dubbisuu Barattoota Daree Barnoota Afaan Oromoo*: Godina Jimmaa Aanaa Noonnoo Beenjaa Mana Barumsaa Qophaa’ina Algaatti. M.A. Thesis. Kan hinmaxxanfamne. Yuunivarsiitii Finfinnee.

Nuttall, C. (1982). *Teaching reading skill in Foreign Language*. London, Oxford University Press.

Nuttall, C. (1996). *Teaching Reading Skills in a foreign language*. Heinemann, Oxford.

Patricia, E. (2010). *Best Practices in ELL Instruction*. The Guilford Press, New York.

Penny Ur. (2009). *A course In Language Teaching*. Cambridge University Press.

Sarantakos, S. (2005). *Social Research*. Beiljing: Palgrave Macmillan Ltd.

Smith. F.(1985). *Reading, 2nd edition*. Cambridge University Press, Cambridge.

Stella, H. and Tim Lewis. (2008). *Learning Strategies for Reading Comprehension*. pp.84-89. In: Lary Vandergrift.(ed.), Language Learning Strategies in Independent Settings. by the Cromwell Press Ltd., Great Britain.

## Dabalee ‘A’

### Yuunivarsiitii Wallaggaa

### Sagantaa Barnoota Eebba Boodaa

**Bargaaffii Barttootaa**

Kabajamaa/tuu barataa/ttuu! Kaayyoon bargaaffii kanaa rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo sakatta’uudhaaf odeeffannoo funaanuudha.Deebii ati kennitus milkaa’ina qorannichaatiif tumsa guddaa qaba.Kanaafuu, gaaffilee dhihaatan sirriitti deebisuuf yaali. Galatoomi!

**Hubachiisa**: Maqaa kee barreessuun hinbarbaachisu.

**Kutaa I. Seenduubee Hirmaataa**

1. Koorniyaa: A. Dhiira   B. Dhalaa
2. Umrii: A. 15-18   B. 19-20   C. 22fi isaa ol
3. Amantii: Kiristaana  B. Musiliima  C. Waaqeffataa  D. Kanneen biroo

**Kuaa II. Gaaffilee Qorannichaa**

Gaaffilee armaan gadii akkaataa ajaja kennameetti safartuuwwan dhihaatanitti gargaaramii deebisi.Lakkoofsa filannoof dhihaate jalatti mallattoo”X” barreessi.

**1. Rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa irratti gufuu ta’an**

Safartu:   1= Baayyeen itti waliigala   2= Ittin waliigala   3= Hinmurtoofne

4= Baayyee itti waliihingalu   5= Itti waliihingalu

| t/l | Gaaffilee | Filannoo | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Wantoota dubbisanii hubachuu barattootaatti gufuu ta’an | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Qulqullina dhabuu dubbisa kennamee | | | | | |
| 2 | Hanqina dubbistootaa | | | | | |
| 3 | Hanqina barsiisaa | | | | | |
| 4 | Dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuu | | | | | |
| 5 | Qabiyyeen dubbisaaf dhihaate bal’achuu | | | | | |
| 6 | Qabiyyeen dubbisaaf dhihaate baay’ee muraasachuu | | | | | |
| 7 | Walduraaduuba dhufiinsi dubbisa kennamuu sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu | | | | | |

**2. Hanga Rakkoo dandeetti dubbisuu barattoota Afaan Oromoo**

Safartu: 1= Hinhubatan 2= Muraasa hubatu 3= Hinmurteessu 4= Nihubatu 5= Baayyee hubatu

| t/l | Gaaffilee | Filannoo | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan dubbisu | | | | | |
| 2 | Barattoonni dubbisa dhihaate haala gaariidhaan hindubbisan | | | | | |
| 3 | Dubbisuun dura qabiyyeen dubbifamuuf deemu maal akka ta'e tilmaamaan himuu danda'u | | | | | |
| 4 | Qabiyyee dubbisan tokko erga dubbisanii booda ergaasaa himuu danda'u | | | | | |
| 5 | Hojiilee sadarkaa dubbisuu mara keessatti hojjetaman mara hojjechuun milkaa'uu danda'u | | | | | |
| 6 | Sadarkaan dubbisanii hubachuu barattootaa amansiisaadha. | | | | | |

**3. Qabiyyeen barattootaaf dhihaate tarsiimoo dubbisuu hagam hammatee akka jiru**

Safartu:1:Hinhammatu 2:Muraasa hammate 3: Hinmurteessu 4: hammateera 5:Baayyee hammate

| t/l | Gaaffilee | Filannoo | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Gaaffii gaafachuuf haala mijaawaa ni'uuma. | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 2 | Hiika jechoota haaraa tilmaamuuf mijaawaadha. | | | | | |
| 3 | Ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu nimirkaneessuuf nidandeessisa. | | | | | |
| 4 | Akka barattoonni gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deeman nitaasisa. | | | | | |
| 5 | Dubbisa adda kutuun gaaffii akka deebisan taasisuu danda'a. | | | | | |
| 6 | Hojiilee dubbisa duraa keessatti hojjetamuu qaban hunda qaba. | | | | | |
| 7 | Hojiilee yeroo dubbisuu keessatti hojjetamuu qaban hunda qaba. | | | | | |
| 8 | Hojiilee dubbisa booda hojjetamuu qaban hunda qaba. | | | | | |

**4. Madda rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa**

| t/l | Gaaffilee | Filannoo | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Wantoota dubbisanii hubachuu barattootaatti gufuu ta'an | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Qulqullina dhabuu dubbisa kennamee | | | | | |
| 2 | Hanqina dubbistootaa | | | | | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 3 | Hanqina barsiisaa | | | | | |
| 4 | Dubbisa sadarkaa isaa eeggate dhabuu | | | | | |
| 5 | Qabiyyeen dubbisaaf dhihaate bal'achuu | | | | | |
| 6 | Qabiyyeen dubbisaaf dhihaate baay'ee muraasachuu | | | | | |
| 7 | Walduraaduuba dhufiinsi dubbisa kennamuu sadarkaa isaa eeggachuu dhabuu | | | | | |

**5. Tarsiimoo barsiisonni dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf itti gargaaraman**

Safartuu: 1: gonkumaa hingargaaraman 2: muraasa gargaaramu 3: hinmurteessu 4: Baayyinaan gargaaramu 5: nigargaaramu

| TL | Gaaffilee | Filannoo | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | **1.Dubbisa Dura** | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Barattoota keessatti kaka'umsa ni'uuma. | | | | | |
| 2 | Barattoonni mata duricha beekumsa isaanii duraanii wajjin akka walqabsiisan nitaasisa. | | | | | |
| 3 | Kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ni'ibsa. | | | | | |
| 4 | Beekumsa barattootaa nidadammaksa. | | | | | |
| 5 | Waa'ee mata durichaa nitilmaamsisa. | | | | | |
| 6 | Waa'ee maalii akka dubbisuuf deeman nihimsiisa. | | | | | |
| | **2. Yeroo Dubbisuu** | | | | | |
| 7 | Gaaffii nigaafata. | | | | | |
| 8 | Hiika jechoota haaraa nitilmaamsisa. | | | | | |
| 9 | Ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu nimirkaneessa. | | | | | |
| 10 | Akka barattoonni gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deeman nitaasisa. | | | | | |
| 11 | Dubbisa adda kutuun gaaffii nideebibsiisa. | | | | | |
| 12 | Hiika jechoota haaraa tilmaamsisaa nidubbisiisa. | | | | | |
| 13 | Akka barattoonni ergaa dubisichaa argachaa deeman nitaasisa. | | | | | |
| | **3.Dubbisa Booda** | | | | | |
| 14 | Gaaffilee dubbisa boodaa nihojjechiisa. | | | | | |
| 15 | Carraa mar'achuu barattootaaf nikenna. | | | | | |
| 16 | Yaada cuunfaa nikenna. | | | | | |
| 17 | Duubdeebii nikenna. | | | | | |
| 18 | Yaada ijoo dubbisichaa nihimu. | | | | | |
| 19 | Yaada ijoo dubbisichaa himu. | | | | | |
| 20 | Gaaffilee dubbisa keessaa bahan nihojjetu. | | | | | |
| 21 | Duubdeebii nifudhatu. | | | | | |
| 22 | Barattoonni duubdeebii fudhachuurratti fedhiinsaanii olaanaadha. | | | | | |

**6. Maloota Barsiisonni fayyadamanii dubbisuu barsiisan**

Safartu: 1= Baayyeen itti waliigala 2= Ittin waliigala 3= Hinmurtoofne

4= Baayyee itti waliihingalu 5= Itti waliihingalu

| t/l | Gaaffilee | Filannoo | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Maloota Barsiisonni fayyadamanii dubbisuu barsiisan | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Keeyyata gaggabaaboo dubbisiisuu | | | | | |
| 2 | Himoota dubbisiisuu | | | | | |
| 3 | Jechoota dubbisiisuu | | | | | |
| 4 | Barreeffama kitaabilee wabii irraa woraabuun dubbisiisuu | | | | | |
| 5 | Mataduree barattootaaf kennuun akka barattoonni manatti barreessanii erga shaakalanii gara daree barnootaatti fidanii akka dubbisan taasisu | | | | | |
| 6 | Akka barattoonni ofiisaaniitiin keeyyata barreessanii erga shaakalanii booda daree keessatti sagalee olfuudhanii dubbisan taasisuu | | | | | |
| 7 | Barreeffama kitaaba barataa irratti kenname mara dubbisiisuun | | | | | |
| 8 | Keeyyata dubbisuuf dhihaate yeroo mara callisaan dubbisiisuu | | | | | |
| 9 | Callisanii dubbisa kitaaba barataa irratti dhihaate akka barattoonni manatti dubbisaniif ajaja kennuun bira darbuu | | | | | |
| 10 | Barattoota gidduutti dorgommii dubbisuu geggeessuu | | | | | |
| 11 | Akkaataa dubbisuu barattootaa irratti duubdeebii kennuu | | | | | |
| 12 | Dogoggora barattoonni uuman osoo hinsirreessin bira darbuu | | | | | |
| 13 | Dubbisuu barsiisuuf nuffiin guutamuun akka barattoonni waldubbisiisan taasisuu | | | | | |

**Dabalee 'B'**

**Yuunivarsiitii Wallaggaa**

**Sagantaa Barnoota Eebba Boodaa**

**Afgaaffiilee Barsiistotaa**

Kabajamaa/tuu barsiisaa/tuu! Kaayyoon Afgaaffii kanaa rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo sakatta'uudhaaf odeeffannoo funaanuudha.Deebii isin kennitanis milkaa'ina qorannichaatiif tumsa guddaa qaba.Kanaafuu, gaaffilee dhihaatan sirriitti deebisuuf yaalaa. Galatoomaa!

**Kutaa I. Odeeffannoo dhuunfaa.**

1. Muuxannoo hojii(waggaan): A. 1-10   B.11-20   C. 20 ol
2. Sadarkaa barumsaa:  A. dig.   B. MA   C. kan biroo

**Kutaa II. Odeeffannoo qorannichaa**

1. Barattoonni Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu irratti rakkoo akkamii qabu jettanii yaadduu?
2. Maddi rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa maal maal fa'i isinitti fakkaataa?
3. Barattoonni yeroo dubbisuu baratan dubbisa dura, yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa guutummaa guutuutti itti gargaaramuu irratti maal fakkaatuu?
4. Rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuudhaaf tarsiimoo maaliitti gargaaramtanii barsiistuu?

   A. Dalagaalee dubbisuu boqonnaalee kitaaba barataa keessa jiru hundumasaaniirratti nixiyyeeffattuu?

   B. Dandeettiiwwan biroo kitaabicha keessa jiruun waliin xiyyeeffannoo walqixa kennituufii?

   C. Barattoonni ati barsiistu dubbisanii hubachuun qormaataa gaaffilee dubbisarratti hundaa'an hangam
hojjetu?

5. Hanqina barattoonni dandeettii dubbisuurratti qaban ilaalchisee duubdeebii nikennituu?

   A. Yoom yoomfaa kennituu?

   B. Duubdeebii kennamu fudhachuurratti fedhiin barattootaa maalfakkaataa?

   C. Barattoonni rakkoo dubbisuu qaban furachuuf yaaluurratti maalfakkaatu?

**Dabalee ‘C’**

**Yuunivarsiitii Wallaggaa**

**Sagantaa Barnoota Eebba Boodaa**

**Afgaaffiikoree GMB**

Kabajamaa/tuu koree GMB! Kaayyoon Afgaaffii kanaa rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo sakatta’uudhaaf odeeffannoo funaanuudha.Deebii isin kennitanis milkaa’ina qorannichaatiif tumsa guddaa qaba.Kanaafuu, gaaffilee dhihaatan sirriitti deebisuuf yaalaa. Galatoomaa!

**Kutaa I. Odeeffannoo dhuunfaa.**

1. Umrii: A. 30-40 B.41-50 C. 51 ol
2. Sadarkaa Barumsaa: A. dig. B. Dip C.MA D. kan biroo

**Kutaa II. Odeeffannoo qorannichaa**

1. Barattoonni Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu irratti rakkoo akkamii qabu jettanii yaadduu?
2. Madaa rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa ta’uu kan danda’u maalfaa isinitti fakkaataa?
3. Rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuudhaaf tooftaa ykn mala akkamiitiin barsiisuutu bu’a qabeessa isinitti fakkaataa?
4. Hanqina barattoonni dandeettii dubbisuurratti qaban ilaalchisee duubdeebii eenyuutu kennuu danda’a isinitti fakkaataa? barsiisaa/maatii/ barataa?
   A. Yoom yoomfaa kennamaa?
   B. Duubdeebii kennamu fudhachuurratti fedhiin barattootaa maalfakkaataa?
   C. Barattoonni rakkoo dubbisuu qaban furachuuf yoo maal ta’e milkaa’uu danda’u isinitti fakkaataa?
5. Hariiroon maatii barataa, barsiisaafi hawaasa mana barumsaa gidduu jiraachuun rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa furuuf gahee maalii qaba isinitti fakkaataa?

**Dabalee ‘D’**

**Ragaa Afgaaffii koree GMB irraa argame.**

Rakkoon dubbisuu barattootaa:

- Sadarkaa barnoota hawaasaa amansiisaa ta’uu dhiisuu
- Ga’umsaan Dubbisuu
- Muuxannoo dubbisuu dhabuu
- Hanqina karooraa
- Garee dubbisa hinjaallannee wajjin jiraachuu
- Yeroo mara xabachuu, fiilmii ilaaluu, sagantaa bashannanaa heddummeessuu, dhiibbaa maatii, maaliif akka deeman beekuu wallaaluu
- Hanqina kitaaba barataafi kitaabilee wabii

Madaa rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa ta’uu kan danda’u:

- Barattoonni manneen barnootaatii yemmuu gara maatiitti deebi’andandeettii dubbisuu isaanii fooyyeffachuuf shaakaluu dhiisuu
- Shaakala taasisuuf maatiifi hawaasarraa deggersa waliirra hincinne argachuu dhabuu
- Meeshaaleefi dalagaalee dubbisuu gulantaalee hawaasaafi mana barnootaatti itti gargaaraman adda baasuu dadhabuu.
- Maatiifi hawaasni barattoonni isaanii dubbisuu irratti akka hirmaataniif, tooftaalee garaa garaa adda baasuun itti gargaaramuu dhabuu.
- Muuxannoo ittiin dubbisan waljijjiiruu dhiisuu
- Maal, yoom, maaliif, eessatti, akkamitti akka dubbisan wallaaluufi kkf.

Hanqina barattoonni dandeettii dubbisuurratti qaban ilaalchisee duubdeebiikan kennuu qabu:

- Barsiisaa
- Barataa
- Mana barumsaa
- Maatii barattootaa
- Koree qormaataafi dorgommii mana barumsaafa’i

Hariiroon maatii barataa, barsiisaafi hawaasa mana barumsaa gidduu jiraachuun rakkoo dubbisanii hubachuu barattootaa furuuf gahee inni qabu:

- Barsiisaa, maatiifi hawaasni barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii akka fooyyeffataniifdaranbarbaachisaadha. Akka barattoonni manatti, mana barnootaatti

akkasumas bakka dubbisuuf mijatu maratti shaakalanii walshaakalchiisanii dhuma irratti duubdeebii fudhatan taasisuuf gahee guddaa qaba.

- Deggersa barbaachisaa yeroo barbaachisetti argamsiisuu
- Akka barattoonni rakkoo dubbisuu isaan mudatu furachuu danda'an taasisuu
- Barnootarraa akka hinhafneef nidhimmama
- Meeshaalee barbaachisan hunda guutuuf
- Naamusa dubbisuu barsiisuuf
- Barsiistotaafi miseensota hawaasaa waliin yaada waal jijjiiruu
- Barattoota qaxalee dandeettii dubbisuu fooyya'aa qaban iyyaafachuun akka isaan kanneen dandeettii dubbisuu gadaanaa qabangargaaran taasisuu.
- Barattoonniakka manatti dubbisaniif kitaabillee mana barnootaatii ergifachuun akka dubbisaniif haala mijeessuufaadha.

## Dabalee 'E' Daawwannaa Daree

I.Cheeklistii Daawwannaa Dareef Tajaajile

| T L. | Tooftaa madaallii | Raawwatameera | Hinraawwatamne |
|---|---|---|---|
| | **1.Dubbisa Dura** | | |
| A | Barattoota keessatti kaka'umsa uumuu. | ✓ | |
| B | Barattoonni mata duricha beekumsa isaanii duraan akka walqabsiisan taasisuu | | ✓ |
| C | Kaayyoo dubbisa kennamee barattootaaf ibsuu. | | ✓ |
| D | Beekumsa barattootaa dadammaksuu | | ✓ |
| E | Waa'ee mata durichaa tilmaamsisuu | ✓ | |
| | **2. Yeroo Dubbisuu** | | |
| A | gaaffii nigaafata | | ✓ |
| B | Hiika jechoota haaraa nitilmaamsisaa | | ✓ |
| C | Ergaa dubbisa kennamee hubachaa jiraachuu nimirkaneessa | | ✓ |
| | **3.Dubbisa Booda** | | |
| A | Gaaffilee dubbisa boodaa nihojjechiisa. | ✓ | |
| B | Carraa mari'achuu barattootaaf nikenna. | ✓ | |
| C | Yaada cuunfaa nikenna. | | ✓ |
| D | Duubdeebii nikenna. | | ✓ |
| | **Qabxiilee dandeettii dubbisuu barataatiin walqabatee daree daawwannaaf dhihaatu** | | |
| | **4. Dubbisa Dura** | | |
| A | Barattoonni hunduu kitaaba niqopheeffatu. | | ✓ |
| B | Waa'ee maalii akka dubbisuuf deeman nitilmaamu | | ✓ |
| C | Mata duricha beekumsa isaanii duraan walqabsiisu. | | ✓ |
| D | Ergaa dubbisa kennamuu nihimu | ✓ | |
| | **5.Yeroo Dubbisuu** | | |
| A | Gaaffilee dubbisa duraa mirkaneeffachaa deemu | | ✓ |
| B | Dubbisa adda kutuun gaaffii deebibsuu | | ✓ |
| C | Hiika jechoota haaraa tilmaamaa dubbisu | | ✓ |
| D | Ergaa dubisichaa argachaa deemuu | | ✓ |
| | **6.Dubbisa Booda** | | |
| A | Yaada ijoo dubbisichaa nihimu. | ✓ | |
| B | Gaaffilee dubbisa keessaa bahan nihojjetu. | ✓ | |
| C | Duubdeebii nifudhatu. | | ✓ |

Qaama daawwannaa daree geggeessu Barsiisaa Dareen Isaa Daawwatamu

Maqaa: ____________________ Maqaa:_______________

Mallattoo ___________________ Mallattoo_____________

Guyyaa: ____________________ Guyyaa: _____________